INISTIITIYUUTII LEENJII OGEESSOTA QAAMOLEE HAQAA FI QO'ANNOO SEERAA OROMIYAA

Qorannoo Mata duree

Rakkoowwan Qabiyyee Lafa Baadiyyaa Faayidaa Uummataatiif Gad-lakkisiisuun Wal-qabatanii Jiran: Haala Qabatamaa Naannoo Oromiyaa

QORATAAN: Alamaayyoo Waaggaarii

Gulaaltootni-1. Darajjee Ayyaanaa

2. Habtaamuu Bultii

3. Dassaalany Birhaanuu

FULBAANA, 2007

ILOQHQSO, ADAAMAA

Baafata

Mata DureeFuula

Boqonnaa Tokko....1

Gumee Qorannoo....1

1. Yaada Waliigalaa....1

2. HimaRakkoo....4

3. Kaayyoo Qorannichaa....5

4. Mala Qorannoo....5

5. Daangaa Qorannichaa....7

6. Fayyadamtoota Qorannichaa....7

Boqonnaa Lama....9

QabiyyeeFaayidaaUummataaf Gad-Lakkisiisuu: Maalummaa, MuuxannooBiyyootaa fi Itoophiyaa....9

Seensa....9

1.SeenaaGuddinaa fi MaalummaaQabiyyee Gad-Lakkisisuu....9

2. Muuxannoo biyyootaa....11

2.1. MuuxannooAfrikaa Kibbaa....12

2.2. Muuxannoobiyyaa Chaayinaa....15

2.3. Muuxannoobiyya Kaanaadaa....17

3. AdeemsaQabiyyee Gad-lakkisiisuuSeerootaItoophiyaaKeessatti....19

3.1 Faayidaa Uummataa.... 21

3.2. Beeksisa Kennuu....22

3.3. Tilmaama fi KaffaltiiBeenyaa....23

3.4. SirnaKeessummeessa Komii....28

3.5. NamootaQabiyyeeIsaanii Gad-LakkisanIrraDeebisaniiIjaaruu Fi GaheeQaamoleeAdda Addaa....32

Boqonnaa Sadii.....36

AdeemsaQabiyyeeLafaBaadiyyaaFaayidaaUummataaf Gad-lakkisiisuu:
XinxalaDaataaNaannooOromiyaa
Seensa.....36

1. Faayidaa Uummataa.....36

2. Sirna Beeksisaa.....40

3. Tilmaama fi Kaffaltii Beenyaa.....44

4. YerooKaffaltiiBeenyaa 50

5. SirnaKeessummeessa Komii.....56

6. HojiiIrraDeebisanii Ijaaruu.....62

Boqonnaa Afur.....65

YaadaGudunfaa fi Furmaat.....65

1. Faayidaa Uummataa.....65
2. Sirna Beeksisaa.....66
3. Tilmaama fi Kaffaltii Beenyaa.....67
4.YerooKaffaltii Beenyaa.....67
5. SirnaKeessummeessa Komii.....68
6. Hojiiirradeebisanii Ijaaruu.....69

Boqonnaa Tokko

Gumee Qorannoo

1. Yaada Waliigalaa

Mirgoota namummaa sanadoota adduunyaa adda addaa keessatti beekamti argatan keessaa tokko mirga qabeenyaa ti. Mirgi kunis mirgoota hedduu kan akka mirga abbaa qabeenyummaa, mirga abbaa qabiyyummaa, mirga fayyadamuu fi bu'aatti gargaaramu/usufruct/ fi kkf of-keessatti kan hammatu dha. Qabeenya jechuun wantoota qaama qabeessa/tangible/ ta'anii fi qaama dhabeessa/intangible/ ta'an kan of-keessatti hammatu akka ta'e heerrii Itoophiyaa keewwata 40(2) jalatti tumeera. Waantootni qaama qabeessa jedhaman kunis qabeenya socho'aa fi hin sochoone jedhamuun bakka lamatti qoodamu. Kanaaf, namootni dhuunfaa mirgoota garagaraa armaan olitti ibsaman qabeenya socho'uu fi hin sochoone irratti qabaachu danda'u.

Biyya keenya Itoophiyaa keessattis ta'e biyyoota guddachaa jiran biroo baay'ee keessatti jireenyi hawaasaa lafa irratti kan hundaa'e dha. Kanummarraa ka'uun heerri biyyattii laftii qabeenya waliinii mootummaa fi uummattootaa akka ta'e tumeera. Kanaaf, sadarkaa feedaraalaa fi naannootti itti fayyadamaa lafaa bu'aa qabeessa ta'e akka jiraatu seerootni, danbiwwanii fi qajeelfamootni garagaraa bahanii jiru. Seerootni kunis namni dhuunfaan qabeenya qaama qabeessa fi qaama dhabeessa ta'e irratti mirga abbaa qabeenyummaa qabaachuu kan danda'an ta'uus lafa irratti garuu mirga abbaa qabeenyummaa qabaachu akka hin dandenye agarsiisa. Kanaaf, namni dhuunfaan mirgii inni lafa irratti qabaachu danda'u mirgoota biroo mirga abbaa qabeenyummaati ala jirani dha.

Haala qabatamaa amma jiruun jiruuf jireenyi hawaasaa biyyattiis ta'e naannoo Oromiyaa lafa irratti kan hundaa'e waan ta'eef mootummaan hojii misooma tajaajila uummataa gaggeessaa jiru bu'a qabeessa akka ta'u lafa jiru irra deebiin misoomsu (re-development) danda'a. Hojiileen misoomaa kunis pilaanii magaalootaa irratti hundaa'uun ijaarsa manneen gaggeeffamu, ijaarsa bu'uuraalee misoomaa, invastimentii fi kkkf ni dha. Kanaaf, mootummaan hojiiwwan armaan olitti ibsamaniif lafa gad-lakkisiisuu danda'a. Gama tokkoon mootummaan mirga qabeenya fi qabiyyee gad-lakkisiisuu kan qabu yoo ta'u gama biroon ammoo namootni dhuunfaa fi hawaasni mirga qabeenyaa qabu. Kanaaf, yeroo mootummaan faayidaa uummataaf jecha mirga qabeenyaa

namootaa akka addaan citu taasiisu ykn qabeenya fi qabiyyee gad-lakkisiisu mirga namoota dhuunfaa irratti dhiibbaa akka hin geessifne adeemsa keessa darbu qabu ykn ulaagaaleen guutamu qaban jiraachu akka qaban barreeffamootni ni agarsiisu.

Ulaagaawwan gurguddoon qabiyyee gad-lakkisiisuuf barbaachisan kunis, qabeenyi gad-lakkifamu dantaa uummataaf kan barbaadame ta'u, Adeemsa seeraa hordofu/compliance with lawful procedure/, fi beenyaa dha.

Ulaagaan inni duraa lafti yookiin qabiyyeen gad-lakkifamu hojii misooma olaanaa/public interest/kan barbaadame ta'u qaba kan jedhu yoo ta'u kaayyoon yaada rimee kanaa biyyaa biyyatti, bakkaa bakkaatti, hawaasaa hawaasatti, gahee mootummaan dinagdee biyyatti keessatti qabu irratti hundaa'uun garaagarummaa qaba. Kanarraa kan ka'e biyyootni tokko tokko dhiphisuun yoo hiikan kaan ammoo bal'isuun wantoota hedduu of keessatti akka hammatu gochuun hiiku. Seerootni biyya keenyaas dantaa uummataa qabiyyee gad-lakkisiisuuf akka ulaagaa tokkotti kaawwataniiru. Hiiknii dantaa uummataaf akka seeroota biyya keenyatti kennamee qaama gad-lakkisu irratti hundaa'uun bal'ifame ykn dhiphifame kan hiikamu akka ta'e ogeessotni tokko tokko ni ibsu. Ogeessi tokko yaada kana yoo ibsu:

Ethiopian law has constructed the standard of public purpose stringently in relation to expropriation of property from investors and loosely in respect the expropriation of property from other person jechuun ibseera. Sababa kanas yoo ibsu labsiin 455/97keewwata 2(5) jalatti namoota kaan irraa qabiyyee gad-lakkisiisuuf ulaagaan itti madaalamu bu’aa kallattii ykn al-kallattii ta’u akka qabu erga kaa’e booda keewwata 3(2) jalatti invastara irraa lafti kan fudhatamu yoo akkaataa waliigaltee seeneen raawwachuu dhabe qofa akka ta’e waan kaa’uufii dha. Kunis kana agarsiisu seerri biyya Itoophiyaa sitaandardiin madaallii dantaa uummataa qaama qabiyyee gad-lakkisu irratti hundaa'uun garaagarummaa kan qabu ta'u isaa ti. Kunis invastarootaaf wabii gahaa kennuuf kaayyeeffatee kan tumame fakkaata.

Ulaagaan inni lammaffaa, Adeemsa seeraa hordofu kan jedhu dha. Kunis, daangaan mirga qabeenyaa irratti taasifamu akkaataa seeraatiin ta'u akka qabu kan akeeku dha. Adeemsii kun seeraan akka tumamu taasisuun qaamni qabiyyee gad-lakkisu beenyaa gahaa akka argatu kan gargaaru dha. Haala Qabatamaa biyya fi naannoo keenyaa yeroo ilaallu adeemsaaleen hordofamu qaban seera siivilii biyyatti, labsii qabiyyee gad-lakkisiisuuf kara mootummaa feedaraalaan

bahan Lakk. 455/97, labsii liizii lafa magaalaa, Labsii Investimantii Naannoo Oromiyaa fi labsiiwwan adda /specific legislation/ kkf irratti adeemsootni hordofamu qaban tumamanii jiru.

Ulaagaan sadaffaa beenyaa yoo ta'u qaamni mirgii isaa sababa faayidaa olaanaa uummataaf jecha akka addaan citu taasifame bakka bu'aa fayidaa dhabeef mirga beenyaa argachu kan qabu ta'u kan agarsiisu dha. Gosti beenyaan kaffalamu ammoo qarshiinii fi gosaan ta'u danda'a. Shallaggiin isaas haaloota garagaraan gaggeeffamu danda'a. Seerri biyya keenyaa maloota shallaggii beenyaa qabeenyicha bakka duraatti deebisuu /cost replacement approach/ hordofa.Kunis kan agarsiisu beenyaan kaffalamu bu'uura gatii qabeenya sana deebisanii hojjachuuf barbaachisu irratti hundaa'u kan qabu ta'u isaa agarsiisa.

Haala qabatamaa biyya keenyaa fi naannoo keenyaa yeroo ilaallu Sababa babal'ina invastimantii fi hojii misooma adda addaa irraa kan ka'ee lafti magaalaa fi baadiyaa akka gad-lakkifamu ta'aa jira. Adeemsa qabiyyee gad-lakkisiisuu keessatti ulaagaaleen gurguddoo armaan olitti ibsamanii fi ulaagaaleen xixiqqoo isaan jalatti hammatamu danda'an hedduun kabajamu qabu. Kanaafiis labsiiwwan, danbiiwwanii fi qajeelfamootni adda addaa bahaanii jiru. Dabalataaniis seeroota armaan olitti ibsaman keessatti hojiin gad-lakkisiisuun fixaan akka bahu koreewwanii fi qaamoleen adda addaa hundeefamanii jiru.

Haa ta'uu malee hojii qabiyyee gad-lakkisiisuu waliin wal-qabatee rakkoowwan garagaraa kan jiran ta'uu qorannoowwanii fi barreeffamootni ni agrasiisu. Fakkeenyaaf, Qorannoo Sakkata'a fedhii Leenjiif qorannoo bara 2006 Inistiitiyuutii kanaan gaggeeffame akka agarsiisuutti beenyaa osoo hin kaffaliin qotee bultoota qabeenya fi qabiyyee akka gad-lakkisan taasisu, sirni shallaggii beenyaa saayinsaawaa ta'e dhabu, beenyaa haala wal-fakkaataan kaffalu dhabu, seerootni jiran kaffaltii beenyaa irratti haaguggii gaha kennu dhabu, gaheen mana murtii fi qaamolee bulchinsaa adda bahu dhabuun rakkoowwan naannoo kanatti mul'atan akka ta'an ni ibsa. Dalataaniis Qorannoon obbo Girmaa Kassaa Kumsaa qorannoo *Issues of expropriation: The law and the Practice in Oromiya* jedhu irratti rakkoowwan armaan oliitti ibsaman kan jiran ta'uun ibsameera.

Rakkoowwan qabiyyee gad-lakkisiisuu waliin wal-qabatee jiru maqsuuf qoranoowwan garagaraa akka naannoo Oromiyaa fi naannoolee birootti gaggeeffameera. Qorannoowwan kana keessaa qorannoon obbo Girmaa kassaa kumsaa qorannoo *Issues of expropriation: The law and*

the Practice in Oromiya jedhu tokko dha. Qorannoon kunis rakkoowwan qabeenyaa fi qabiyyee gad-lakkisiisuu waliin wal-qabatee akka naannoo Oromiyaatti jiru kan xinxalee ta'uus xinxalli isaa haala qabatamaa magaalaa duukam keessatti lafa invastimatii "*Eastern industrial zone*" jedhu duwwaa irratti kan xiyyeeffate akkasumas hoj-maata manneen murtiikan sakatta'e miti. Dabalataan qorannoon kun afaan ingiliffaan kan gaggeeffame waan ta'eef haala salphaan hawaasa naannichaa hunda biratti kan hubatame miti. Kanaaf, qorannoon obbo Girmaa haala qabatamaa naannoo oromiyaa bal'iinaan kan ilaale miti. Dabalataan sochii manneen murtii fi koreewwan adda addaa mirga kana kabachisuu keessatti qaban kan xinxale miti. Kanaaf, akka yaada qorataa kanaatti mirga kana kabachisuuf qorannoowwan garagaraa kan taasifaman ta'uus qorannoowwan kunneen rakkoo jiru guutummaan guututti maqsaniiru jechuun hin danda'amu waan ta'eef qorannoo kana gaggeessuun barbaachisaa dha.

2. Hima Rakkoo

Qorannoon kun rakkoowwan adeemsa qabiyyee gad-lakkisiisuu keessatti mul'atan adda baasuun yaada furmaataa akeekuun adeemsi qabiyyee gad-lakkisiisuu naannicha keessatti gaggeeffamu sirnaawaa akka ta'u gochuu dha. Adeemsichi sirnaawaa ta'uun isaan ammoo mirgi namoota qabiyyee isaanii gad-lakkisan akka kabajamu taasisa. Mirgi namoota qabiyyee isaanii faayidaa uummataaf gad-lakkisan yoo kabajamuu baate namootni kun misooma ariifata naannicha keessatti gaggeeffamuurratti danqaa ta'uu danda'u. Kunis misoomni itti fufuunsa qabuu fi hunda-galeessa ta'e akka hin jiraanne taasisa. Kanaaf, rakkoowwan qabiyyee gad-lakkisiisuu waliin wal-qabatanii jiranii adda baasuun kallattii furmaataa akeekuun mirga namoota qabiyyee isaanii gad-lakkisan akka kabajamu gochuuf qorannoon kun gaggeeffameera.

Kanaaf, qorannoon kun gaaffilee bu'uuraa:

- Rakkoolee hoj-maataa adeemsa qabiyyee gad-lakkisiisuu waliin wal-qabatanii jiran maalii?
- Adeemsa qabiyyee gad-lakkisiisuu keessatti gaheen qaamolee bulchinsaa, koreewwan adda addaa fi manneen murtii maalii?
- Gahee isaanii kana hangama bahaa jiru? jedhan kan deebisee dha.

3. Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon kun kaayyoo gooroo fi gooree of keessatti kan qabatu dha.

3.1. Kaayyoon Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa rakkoowwan qabiyyee gad-lakkisiisuu waliin wal-qabatanii jiran adda baasuun hoj-maatni mirgi qonnaan bultootaa fi jiraattoota magaalaa naannoo Oromiyaa kabachisu akka jiraatu taasisu dha.

3.2. Kaayyoo Gooree

- Adeemsa qabiyyee gad-lakkisiisuuf hordofamu qabu maal akka ta'e adda baasuuf seeroota sadarkaa feedaraalaa fi naannootti jiran sakatta'uun agarsiisu.
- Gaheen qaamolee bulchinsaa fi manneen murtii maal akka ta'e agarsiisu.
- Adeemsi qabiyyee gad-lakkisiisuu akka naannoo Oromiyaatti maala akka fakkaatu xiinxalu.
- Rakkoowwan mirgoota kana kabachisuu keessatti mul'atan adda baasu.
- Hanqinaalee mul'ataniif yaafa furmaataa akeeku.

4. Mala Qorannoo

Qorannoon kun bal'inaan mala qorannoo Akkamtaa(qualitative research) fi Hammamtaan (quantitative research) fayyadamuun kan gaggeeffamu ta'a. Kanummarraa ka'uun daataan maloota garagaraan ni funaanama. Malootni kunis:

- Af-gaaffii:- kunis pireezidaantoota mana murtii, miseensota boordii fi koree invastimantii sadarkaa sadarkaan jiran, Koreewwan shallaggii beenyaa, namoota qabiyyee isaanii akka gad-lakkisan taasifaman, gaggeessitoota bulchinsa magaalaa fi Aanaa, Hoggantoota bulchinsa lafaa fi eegumsa naannoo sadarkaa sadarkaan jiran, koreewwan/qaamolee/ labsiiwwanii fi dambiiwwan qabiyyee gad-lakkisiisuuf bahaniin hundeeffaman waliin ni taasifama.

- Bar-gaaffii:-Abbootii seeraatiif, mirga namoota qabiyyee isaanii gad-lakkisan akkamiitti kabachisaa akka jiran xiinxaluuf daataan bifa bar-gaaffiin ni funaanama.

- Dookmatiiwwan:- Heera biyyatti, seera hariiroo hawaasaa, seeroota qabiyyee gad-lakkisiisuuf baha Labsiiwwan investimantii fi bulchinsa lafaa sadarkaa feedaraalaa fi naannoon tumaman, seeroota biyya alaa qabiyyee gad-lakkisiisu waliin wal-qabatan ni sakkata'amu. Dabalataan kitaaboolee fi maddoota intarneetii roogummaa qaban ni ilaalamu.

- Galmeewwan manneen murtii:- Galmeewwan qorannoo kanaaf rogummaa qaban manneen murtii sadarkaa olaanaa fi waliigalarraa jiran irraa funaanuun ni xiinxalama.

Qorannoon kunis akka naannoo Oromiyaatti kan gaggeeffamu ta'uus hanqina humna namaa, yeroo fi bal'ina naannoo Oromiyaa irraa kan ka'ee iddo hunda gahuun waan hin danda'amneef daataan mala eddattoon(sampling) garagaaramuun godinaalee 6(jahaa) fi Aanaalee isaan jala jiran lama lama irraa ni funaanama. Filannoon godinaalee fi aanaalee kan taasifame ragaa Koomishinii Invastimantii Oromiyaa (af-gaaffiinii fi daataa hanga lafaa invastaraaf kenname agarsisu) irratti hundaa'uun mala kaayyeeffataan (purposive) ta'een godinaalee naannoo Oromiyaa keessaa godinaaleen sochiin qabiyyee gad-lakkisiisuu bal'inaan itti gaggeeffamu fudhachuun ta'a: Isaaniis, G/A/N/Finfinnee, G/Sh/Bahaa, Wallaga Bahaa, A/Lixaa, Shawaa

Lixaa, fi Shawaa Kaabaa ti. Aanaaleen godinaalee kana jala jiraniis G/A/N/Finfinnee keessaa (Sabbata Hawaas, fi Aqaaqii), Wallaga bahaa Keessaa(Guutoo Giddaa fi Diiggaa), Arsii Lixaa(Shaashamannee fi Arsii Nagallee), Shawaa Kaabaa(Fichee fi Garba Gurraachaa), Shawaa Lixaa(Amboo fi Gudar), Shawaa Bahaa(Aanaa Adaamaa fi Bishooftu)

Gabatee 1: Gabatee qaamolee daataan irraa guuramuu fi hanga daataa guuramu agarsiisu

Lak.	**Gosa daataa**	**Baay'ina**	
		Karoora	**Raawwii**
1	Aff-gaaffii	108	136(125.9%)
2	Xiinxala dhimmaa	38	36(94.7%)
3	Bar-ggaaffii	148	83(56.1%)
5	Ida'ama	294	255(88.1%)

5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun qabatamaatti adeemsi qabiyyee gad-lakkisiisuu magaaloota fi aanaalee Oromiyaa garagaraa keessatti maal akka fakkaatu sakatta'uun rakkoolee jiran kan adda baasuu dha.

Bu'uura kanaan seerotni waa'ee adeemsa qabiyyee gad-lakkisiisuu tuman hangam tumaalee heeraa irratti kan hundaa'anii dha. Seerotni kun mirga namoota qabiyyee isaanii gad-lakkisan kan kabachisuu danda'anii dha moo? miti? kan jedhu irratti sadarkaa adda addaan qorannoowwan garagaraa kan gaggeeffaman waan ta'aniif xiyyeeffannaa qorannoo kanaa miti. Haata'u malee, bakka seerotni kun raawwii irratti rakkoo itti ta'aniitti haala itti xiinxalaman ni jiraata. Irra caalaan qorannoon kun raawwii seerichaa akka naannoo Oromiyaatti maal akka fakkaatu kan xiinxaluu dha.

6. Faayidaa Qorannichaa

Qorannoon kun adeemsa qabiyyee gad-lakkisiisuu waliin wal-qabatee rakkoowwan jiran adda baasuun kallattii furmaataa kan akeekuu waan ta'eef adda dureen mirgii namoota qabiyyee isaanii gad-lakkisan akka kabajamuu fi kaffaltii beenyaa madaalawaa ta'e akka argatan taasisu keessatti gahee mataa isaa kan taphatu dha. Dabalataan adeemsi sirnaawaa akka jiraatu kan godhu dha.

6. Fayyadamtoota Qorannichaa

Qorannoon kun rakkoowwan namoota qabiyyee gad-lakkisan irratti kan xiyyeeffate waan ta'eef tokkooffaa namootni qabiyyee isaanii akka gad-lakkisan taasifaman fayyadamtoota yoo ta'an haala sochii qabiyyee gad-lakkisiisuu akka naannoo Oromiyaatti kan xiinxalu waan ta'eef Bulchinsii Mootummaa Naannoo Oromiyaa fi qaamoleen qabiyyee gad-lakkisiisuu keessatti hirmaatanii fi komii dhagahan(qaama bulchinsaa komii dhaggeeffatuu fi Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa) bu'aa qorannoo kanarratti hundaa'uun tarkaanfii sirreeffamaa akka fudhatan kan isaan gargaaru waan ta'aniif fayyadamtoota qorannichaa ti. Kana malees, ILOQHQSO, bu'aa qorannoo kanarratti hundaa'uun hoj-maatni wal-fakkaataan manneen murtii naannicha keessatti akka jiraatu taasisuuf leenjii adda addaa kennuu waan danda'uuf fayyadamaa biroo dha.

Boqonnaa Lama

Qabiyyee Faayidaa Uummataaf Gad-Lakkisiisuu: Maalummaa, Muuxannoo Biyyootaa fi Itoophiyaa

Seensa

Adeemsi qabiyyee gad-lakkisiisuu adeemsa bara dheeraan dura biyyoota addunyaa garagaraa keessatti gaggeeffamaa turee dha. Kunis adeemsa dheeraa fi qaamolee adda addaa tuqu dha. Adeemsi kunis abbootii qabiyyee waa'ee qabiyyee gad-lakkifamu beekisisuu, shallaggii fi kaffaltii beenyaa, sirna komiin itti keessummaa'uu fi deebisanii ijaaruu kan of keessatti hammatuu dha. Yaad-rimeewwan adeemsa kana keessatti hammatamanii jiran biyyaa biyyatti garaagarummaa kan qabuu dha.

Kanaaf, boqonnaa kana jalatti yaad-rimeen qabiyyee gad-lakkisisuu maal akka ta'e barreeffamoota adda addaa sakatta'uun kan agarsiifamu ta'a. Dabalataan, adeemsi qabiyyee gad-lakkisiisuu biyyoota adda addaa keessatti maal akka fakkaatu muuxannoo biyyoota muraasa fudhachuun kan ilaallu ta'a. Erga muxannoon biyyoota garagaraa agarsiifame booda akka biyyaa fi naannoo keenyatti adeemsa qabiyyee gad-lakkisisuu waliin wal-qabatee seeeroota raawwatiinsa qaban kan sakatta'aman ta'a. Kana jalattiis adeemsi qabiyyee gad-lakkisiisuun wal-qabatee tumaalee heera mootummaa feedaraalaa, labsii qabiyyee gad-lakkisiisuuf bahee, dambii dhimma kanarratti mana maree ministeerootaan tumame akkasumas labsiiwwan sadarkaa naannootti dhimma kana ilaalatan kan xinxalaman ta'a.

1. Seenaa Guddinaa fi Maalummaa Qabiyyee Gad-Lakkisisuu

1.1. Seenaa Guddina Adeemsa Qabiyyee Gad-lakkisisuu

Adeemsi qabiyyee gad-lakkisisuu hoj-maata bara dheeraa lakkoofsise dha. Adeemsi qabiyyee faayidaa uummataatiif gad-lakkisisuu sirna Giriikootaa fi Roomaanoota duriirraa eegalee kan beekamu dha. Adeemsi haala kanaan biyyoota kana keessatti eegalame biyyoota biroo

Awuuroppaa fi Ameerikaa keessattis babal'achuu danda'eera. Adeemsi kunis sirnoota durii armaan oliitti ibsaman keessatti ulaagaa seeraa hunda kan guute osoo hin ta'iin hanqinoota baay'ee kan of keessatti qabudha. Fakkeenyaaf, adeemsi kun haala itti raawwatamuurratti seerri ifa ta'e tumamee hin jiru ture. Kanaaf, hoj-maatni kun adeemsa seeraan taa'e hordofuun kan gaggeeffamu hin turre. Hanqina kan furuuf jijjiiramaa fi foyya'insa adda addaa yeroodha gara yerootti taasisaa kan deemedha.

Addunyaa yeroo amma jirtu keessatti biyyootni faayidaa dhuunfaa hoggantootaaf osoo hin ta'iin faayidaa uummattoota isaanitiif dursa kennuu jalqabaniiru. Kanarraa kan ka'e adeemsa isaanii seeraan daangeessuu fi ulaagaalee qabiyyee gad-lakkisisuun duraa fi booda hordofamu qaban seera isaanii keessatti tumuun hojiirra akka oolu taasisaniiru. Haalli guddinaa kunis biyyoota adduunyaa adda addaa keessatti mul'ateera.

Adeemsa biyya keenya keessatti hordofamaa tures kanarraa adda miti. Akkuma biyyoota kaanii adeemsi qabiyyee gad-lakkisiuu sirnaawaa fi adeemsa seeraa kan hordofe hin turre. Akka biyya keenyatti sadarkaa seeraatti adeemsi qabiyyee gad-lakkisisuun beekamti kan argate bara mootummaa Miniliki II yoo ta'u, seerichi adeemsaalee hordofamu qaban hunda tarreessuu baatus akka waliigalaatti deeggarsa seeraa akka qabaatu taasiseera. Adeemsi haala kanaan eegalame boodarra ulaagaalee gurguddoo qabiyyee gad-lakkisisuuf barbaachisan sadarkaa heerarraa kaasee sadarkaa seeroota adda addaatti akka haammatu ta'uun fooyya'aa dhufee sadarkaa amma irra jiru gahuu danda'eera.

1.2. Maalummaa Qabiyyee Gad-lakkisisuu

Qabiyyee gad-lakkisisuun gocha yeroo tokko raawwatamu osoo hin ta'iin adeemsa qaamolee hedduu waliitti fiduu dha. Adeemsi kana keessattis hojiiwwan baay'een raawwatamu. Hojiiwwan gurguddoo adeemsa kana keessatti raawwataman keessaa qabiyyeen kan gad-lakkifamu faayidaa uummataaf ta'uu adda baasuu, qaama gad-lakkisuu beeksisuu, beenyaa shallaguu fi kaffaluu, komii dhageeffachuu fi namoota qabiyyee isaanii gad-lakkisan ijaaruu akka ta'an labsii qabiyyee dhuunfaa faayidaa uummataaf gad-lakkisisuu fi kaffaltii beenyaa murteessuuf bahee lakk. 455/1997(kana booda labsii qabiyyee gad-lakkisisuu jedhamu) tumeera.

Adeemsi kun biyyoota baay'ee keessatti kan hordofamu waan ta'eef namootni adda addaa fi guuboon jechootaa baay'een hiikkaa kennaniru. Kutaa kana jalattis hiikkoowwan guuboo jechootaa fi barreeffamoota adda addaa keessatti kennaman kan sakatta'aman ta'a. Guuboon seeraa Black's Law: yaada kan yoo ibsu:

The right of the state through its regular organizations, to assert, either temporarily or permanently its dominion over any portion of the soil the state on account of public exigencies and for the public good.

Hiikkaa kanarraas kan hubatamu qabiyyee gad-lakkisisuun hojii gama caasaa mootummaan idileen qabiyyee namoota dhuunfaa faayidaa uummataa yeroof ykn dhaabbiin gad-lakkisiisuuf raawwatamu akka ta'e hubachuun ni danda'ama. Dabalataan qabiyyee gad-lakkisiisuun mirga mootummaa akka ta'e agarsiisa. Hiikkaan kun ulaagaa qabiyyee gad-lakkisisuu keessaa beenyaa kan jedhu hammachuu dhabuun isaa akka hanqinatti kan ka'u dha.

Namoota adeemsa kanaaf, hiikkoo kennan keessaa tokko nama John Lewis jedhamu yoo ta'u, Innis:

The right or power of a sovereign state to appropriate private property for particular use for the purpose of promoting the general welfare .

Hiikkoon kunis mootummaan hojii faayidaa uummataa waliigalaa fooyyeessuuf jecha qabeenya dhuunfaa namootaa akka mirgaatti fudhachuu kan danda'u ykn fudhachuuf aangoo kan qabu ta'uu kan ibsuudha.

Biyyoota sirna seeraa kooman loow hordofan keessatti jechi qabiyyee gad-lakkisiisuu/expropriation/ jedhu 'eminent domain' ykn 'compulsory acquisition' jedhamuun beekama. Kunis hiika "*The sovereing power inherent in the states to take private property without the owner's consent for public use upon making just compensation*" jedhu of keessatti qaba. Yaadni kunis qabeenya gad-lakkisiisuun fedhii abbaa qabeenyaati ala qaamni aangoo qabatee jiru qabeenya dhuunfaa beenyaa madaalawaa ta'e kaffaluun fudhachuu kan danda'u ta'uu agarsiisa.

Kanaaf, hiikkoowwan qabiyyee gad-lakkisiisuuf guuboowwan jechootaa fi ogeessaan kenname armaan olii irraa akka hubannuutti qabiyyee gad-lakkisisuun adeemsa qabiyyee ykn qabeenya dhuunfaa faayidaa uummataatiif karaa mootummaa ykn qaamolee biroo mootummaan aangeeffamaniin beenyaa madaalawaa ta'e kaffaluun kana raawwatamuu akka ta'e hubachuun ni danda'ama.

2. Muuxannoo biyyootaa

Kutaa armaan olii keessatti akkuma ibsameen adeemsi qabiyyee gad-lakkisisuu biyyoota adda addaa keessatti gaggeeffamaa kan jiru dha. Qorannoon kun hoj-maata akka naannoo keenyaa jiru seeroota naannicharratti raawwatiinsa qaban waliin xinxaluun rakkoowwan jiran kan adda baasuu ta'uus adeemsa akka biyyaa fi naannoo keenyaa gaggeeffamaa jiru xiinxaluuf akka nu gargaaru biyyoota adda addaa keessatti haalli itti qabiyyeen gad-lakkifamu maal fakkata kan jedhu ilaaluun barbaachisaa dha. Dabalataan seerootni naannicharratti raawwatinsa qaban bakka ifa hin taaneetti fi adeemsi suniis akkaataa itti hiikamuu qabu ilaaluuf muxannoo biyyoota garagaraa ilaaluun barbaachisaa waan ta'eef muxannoon biyyoota akka hammatamu ta'eera. Kanaafis adeemsi kun biyyoota sirna seeraa kooman loow hordofan keessaa(Afriikaa kibbaa) fi biyya sirna siivil loow hordofanii fi haalli jireenya uummataa biyya keenya waliin wal-fakkaatu (jechuun irra caalaan isaanii qonna irratti kan hundaa'an ta'uu) keessaa Chaayinaa akkasumas biyya adeemsa qabiyyee gad-lakkisisuun raawwii gaarii qabdu Kanaadaa fudhachuun adeemsi qabiyyee gad-lakkisisu biyyoota kana keessatti maal akka fakkaatu ni sakatta'ama.

2.1. Muuxannoo Afrikaa Kibbaa

Biyyoota adeemsa qabiyyee gad-lakkisisuuf beekamtii seeraa kennan keessaa tokko Afriikaa Kibbaa ti. Heerri biyyattis qajeeltoowwan waliigalaa adeemsii kun itti gaggeeffamuu kaa'eera. Bu'uura qajeeltoo heeraa kanaatiin laftii faayidaa uummataatiif gad-lakkifameera kan jedhamu yoo lafti sun rifoormii lafaa biyyatiin gaggeessitu waliin deemsiisuuf yookiin itti fayyadama wal-qixa lammileen qabeenya uumamaa biyyattii irratti qaban mirkaneessuuf kan gaggeeffamu ta'u danda'a. Kan gad-lakkifamuus lafa duwwaa osoo hin ta'iin qabeenya kamiyyuu ta'u ni danda. Beenyaa waliin wal-qabatee hangi kaffalamu akka qajeeltootti gatii gabaarratti kan hundaa'uu ta'e ulaagaalee xixiqqoo biroos kan of-keessatti hammatu yoo ta'u yeroo kaffaltii ilaalchise dirqama yeroo qabeenyi gad-lakkifamu akka hin taane dabalataan heerri kun ni ibsa.

Qajeeltoowwan kunneeniifi adeemsi qabiyyee gad-lakkisisuu maal ta'uu akka qabu seera bu'uura heeraatiin tumamee fi Seera Qabiyyee Gad-lakkisisuu/*Expropriation Bill/* jedhamu bal'inaan ibsa itti kenneera waan ta'eef ulaagaalee qabiyyee gad-lakkisiisuu gurguddoorratti maal akka jedhu tokko tokkoon haa ilaallu.

A) Faayidaa Uummataa

Tumaa heeraa qabiyyee gad-lakkisisuurraa akkuma hubatamuun qabiyyee gad-lakkisisuuf faayidaa uummataaf ta'uun isaa barbaachisaa dha. Yaadni kunis seensa Seera qabiyyee gad-lakkisisuu biyyattii keessatti ibsameera. Sirnoota darban keessatti dhalattootni biyyatti loogii isaan irratti taasifamaa tureerraa kan ka'e qabeenya uumamaa biyyattin qabdurraa qixa barbaadamuun fayyadamoo waan hin taaneef lammiin hundi qabeenya uumamaa biyyattin qabdurraa fayyadamaa akka ta'u qabiyyee lafaas ta'e qabeenya biroo kamuu gad-lakkisisuun faayidaa uummataaf akka ta'eetti lakkaa'ama. Dabalataan, bulchinsa lafaan wal-qabatee laftii hojiiwwan kan akka sararoota bishaanii fi ibsaa akkasumas kuusaa humna ibsaaf oolu faayidaa uummataaf akka ta'eetti fudhatama. Kanaaf, akka muuxannoo biyya kanaatti laftis ta'e qabeenyi biroo hojiiwwan armaan olitti ibsamaniif yoo fudhatamu faayidaa uummataaf akka ta'eetti fudhatama.

Hojii kana gaggeessuufis kan aangeeffame qaama abbaa taayitaa qabiyyee gad-lakkisisuu/expropriation authority/ kan jedhamu dha. Abbaan taayitichaa hojii kana ofi isaatiin yookiin qaamolee biroo bakka buusuun raawwachisu danda'a.Dabalataan hojii kana galmaan gahuuf qaamni Boordii Gorsaa Biyyooleessaa/National Advisory Board/ jedhamu kan hundeeffamu ta'u seerri kun ni ibsa. Akkuma maqeeffama boordii kanarraa hubanutti hojii boordii gorsa kallattii hundaa yeroo hojichi eegalamurraa kaasee hanga xumuramutti kennu dha.

B) Qorannaa fi odeeffannoo waa'ee qabiyyee gad-lakkifamu sassaabuu

Adeemsi biroon akka biyya kanaatti gaggeefamu waa'ee qabiyyee gad-lakkifamuu qorannoo gaggeessuu fi odeeffannoo sassaabuu dha. Yaadni kunis abbaan taayitichaa odeeffannoo waa'ee qabiyyee gad-lakkifamu waliitti qabuuf dirqama kan qabu ta'u kan agarsisuudha. Kunis namoota qabiyyeerratti mirga qaban yoo jiraatan qaamolee bulchinsa lafaa naannoo saniirraa qulqulleessuu kan gaafatudha.Dabalataan beeksisa kennuun dura abbootii qabiyyee lafa gad-

lakkisan barreeffamaan waamuu fi dubbisuu, boordiin qorannoo akka gaggeessuu taasisu kan of-keessatti hammatu dha. Boordiinis yeroo qulqulleessuu lafti kun yeroo ammaa maaliif tajaajilaa akka jiru, haala kamiin akka qabamu danda'e, ni qorata kunis boodarra shallaggii beenyaaf kan gargaaru ta'a. Qaamni qorannoo gaggeessuu haayyama abbaa taayitichaatiin abbootii qabiyyee yookiin bakka bu'oota seeraa isaanirraa mirga ragaawwan hanga beenyaa shallaguuf gargaaran argachu qabu.

C) Beeksisa

Beeksisni kennamu gosa lama kan qabu dha. Isaanis, beeksisa yaada qabiyyee gad-lakkisisuu/intention to expropriate/ fi beeksisa gad-lakkisisuu/notice of expropriation/ dha.

Beeksisa yaada qabiyyee gad-lakkisisuu jechuun qorannaa gaggeeffameen abbaan taayitichaa qabiyyee gad-lakkisisuu yoo barbaadee abbaa qabiyyichaa fi bulichinsa lafaa naannoo sana jiru barreeffamaan dhimmicharratti deebii akka kennan kan itti beeksisuudha. Beeksisni kennamu abbaan taayitichaa qabiyyee ibsame gad-lakkisisuuf fedhii kan qabu ta'u, ibsa qabiyyee gad-lakkifamu, haanga beenyaa kaffalamuu fi akkaataa beenyaan kun itti shallagame, qabiyyee gad-lakkifamurratti qaamni komii qabu guyyoota 21 keessatti abbaa taayitichaa biratti komii isaa dhiyeessuu kan danda'u ta'u kan ibsuudha. Qaamni hanga shallaggii fi fedhii abbaa taayitichaa qabiyyee gad-lakkisisuuf qaburratti komii qabu barreeffamaan komii isaa abbaa taayitichaaf dhiyeessuu qaba. Abbaan taayitichaas qaama komii qabu waamuun dhimma isaa jaarsummaan ilaala. Yoo waliigalteerra gahamu baate abbaan taayitichaa qabiyyee gad-lakkisisuuf yookiin dhiisuu isaarratti murtii kennuu qaba.

Beeksisni gosti lammaffaa beeksisa qabiyye gad-lakkisisuu yoo ta'u kunis bu'uura armaan olitti ibsameen abbaan taayitichaa qabiyyee gad-lakkisisuuf yoo murteesse itti aansuun abbaa qabiyyichaaf beeksisa qabiyyee gad-lakkisisuu kennuu kan qabu ta'uu kan agarsiisuudha. Beeksisni haala kanaan kennamuus guyyaa qabiyyeen gad-lakkifamu, guyyaa beenyaan kaffalamu, guyyaa beekisischarratti ibsameen abbaan qabeenyuummaa gara abbaa taayitaatti kan naanna'u ta'uu fi yoo abbaan qabiyyee hanga beenyaa ibsamerratti waliigaluu baate hanga beenyaa inni barbaaduu fi akkaataa itti shallagee ibsu akka qabu ni agarsiisa.

D) Hanga beenyaa fi haala shallaggii isaa

Haala shallaggii fi kaffaltii beenyaa ilaalchisee abbaan taayitichaa gatii gabaa irratti hundaa'uun beenyaan madaalawaa fi haqa qabeessa ta'e namootaaf akka kaffalamu mirkaneessuuf dirqama qaba. Kana gochuufis dhimmootni ilaalamu qaban yeroo ammaa kana qabeenyichi maaliif tajaajilaa akka jiru adda baasuu, gatii gabaa meeshichaa, haala argannaa, kaayyoo gad-lakkisisu, fi gorsa boordii ilaalcha keessa haala galcheen tilmaamamuu qaba. Kunis kan agarsisu akka waliigalaatti beenyaan kaffalamu gabaa yeroo ammaa qabeenyicha bituuf barbaachisurratti kan hundaa'u ta'u agarsisa.

E) Gahee Mana Murtii

Armaan oliitti adeemsi kun qaamolee hedduu keessa kan darbu ta'uu ibsameera. Qaamolee kana keessaa tokko mana murtii ti. Jalqabaratti qabiyyee faayidaa uummataaf gad-lakkisisuun gahee hojii qaamolee bulchinsaa akka ta'e seerichi ni ibsa. Haata'u malee, manni murtii hojii qaamolee bulchinsaa keessa deebiin/review/ ilaaluu ni danda'a. Akka biyya kanaatti manni murtii aangoo keessa deebiin murtii qaamolee bulchinsaa ilaaluu danda'a yoo jedhamu manni murtichaa qaamni sun dhimma sana ilaaluuf aangoo kan qabuu ta'uuf dhiisuu isaa, adeemsi hordofame haqa qabeessa ta'uu isaa, dogoggoorri seeraa kan jiru ta'uu isaa fi kkf kan ilaaluu ta'a. Dabalataan beenyaa waliin wal-qabatee aangoon mana murtii bal'aa akka ta'e seerri kun ni ibsa. Isaanis, Qaamoleen qabiyyee gad-lakkisisuu keessatti hirmaatan irratti waa'ee beenyaa ilaalichise hanga, yeroo kaffaltii, haala kaffaltii beenyaa irratti murtii kennuu danda'a.

2.2. Muuxannoo biyyaa Chaayinaa

Biyyoota kallattii dinagdeen foyya'insa guddaa fidaa jiran keessaa tokko biyya chaayinaa ti. Mootummaan biyyattis qotee bultootni guddina dinagdee biyyatti keessatti gahee guddaa kan qaban waan ta'aniif xiyyeeffannoo guddaa laateefi jira. Biyyi kunis biyya hawaasa bal'aa qabduu fi jireenyi hawaasaas bal'inaan qonna irratti kan hundaa'ee dha. Kunis, xiyyeeffannaa biyya keenyaa keessatti qotee bultootaaf kenname waliin kan isaan wal-fakkeessudha. Biyya kana keessattis babal'achuun magaalootaa fi piroojaktootni gurguddoon irraa kan ka'e hojiiwwan kanneen haala qajeelaa ta'een gaggeessuuf heerri biyyattii fi seera bulchinsa lafaa haala deemsi kun itti gaggeeffamu tumeera. Seerootni kunis qajeeltoowwanii fi ulaagaalee qabiyyee gad-lakkisiisuu tumanii jiru. Ulaagaalee kunneenis:

a) Faayidaa Uummataa

Seerootni biyya adda addaa qabiyyeen dhuunfaa yookiin waliinii kan gad-lakkifamu faayidaa uummataaf yoo ta'e duwwaa akka ta'e tumaniiru. Biyya chaayinaa keessatti ulaagaan kun heera biyyattirraa kaasee seeroota biroo(Seera bulchinsa lafaa fi seera qabeenyaa) keessatti qabiyyee gad-lakkisisuuf akka ulaagaatti taa'eera.

B) Beenyaa fi haala shallaggii isaa

Akka biyya kanaatti hangi shallaggii beenyaa seera bulchinsa lafaa keewwata 47 biyyatti jalatti tumame jira. Bu'uura kanaaniis beenyaan namoota qabiyyee isaanii gad-lakkisinif kaffalamu beenyaa kaffaltii gatii lafaa/land compensation fees/, kaffaltii irra deebisanii ijaaruu/resettlement fee/ fi kaffaltii ashaakiltii fi waantoota lafarratti hojjataman kan dabalatu akka ta'e seerri armaan olitti ibsame ni kaa'a. Beenyaa bu'uura kanaan kaffalamu keessaa kan qotee bulaa dhuunfaaf kaffalamu kaffaltii irra deebisanii ijaaruu fi kaffaltii ashaakiltiiwwaniif waantoota lafaan wal-qabatan ijaaraman duwwaa dha. Kaffaltiin beenyaa lafaa/ land compensation fees / qotee bultootaaf kallattiin kan kaffalamu osoo hin taane qaama *Rural collective economic organization* jedhamuuf kan kaffalamu dha.

Keewwatni xiqqaan lama beenyaan akkaataa kamiin shallagamu akka qabu ni ibsa. Beenyaan qabiyyee lafaa kan shallagamuu qabu bu'aa laftichi waggootan sadan darbaniif kenne giddu-galeessi isaa fudhatame waggaa 4-6 tiif baay'atee kan kaffalamuu yoo ta'u kaffaltiin irra deebisanii ijaaruu/resettlement/ bu'aa waggaa lafichi kennuu waggaa 4 hanga 6 baay'isuun kan kaffalamuudha, haata'u malee kaffaltiin kun bu'aa gidduu galeessa kan waggoota sadan darban waggaa 15'n baay'isuun argamu caaluu hin qabu. Shallaggiin bu'uura kanaan gaggeeffamuus gatii iddoo(location value) kan dabalatu miti. Haalli kaffaltii beenyaa ilaalchise kaffaltiin gosaa fi mallaqaa kan jiru yoo ta'u akka biyya kanaatti kaffaltiin beenyaa kan raawwatamu maallaqaanii dha.

C) Sirna Komiin itti keessumaa'u

Akka biyya kanaatti komiiwwan qabiyyee gad-lakkisiisuun wal-qabatanii ka'an keessummeessuuf aangoo kan qaban qaama bulchinsaa /administrative tribunal/ ti. Kunis manneen murtiin komii qabiyyee gad-lakkisiisuun wal-qabatanii ka'an akka hin keessummeessin

seeraan kan daangeeffaman ta'uu agarsiisa. Yoo falmiin qabiyyee gad-lakkisisuun waliin wal-qabatee ka'e adeemsi jalqabaa karaa hooggantoota uummataa naannoo /local people government/ sanii biratti qaamoleen waliitti bu'an dhuufuun dhimma isaanii jaarsummaan akka ilaalan ni taasifama. Qaamoleen waliitti dhuufan kunis adeemsa kanaan waliitti bu'iinsa isaanii furuu hin danda'an yoo ta'e gara mana murtii deemuun osoo isaan hin barbaachisiin qaama qabiyyee gad-lakkisisuu mirkaneessee biratti dhiyaatu. Qaamni kunis dhimmicharratti falmii gaggeessuun murtii ni kenna. Haata'uuti, falmiin haala kanaan gaggeeffamu adeemsa qabiyyee gad-lakkisisuun kan gufachisu miti. Kanaaf, akka biyya kanaatti sababa falmiif jecha haalli adeemsi qabiyyee gad-lakkisisuu itti dhorkamu hin jiru jechuu dha.

2.3. Muuxannoo biyya Kaanaadaa

Kaanaadaan biyyoota addunyaa keessaa bal'ina lafa isheetiin sadarkaa lammaffaarratti biyya argamtudha. Guddina dinagdeenis biyyoota guddatan jalatti kan ramadamtudha. Kallattii adeemsa qabiyyee gad-lakkisiisuun wal-qabate biyyoota muuxannoo gaarii qabanii fi qotee bultootni ishees bu'aa qabiyyee lafaa gad-lakkisan irraa argataniin fayyadamoo ta'uun jireenya isaani fooyyeessuun dinagdeedhaanis kan badhaadhani dha.

Sirna bulchinsa lafaa biyya kanaa yeroo ilaallu abbaan qabeenyummaa lafaa mootummaa, dhaabbattoota fi namoota dhuunfaan kan qabame dha. Lafti qaamolee kanaan kan qabamee jiru ta'uus mootummaan faayidaa uummataatiif jecha dhaabbattoota fi namoota dhuunfaarraa qabiyyee lafaa yeroo itti fudhatu ni mul'ata. Dabalataan, mootummaan feederaalaa lafa feedaraala jala jiru kan bulchu yoo ta'u mootummaan naannoolee ammoo lafa sadarkaa naannoo jiru bulchu.

Akka heera biyya kanaatti naannooleen seera fi dambii mataa isaanii baasuu danda'u jechuun waan aangeesseef mootummootni naannoolee seera qabiyyee gad-lakkisisuu /expropriation act/ mataa isaanii baafatanii qabu. Seeroota naannooleen dhimma qabiyyee gad-lakkisisuurratti baasan keessaa akka fakkeenya gaarii kan ta'u seera naannoo Ontaariyoo ti.Naannooleen biyyatti biroos seera kana akka fakkeenyatti fudhachuun seera qabiyyee gad-lakkisisuu kan tuman waan ta'eef muuxannoo biyya kanaas seera kanarratti hundaa'uun kan ilaallu ta'a.

Seerri kunis adeemsa qabiyyee gad-lakkisisuu gurguddaa lamatti qooduun kan xinxaluudha. Isaaniis, adeemsa qabiyyee gad-lakkisisuun dura jiru (pre-expropriation) fi adeemsa qabiyyee gad-lakkisiisuun booda jiru (post-expropriation) yoo ta'u adeemsaalee kana jalatti hojiiwwan hojjataman akka armaan gadiitti kan ilaallu ta'a.

A) Adeemsa Qabiyyee Gad-Lakkisiisuun Dura Jiru

Adeemsa kana jalatti adeemsaaleen hordofaman xixiqqaan kan akka beeksisa kennuu, komiiwwan yoo jiraatan komiiwwan dhaggeeffachuu fi qabiyyee gad-lakkifamu galmeessuu jedhan of keessatti kan hammatu dha.

Kana jalatti adeemsi jalqaba raawwatamu beeksiisa yaada qabiyyee gad-lakkisiisuu kennuu kan jedhu yoo ta'u kunis qaamni qabiyyee gad-lakkisiisu pilaanii qabiyyee gad-lakkisiisuu qaama dhimmi ilaalu biratti erga galmeessise guyyaa 30 keessatti abbaa qabiyyeetiif beeksisa kennuun isarraa kan eegamu ta'u kan agarsiisuudha. Kaayyoo beeksisa kanaas qabiyyee jedhame gad-lakkisiisuuf yaada kan qaban ta'u beeksiisuufi dha. Adeemsa kana jalatti abbaan qabiyyee qaama qabiyyee gad-lakkisu waliin hanga beenyaa kaffalamurratti walii galuu ni danda'a.

Adeemsi lammaffaan, mormiin yoo jiraate adeemsa mormiin itti dhagahamuu fi qulqullaa'uu dha. Kunis, abbaan qabiyyee bu'uura armaan oliitti ibsameen beeksisni kennameef guyyaa beeksisni isa gahee guyyoota soddama keessatti komii isaa ministeera qabiyyee gad-lakkisisuu mirkaneesse biratti dhiyeessuu kan danda'u ta'u isaa kan agarsiisuu dha. Ministeerri qabiyyee gad-lakkisiisuu komiin kun isaaf dhiyaate komii ka'eerratti falmii ni taasisa. Haata'uuti, kun kan raawwatamu abbaan qabiyyee falmiin akka gaggeeffamu yoo gaafate duwwaa dha. Falmiin gaggeeffamuus kan xiyyeeffatu qabiyyee gad-lakkisiisuun kun haqa qabeessa ta'uu fi kaayyoo yaadame kan galma geessisu ta'uuf dhiisuu isaarratti dha. Kanaafiis abbaan qabiyyeenii fi qaamni qabiyyee gad-lakkisisuus ragaa yaada isaanii mirkaneessu danda'u akka dhiyeessan ni haayyamamaaf adeemsa kanas kan raawwachisu gama minsteeraatiin qaama *Iniquiry Officer* jedhamu ni mudama. Qaamni kunis garee bitaa fi mirgaa ni falmiisisa akkasumas ragaa ni dhagaha. Gareen bitaa fi mirgaas ragaa isaanii gaaffii dursaa gaafachu akkasumas ragaa garee biroo ammoo gaaffii qaxxaamuraa gaafachuu danda'u. Kunis, adeemsi qaama bulchinsaa kana biratti gaggeeffamu akkuma mana murtii ta'uu isaa kan agarsiisuu dha.

Qaamni adeemsa kana akka gaggeessuu mudame(*Iniquiry Officer*) ragaa bitaa fi mirgaa akkasumas yaada inni dhimmicharratti qabu qindeessuun qaama qabiyyee gad-likkisisu mirkaneessuuf(ministeerichaaf) ni dhiyeessa. Ministeerichis gabaasa gama *Iniquiry Officer* isaaf dhiyaate xinxaluun murtii ni kenna. Qaamni mirkaneessuu yaada xumuraa fi furmaataa ofisarrii kennee cimsuu, diiguu akkasumas fooyyeessuu ni danda'a. Kunis qaamni mirkaneessuu yaada offisarrii kennuun kan hin dirqamne ta'u agarsiisa. Haata'uuti, qaamni mirkaneessu kun murtii komii dhiyaate irratti qabu erga gabaasni offisaraa isa gahee guyyoota 90 keessatti barreeffamaan garee lamaaniif kennu qaba. Bu'uuara kanaan minsteerichi yaada qabiyyee gad-lakkisiisuu mirkaneessuu yookiin kufaa gochu danda'a.

Adeemsa gad-lakkisisuun dura raawwatamu inni sadaffaan pilaanii qabiyyee gad-lakkisiisuu mirkaneessuu dha. Ministeerichi erga falmii gaggeesse booda qabiyyeen akka gad-lakkifamu yoo murteesse qaama qabiyyee lafaa galmeessuu *Land Registry Office* jedhamu biratti pilaanii qabiyyee gad-lakkisiisuu mirkanaa'ee/approved plan/ galmeessisuu qaba.

B) Adeemsa Qabiyyee Gad-Lakkisiisuun Booda Raawwatamu

Adeemsa kana keessattis adeemsaaleen lama ni raawwatamu. Isaaniis, beeksisa gad-lakkisiisuu kennuu fi beenyaa sirrii ta'e kaffalchisuu dha. Adeemsii inni duraa beeksisa gad-lakkisuu yoo ta'u kunis abbaan qabiyyee fi qaamni gad-lakkisiisuu hanga beenyaarratti yoo waliigaluu baatan shallaggii gaggeessuun kaffaltii beenyaa murteessuuf beeksisa kennamu dha. Adeemsa armaan oliitti ibsameen pilaaniin qabiyyee gad-lakkisisuu galmaa'ee guyyoota 30 jiran keessatti hanga beenyaarratti abbaan qabiyyee fi qaamni gad-lakkisiisuu yoo waliigaluu baatan ministeerri qabiyyee gad-lakkisisuu qaamolee lamaaniif beeksisa ni kenna. Beeksisa qabiyyee gad-lakkisiisuun kennuun qaamni shallaggii gaggeessuu qabiyyee gad-lakkisiisuuf haayyama abbaa qabiyyee lafaatiin ala, ajaja qaama *Ontario Municipal Board* jedhamuun qabiyyee namichaa keessa galuun qabiyyee isaa tilmaamuu fi hanga beenyaa murteessuu isa dandeessisa. Kanaaf, beeksisni gosa kanaa qaama shallaggii gaggeessuu qabiyyee namaa keessa galuun tilmaama akka gaggeessuu kan dandeessisuu dha. Haalli shallaggii isaas gatii gabaa irratti hundaa'uun hanga

danda'ame abbaa qabiyyee iddoo isaa duraatti deebisuuf bifa dandeessisuun kan shallagamu qabu dha. Gatiin gabaas tooftaawwan mala gurgurtaa wal-fakkaataa(comparable sales approach) fi mala galii qabeenyicharraa argamu (Income capitalization Approach) fayyadamuun ni shallagu.

Adeemsi inni lammaffaa kaffaltii beenyaa yoo ta'u kunis bu'uura armaan oliittiibsameen erga shallaggiin gaggeeffame booda abbaa qabiyyeef kaffalamuu kan qabu ta'uu isaati. Kaayyoon seera qabiyyee gad-lakkisiisu biyya kanaa beenyaa guutuu fi sirri ta'e akka kaffalamu taasisu dha.

3. Adeemsa Qabiyyee Gad-lakkisiisuu Seerota Itoophiyaa Keessatti

Akkuma biyyoota biroo Itoophiyaa keessattis adeemsi qabiyyee gad-lakkisiisuu haaraa osoo hin ta'iin umurii dheeraa kan lakkoofsise akka ta'e seenaa guddinaa keessatti ibsameera. Adeemsii haala kanaan bara mootummaa Miniliik keessatti egalame Seera Haariiroo Hawaasaa Itoophiyaa keessatti beekamtii akka argatu ta'eera. Seerri kunis keewwata 1460-1488 waa'ee adeemsa qabiyyee gad-lakkisiisuu tumeera. Keewwatni 1460 qabiyyee gad-lakkisiisuu yoo ibsu:

Expropriation proceedings are proceeding where by the competent authorities compel an owner to surrender the ownership of an immovable required by such authorities for public purpose. jechuun tumeera.

Keewwatni kunis qabiyyee gad-lakkisiisuun fedhii abbaa qabeenyaa ti ala faayidaa uummataaf jecha abbaan qabeenyummaa kan addaan itti citu akka ta'e tumeera. Kunis ulaagaa guddaa beenyaa jedhu of keessatti kan hin hammanne dha.

Boodarras sochiin invastimantii, hojiin bu'uuraalee misoomaa adda addaa akkasumas babal'ina magaalootaa dabalaa deemaa waan dhufeef adeemsi qabiyyee gad-lakkisisuun bal'inaan gaggeeffamu eegaleera. Kanarraa kan ka'e adeemsi kun haqa qabeessa akka ta'uu fi namootni

qabiyyee isaanii gad-lakkisan beenyaa madaalawaa akka argatan jecha seerootni adda addaa sadarkaa feedaraalaa fi naannootti tumamuu danda'aniiru. Kunis heera mootummaa RDFI irraa kan eegalu dha. Heerri RDFI keewwata 40(8) jalatti mootummaan faayidaa olaanaa uummataaf jecha qabeenya dhuunfaa namoota kaffaltii beenyaa qabeenyichaan wal-gitu/commensuret/ dursa kaffaluun fudhachuu akka danda'u ni ibsa. Qajeeltoo waliigalaa heera kana keessatti taa'eerratti hundaa'uun seerootni garagaraa sadarkaa feedaraalaa fi naannootti adeemsa kana raawwachisuuf tumamaniiru.

Seerotni sadarkaa feedaraalaatiin bahan keessaa keessaa labsii lakk.455/1997, labsii lakk. 456/97, labsiinwaliigaltee liiziin qabannaa lafa magaalaa lakk.721/2004 fi dambii lakk. 135/1999, dambii lafa magaalaa liiziin bulchuuf bahee isaan adda dureen eeramanii dha.Seerota sadarkaa naannootti tumaman keessaa Heera mootummaa Naannoo Oromiyaa, Labsii Lafa baadiyaa 130/99, dambii labsii liizii raawwachisuuf bahe lakk. 155/2005, fi qajeelfa 9/2005, Labsii Invastimantii Naannoo Oromiyaa Lakk.138/2000 fi Labsii Qaamolee Raawwachiftu irra deebiin hundeessuuf bahee lakk. 170/2004 adda dureen kan eeramanii dha.

Akka naannoo Oromiyaatti seerota garagaraa keessatti waa'ee qabiyyee gad-lakkisiisu bittinaa'ee kan tumame jiru ta'uus qabiyyee lafa baadiyyaa gad-lakkisiisuuf seerri addaa akka naannoo Oromiyaatti tumame hin jiru. Kanaaf, raawwiin adeemsa qabiyyee gad-lakkisiisuu naannoo Oromiyaa seerota feedaraalaa armaan olitti ibsamaniinii fi labsiiwwan sadarkaa naannootti haala bittinaa'aa ta'een waa'ee dhimma kana ibsan adda addaan kan bitamu ta'a. Kanaaf, ulaagaaleen kanneen seerota kana keessatti maal akka fakkatu akka armaan gadiitti xiinxalamaniiru.

3.1. Faayidaa Uummataa

Akkuma muuxannoo biyyoota biroo fi hiikkoo qabiyyee gad-lakkisiisuu keessatti ibsameen Itoophiyaa keessattis qabiyyee dhuunfaan kan gad-lakkifamu faayidaa uummataaf yoo ta'e duwwaa akka ta'e seeroota adda addaa keessatti ibsameera. Ulaagaan faayidaa uummataa jedhu

biyyoota garagaraa keessatti kan hammatame ta'uus taa'us yaad-rimeen isaa sirna biyyi tokko hordoftu, yeroo fi iddoorratti hundaa'uun biyyaa biyyatti iddoodhaa iddootti garaagarummaa qaba. Haa ta'u malee, ilaalchi yaad-rimee kana irratti jiru bakka gurguddoo lamatti qoodamu. Isaaniis: *Minimalist/dhiphisanii ilaalan/* fi *Maximalist view/bal'isanii ilaalan/* jedhamuun beekama. Warreen dhiphisanii ilaalan /*minimalist view/* hordofan hojii hojjatameen namootni muraasni duwwaan kan fayyadaman yoo ta'e faayidaa uummataaf akka hin jedhamne yoo ibsan warreen bal'isanii ilaalan/*maximalist view/* hordofan ammoo hojiin kamiyyuu humna indastirii, oomishitummaa yookiin qabeenya dabaluun magaalootni akka babal'atan fi carraan hojii akka uumamu taasisuun guddina hawaasa sanaaf kan fidu yoo ta'e faayidaa uummataaf akka jedhamu ni ibsu.

Heerri mootummaa RDFI akka waliigalaatti qabiyyeen faayidaa uummataaf kan gad-lakkifamu qabu ta'u ibsuun ala faayidaa uummataa jechuun maal jechu akka ta'e hin ibsu. Haa ta'u malee, labsiileen yeroo amma dhimma kana waliin kallattiin wal-qabatan labsii lakk.455/2005 fi labsii liizii lafa magaalaa lakk. 721/2004 gaalee "*faayidaa uummataa*" jedhuuf hiikkoo laataniiru. labsiin lakk.455/1997 qabiyyeen lafaa faayidaa uummataatiif gad-lakkifame kan jedhamu yoo hawaasni kallattiinis ta'e al kallattiin hojii hojjatummuurraa faayadamaa ta'uun guddinni hawaaas-dinagdee itti fufinsa qabu yoo jiraate akka ta'e ni ibsa. Seerota sadarkaa naannootti tumaman keessaa dambiin 151/2005 kew. 2(4) jecha faayidaa uummataa jedhuuf hiikkaa laatera. Kunis,

Faayidaa uummataa jechuun karaa kallatii fi kallatiin alaatiin ummanni lafa irratti itti fayyadamummaa qaban mirkaneessuu.fi misooma dinagdee fi hawaasummaa haala itti fufiinsa qabuun raawwachuuf qaama aangoo qabuun faayidaa ummataa jedhamee kan murtaa'uudha. jechuun ni kaa'a.

Hiikkoon keewwattoota sadarkaa feedaraas ta'e naannootti tumaman kana jalatti kenname hawaasni kallattiiniis ta'e al-kallattiin fayyadamaa yoo ta'e kan jedhu waan ta'eef warreen bal'isanii ilaalan/*maximalist view/* jalatti kan ramadaman akka ta'e hubachuun ni danda'ama.

Kana malees guddinni hojii kanarraa eegamu guddina kallatti hundaa ta'u qaba. Akka waliigalaatti qabiyyeen dhuunfaa babal'ina magaalootaaf akkasumas hojii pilaanii misoomaa (karaa, hoospitaala, manneen barnootaa, manneen waliinii fi hidha lagaa adda addaatiif) qabiyyeen lafaa fudhamu faayidaa uummataatiif kan fudhatame akka ta'e hubachuun ni danda'ama.

3.2. Beeksisa Kennuu

Akkuma muuxannoo biyyoota biroo keessatti ibsameen beeksisa qabiyyee gad-lakkisisuu kennuun abbaan qabiyyee komii naannoo sanarratti qabu akka dhiyeessuu fi qabeenya laficharratti qabu akka kaafatuuf kan isa gargaaruu waan ta'eef biyyoota adda addaa keessatti akka ulaagaa tokkootti taa'ee jira.

Labsii qabiyyee gad-lakkisisuu Lakk. 455/1997(kana booda labsii qabiyyee gad-lakkisisuu jedhama) keewwata 4(1) jalatti beeksisni barreeffamaa hanga beenyaa kaffalamuu fi yeroo itti qabiyyee gad-lakkisu qabu agarsiisu karaa bulchinsa aanaa yookiin karaa bulchinsa magaalaatiin abbaa qabiyyeef kennamu akka qabu tumeera. Keewwatni armaan oliitti ibsame ifatti kaa'uu baatuus kaayyoon beeksisaa daangaa yeroo kaawwame keessatti abbaan qabiyyee qabeenya lafa gad-lakkifamuurratti qabu akka kaasuu hubachisuufii dha. Daangaa yeroo qabiyyeen itti gad-lakkifamu ilaalichisee qajeelfamni dhimmicharratti kan bahuu ta'u labsichi kan tume ta'uus hanga hubannaa qorataa kanaatti hanga ammaatti qajeelfamni kun bahee hin jiru. Garuu yeroon akka qabiyyeen gad-lakkifamuuf kennamu qabu guyyaa sagaltamaa gad-ta'uu akka hin qabne keewwata xiqqaa lama jalatti tumeera. Abbaan qabiyyee bu’uura keewwata 4(1) tiin beeksisni isa qaqqabe guyyaa beenyaa fudhatee ykn immoo fudhachuu yoo dide guyyaa beenyaan kanfalamuuf qabu(guyyaa maqaa qaama ajaja kennuutiin lakkoofsi herregaa baankii cufaa banamee kaa’ameetii) eegalee guyyaa sagaltama keessatti qabiyyee gad-lakkisuu qaba.

Sirna beeksisa labsii labsii liizii keessatti tumame ilaalchisee labsichi keewwata 27(1) jalatti beeksisni kennamu yeroo itti gad-lakkifamu, hanga beenyaa kaffalamuu fi lafa bakka bu'aa kennamu kan agarsiisu ta'uu akka qabu ni ibsa. Dambiin kana raawwachisuuf bahe lakk.

155/2005 keewwata 56(1-2) jalatti qaama qabiyyee liizii gad-lakkisuuf beeksisni barreeffamaa kennamuufii kan qabu ta'uu tumeera.

3.3. Yeroo, Hanga fi Kaffaltii Beenyaa

Hojii qabiyyee gad-lakkisiisuu hojiiwwan biroo abbaan qabeenyummaa addaan akka citu taasisan irraa adda kan isa godhu kaffaltiin beenyaa kan qabu ta'u isaati. Akkuma muuxannoo biyyoota adda addaa keessatti ibsameen hojii qabiyyee gad-lakkisiisu keessaa iddoo guddaa kan qabu kaffaltii beenyaa ti. Beenyaan kaffalamu kunis yeroo mataa isaa qaba. Heerri mootummaa feedaraalaa keewwata 40(8) jalatti beenyaan qabiyyee gad-lakkisiisuun dura kaffalamuu akka qabu tumeera. Labsiiwwaan qabiyyee gad-lakkisiisuuf bahan biroos yaaduma kana hammataniiru.

Kaffaltii beenyaa ilaalchisee akkaataa yaadaa(theory) lama akka jiran barreeffamootni ni ibsu. Isaaniis hanga beenyaa abbaan qabeenyichaa dhabe(owner's loss theory ykn indemnity principle) fi hanga bu'aa qaamni fudhate argatu(taker's gain theory) jedhamuun beekamu.

Heerri biyya keenyaas yeroo mirgi qabeenyaa sababa faayidaa uummataa beenyaan madaalawaa kaffalamuu kan qabu ta'uu isaa haala waliigala ta'een keew. 40(8) jalatti tumeera. Haa ta'u malee, heerichi akkaataa yaadaa kamiin kaffalamuu akka qabu waan agarsiisuu hin qabu. Seerotni naannoo kanarratti tumamanii bahanis beenyaan hanga miidhaa dhaqqabe waliin wal-madaalu kaffalamu akka qabu ni ibsu. Kunis, tumaalee labsii qabiyyee gad-lakkisiisuu fi dambii isa raawwachisuuf bahee waliin yeroo sakatta'amu kan hubatamuu dha. Beenyaan akkaataa yaada kanaan kaffalamu kaffaltiiwwan gosa akkamii akka hammatu labsiin qabiyyee gad-lakkisiisu keew. 7 fi 8 jalatti tumameera. Kunis, beenyaan kaffalamu qabeenya abbaan qabiyyee lafichaa qabuuf, fooyya'insa dhaabbataa abbaan qabiyyee lafaratti taasiseef, dhaabbiidhaan ykn yeroof gad-lakkisuuf/buqqa'uu/, baasii qabeenya kaasuu, bakkaa bakkatti sochoosuuf, deebisanii

dhaabuu fi kkf akka haala isaatti kan haguugu ta'u hubachuun ni danda'ama. Kaffaltiin kunis gosaan ykn qarshiin kaffalamu akka danda'u labsiin armaan oliitti ibsame keew. 2(1) jalatti tumeera. Beenyaan kaffaltii gosaa raawwatameera kan jedhamu yoo lafti ykn qabeenya biroon bakka bu'aadhaan kennamiifiidha. Labsiin liizii lafa magaalaa keewwata 26(1 fi 2) jalatti yeroo lafti magaalaa faayidaa uummataaf gad-lakkifamu qabeenya laficharra jiruuf beenyaa madaalawaa akkasumas qabiyyee lafaa isaatiif ammoo lafti bakka bu'aan kennamuufi akka qabu tumeera.

Labsiiwwan sadarkaa naannootti bahanis haala bittinaa'aa ta'een waa'ee shallaggii fi kaffaltii beenyaa tumaniiru. Kana keessaa labsiin lafa baadiyyaa 130/99 tokko dha. labsiin kunis, keewwata 6(11 fi 12) jalatti waa'ee kaffaltii beenyaa fi hanga isaa ibseera. Qotee bulaa qabiyyee isaa faayidaa uummataaf akka gad-lakkisu taasifameef beenyaan qabeenya fi faayidaa abbaan qabiyyee laficharraa dhabe hundaaf kaffalamu akka qabu tumeera. Hanga danda'amaa ta'e lafti bakka bu'aan qabiyyee gad-lakkifame waliin wal-gitu kennamuufi akka qabu tumeera. Haata'u malee bakka lafa wal-gitu bakka buusuun dadhabameetti beenyaan deebisanii dhaabuu kaffalamu akka qabu ni kaa'a. Beenyaan deebisanii dhaabuu labsii qabiyyee gad-lakkisiisuuf bahe keessattis ta'e dambii labsii qabiyyee gad-lakkisiisuu raawwachisuuf bahe keessatti tumamee hin jiru. Dabalataan, labsiin qabiyyee gad-lakkisiisuu keewwata 8(1, 2, fi 3) jalatti beenyaan buqqa'insaa/displacement compensation/ kan kaffalamu yoo bulchinsii aanaa lafa bakka bu'iinsaa dhabe akka ta'e tumeera. Kanaaf, akka yaada qorataa kanaatti beenyaan deebisanii dhaabuu/re-habilitation compensation/ jechuun labsii lafa baadiyyaa keessatti ibsame kaffaltii beenyaa addaa osoo hin ta'in kan labsii fi dambii qabiyyee gad-lakkisiisuu keessatti beenyaa buqqa'iinsaa/displacement compensation/ jechuun ibsamee dha.

Akka qajeeltoottii kaffaltiin beenyaa qarshiidhaan kaffalamuu akka qabu seera hariiroo hawaasaa keessatti kan tumame ta'uus Labsii qabiyyee gad-lakkisiisuu keessatti yoo bulchinsi aanaa lafa haala salphaan qotamuu danda'uu fi galii wal-madaaluu akka argatu taasisu yoo jiraate lafti bakka bu'aan kennamuu kan qabu ta'u keewwata 8(3) jalatti tumameera. Dabalataaniis, qabiyyeen faayidaa uummataaf gad-lakkifamu yeroo lafa qonnaa ta'u hanga danda'ameetti

beenyaa abbaa qabiyyeetiif kaffalamu gosaan ta'uu akka qabu dambiin mana maree ministerootaan lakk. 135/1999 (kana booda dambii qabiyyee gad-lakkisiisuu jedhamu) keew. 15 jalatti tumeera.

Hanga beenyaa madaalawaa armaan oliitti ibsame bira gahuuf adeemsi shallaggii qajeeltoo irratti hundaa'een gaggeeffamu qaba. Kunis tooftaawwan adda addaa kan gaggeeffamuu dha. Isaaniis, tokkooffaa, mala gurgurtaa wal-fakkaataa(comparable sales approach) yoo ta'u malli kunis gabaa keessaa qabeenya wal-fakkaataa gurgurame barbaaduun kan ammaa waliin garaagarummaa inni qabu adda baasuun kan shallagamuu dha. Malli inni lammaffaan ammoo mala galii qabeenyicharraa argamu (Income capitalization Approach) kan jedhamu yoo ta'u malli kunis bu'aa qabeenyicharraa argamu giddu galeessa godhachuun tilmaama gaggeeffamuu dha. Malli inni sadaffaa baasii qabeenyicha argachuuf bahee (Original cost approach) kan jedhamu yoo ta'u kunis hanga maallaqa abbaan qabeenyichaa qabeenya san yeroo itti argatuutti baasee ilaalcha keessa galchuun kan shallagamuu dha. Malli inni afraffaan mala baasii bakka bu'aa(replacement cost approach) kan jedhamu yoo ta'u malli kun qabeenya wal fakkaataa bakka buusuuf baasii fooyya'insaa baasnu erga herregnee booda gatii hanga itti fayyadamuun gadi hir'atee(depreciation) keessaa baasnee gatii(baasii) lafa(bakka) argachuuf baasnu itti ida'uudhaan mala tilmaamuu dha.

Tooftaawwan qabiyyee gad-lakkisiisuu armaan oliitti ibsaman keessaa labsiin qabiyyee gad-lakkisiisuu fi dambiin labsii kana raawwachisuuf bahee tooftaa baasii bakka bu'aatiif beekamti kan laate dha. Tooftaan kunis biyyoota gatiin gabaa sirriitti hin beekamnee fi ijaarsawwan amala addaa qaban keessatti bal'inaan kan hojiirra olaa jiru dha. Dabalataan tooftaan kun keessattuu sarara tajaajila adda addaa faayidaa uummataaf akka ka'u yeroo taasifamu bal'inaan kan hojiirra oluudha. Labsiin qabiyyee gad-lakkisisuu keew. 7(2) jalatti beenyaan kaffalamu qabeenyicha haala amma jiruun irra deebisanii ijaaruuf kan dandeessisuun ta'u akka qabu ni ibsa. Dabalataan keewwatni 6(2) sarara tajaajilaa yeroo gad-lakkifamu tooftaan kun hojiirra olu akka qabu ifaan kaa'ee jira.

Haala shallaggii beenyaa ilaalchise kaffaltiiwwan biroo(qabeenya laficharra jiruu fi fooyya'insa laficharratti taasifameef) kaffalamu akkuma jiruutti ta'ee, beenyaan fonqolfamuuf kaffalmu galii gidduu galeessaa abbaan qabiyyee waggootan shanan darbaniif argate kudhaniin baay'isuun kan kaffalamu ta'a. Kunis yeroo baay'ee kan raawwatamu yeroo qabiyyeen lafaa hojiiwwan hidha lagaa, manneen barnootaa, yuunivarsiitoofii kkf fudhatamu dha. Haalli shallaggii kunis tooftaa armaan oliitti ibsinee waliin kan hin deemneedha. Ta'uus, dambiin qabiyyee gad-lakkisiisuu keewwata 3- 13 jalatti akkaataa shallaggiin kun qabeenya gosa adda addaarratti raawwatamu kaa'eera. Kutaawwan itti aananitti tooftaan kun akkaataa kamiin qabeenya gosa adda addaaf raawwatiinsa akka qabaatu kan ilaallu ta'a.

A) Haala Shallaggii Beenyaa Manaa

Beenyaan manaa kan shallagamuu mana wal-fakkataa ijaaruun baasii barbaachisu tilmaamuun akka ta'e dambiin 135/99 keewwata 3(1) jalatti qajeeltoo waliigalaa kaa'eera. Shallaggiin haala kanaan gaggeeffamuus hojiiwwan manichaan wal-qabatanii mooraa manichaa keessatti hojjataman kan dabalatuudha.Dabalataan hojiiwwan sarara tajaajilaa mana sanaan wal-qabatanii ijaaraman kaasuuf, irra deebisanii bakka haaraatti ijaaruuf barbaachisanillee ni dabalata. Isaaniis, hojii sarara bishaanii, ibsaa fi sarara intarneetii fi bilbilaa adda adddaa ti.Kanaaf, yeroo abbaan qabiyyee laficharratti mana qabaatu bu'uura armaan oliitiin shallagamee beenyaan guutuun kaffalamuu fi qaba.

Haata'uuti, manich gariin kan diigamu ta'e abbaan qabeenyichaa filannoo lama qaba beenyaa guutuu fudhachuun qaama manichaa hafe dhisee deemuu ykn qaama manicha hafe keessatti jiraachuudha. Yoo abbaan qabeenyichaa qaama hafee dhiisee deemuu barbaadee beenyaan guutuu jechuun qaama manicha hafeerrattis kaffalamuufi qaba. Garuu qaama hafeetti fayyadamuu ni barbaada yoo ta'e beenyaan kaffalamu hanga fudhatame duwwaaf ta'a. Abbaan qabeenyaa qaama hafeerratti akka jiraatu kan hayyamamuuf yoo akkaataa plaanii magaalaatiin fudhatamummaa yoo argate duwwadha malee akka mirgaatti abbaan qabeenyichaa kan gaafachu

danda'u miti. Herreegni isaas kan hojjatamu baasii ijaarsaa gatii gabaa yeroo ammaa, fooyya'insa dhaabbata lafichaarratti taasifamanii fi kaffaltii liizii yeroo hafee waliitti ida'uun kan raawwatamu dha.

B) Haala Shallaggii Beenyaa Miidhaanii

Haalli shallaggii miidhaanii kan raawwatamu miidhaan sun osoo gaheera ta'e gatii akka naannoo sanatti baasuu danda'u ilaalcha keessa bifa galcheen ta'u akka qabu dambiin kun keew. 5(1) qajeeltoo waliigalaa kaa'eera. Haata'uuti, miidhaan sun kan gahee yoo ta'e abban qabeenyichaa daangaa guyyaa beeksisa keessatti ibsameef keessatti kaasee fudhachuu ni danda'a. Yoo miidhaan isaa kaasee fudhata ta'e garu beenyaan kaffalamuuf hin jiru. Haala shallaggii miidhaanii ilaalchise bal'ina laficha karee meetiriin gatii miidhaanii gabaa yeroo ammaanii fi hanga oomisha lafa kaaree meetira tokko irratti argamuun baay'isuun fooyya'insa dhaabbataa lafichaarratti taasifamee irratti ida'uun kan argamuu ta'a.

C) Haala Shallaggii Beenyaa Ashaakiltii Dhaabbataa

Ashaakiltiin dhaabbataan sun oomisha kennuu kan jalqabe yoo ta'e omisha waggaatti kennuu gatii gabaa naannoo sanaatiin baay'isuunii fi baasii fooyya'insaa lafichaarratti bahee giddu galeessa godhachuun ta'a.Yoo ashaakiltiin sun oomisha kennuu kan hin jalqabne ta'e baasii hanga oomisha kennuutti bahuu ilaalcha keessa galchuun kan tilamaamamu ta'a.

D) Haala Shallaggii Beenyaa Baargamoo

Baargamoo ilaalchisee tilmaamni isaa raawwatamuu kan qabu gatii baargamoo tokko gabaa naannoo sanaatiin baasuu danda'uu ykn gatii karee meetiraa akka naannoo sanatti baasu giddu galeessa godhachuun ta'a. Haa ta'uu malee, abbaan qabeenyichaa yeroo beeksisa qabiyyee gad-lakkisisuu keessatti ibsameen baargamoo isaa kaasuun fudhachuu ni danda'a.

E) Haala Shallaggii Beenyaa Marga Eegamaa

Haalli tilmaama beenyaa marga eegamaa kan raawwatamu hanga oomishitummaa lafaa fi gatii gabaa yeroo ilaalcha keessa haala galcheen ta'uu qaba. haata'uuti, abban qabeenyichaa yeroo beeksisa keessatti ibsameen marga isaa kaafachuu ni danda'a.

3.4. Sirna Keessummeessa Komii

Akkuma armaan oliitti ibsameen qabiyyee gad-lakkisiisuun adeemsa waan ta'eef adeemsa qabiyyee gad-lakkisisuu fi shallaggii beenyaa waliin wal-qabatee komiiwwan adda addaa jiraachu ni malu. Komiwwan kunis, hanga beenyaa, faayidaa uummataaf kan barbaachisu ta'uuf dhiisuu akkasumas adeemsa hordofamu qabu kan hordofe ta'uuf dhiisuu isaa kan ilaallatanii dha.

Kanarraa kan ka'e biyyootni adda addaa komiiwwan dhiyaatan adeemsa garagaraan akka furamuu taasisu. Chaayinaan falmiiwwan qabiyyee gad-lakkisiisuun wal-qabatan manneen murtiin ilaalamu akka hin qabne seeraan yoo daangeessitu, Afriikaan Kibbaa ammoo manni murtii murtii qaamolee bulchinsaan kenname keessa deebiin/review/ ilaalu akka danda'u seera isaanii keessatti tumaniiru.

Akka biyya keenyatti yeroo komiiwwan adda addaa dhiyaatan akkaataa itti keessummeeffaman ilaalchisee labsiin qabiyyee gad-lakkisisuu keewwata 11 jalatti waan tume qaba. Bu'uura tumaa kanaatiin komii dhiyaatuu qaamolee bulchinsaanii fi mana murtiin ilaalamuu danda'u. Dabalataan, labsii liiziinis keewwata 28 fi 29 jalatti abbaan qabiyyee lafa magaalaa komii isaa qaama qabiyyee gad-lakkisiisee, qaama bulchinsaa komii dhagahuu fi mana murtii biratti akka haala isaa dhiyeessuu akka danda'u tumeera.

Qaamolee bulchinsaatiin wal-qabatee bulchinsii magaalaa qaama komii kaffaltii beenyaadhagahuu hundeessuu akka qabu labsiin qabiyyee gad-lakkisiisuu keewwata 11(2) jalatti tumeera. Kanaaf, komiin kaffaltii beenyaa waliin wal-qabatee ka'u jalqabarratti qaama kanatti

kan dhiyaatu ta'a. Qaamni kun adeemsa maaliin falmii gaggeessaa, murtii kenna kan jedhuurratti labsichi waan jedhu hin qabu. Haata'uuti, naannooleen dhimmicharratti qajeelfama baasuu akka danda'an labsiin kun keewwata 11(3) jalatti tumeera. Biyyoota biroo keessatti fakkeenyaaf, kaanaadaa keessatti, qaamoleen kunneen akkuma mana murtii falmii gaggeessuun, ragaawwan barbaachisoo ta'an xiinxalauun murtii kennu. Akka biyyaa fi naannoo keenyatti qajeelfamni koreen kun itti hojjachuu qabu bahee hin jiru. Kanaaf, adeemsi koreen kun hordofu akkuma biyyoota biroo falmii gaggeessuun akkasumas ragaa dhagahuun yoo ta'e komii dhiyaate san sirritti qulqulleessuuf kan isaan gargaaru ta'a.

Bakka qaamni kun hin hundeeffamneettii komiin beenyaa kallattiin mana murtiitti kan dhiyaatu ta'a.Dhimmi biroon as irratti ilaalamuu qabu mana murtii sadarkaa kamiitti dhiyaachu qaba kan jedhuu dha. Kanarratti, labsiin qabiyyee gad-lakkisiisuu waan kaa'uu hin qabu. Kanaaf, seerri waa'ee aangoo manneen murtii haala waliigalaan kaa'u seerri deemsa falmii hariiroo hawaasaa dhimma kanarratti raawwatiinsa kan qabu ta'a. Seera hariiroo hawaasaa keewwata 15(2-e) jalatti falmiin qabiyyee gad-lakkisiisuu fi faayidaa uummataatiif oolchuu waliin wal-qabatee jiru mana murtii olaanaatti ilaalamuu kan qabu ta'u ni kaa'a. Kanaaf, bakka qaamni komii dhaggeeffatu hin jirreetti himannaan kallattiin mana murtii olaanaatti kan banamuu yoo ta'u bakka qaamni komii dhaggeeffatu jiruutti himannaan bifa oliyyannoon qaama kanarraa mana murtii idileetti kan dhiyaatu ta'a.

Seerri qabiyyee gad-lakkisiisu manni murtii hanga beenyaa irratti komii dhiyaaturratti murtii kennuu kan danda'u ta'u ni kaa'a. Haa ta'u malee, falmiiwwan biroo kan akka adeemsa qabiyyee gad-lakkisiisuu keessatti hordofamu qabanii fi hojichi faayidaa uummataaf ta'uu isaa irratti manni murtii aangoo kan qabu ta'uu isaatiif wanti ifaan kaa'e hin jiru. Kanarraa kan ka'e komiiwwan kaffaltii beenyaan ala jiran irratti gaheen mana murtii maalii kan jedhu irratti ogeessotni yeroo hiika kennan ni mul'ata. Ogeessi tokko Seera Deemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa keewwata 15(2-e) jalatti manni murtii olaanaa falmiiwwan qabiyyee faayidaa uummataatiif gad-lakkisiisu waliin wal-qabatanii jiran irratti aangoo kan qabu waan ta'eef manni murtii kun dhimmoota beenyaan wal-qabatanii fi sanaan ala jiran ilaaluuf aangoo qaba jechuun

ibsa. Yaada kanas yoo ibsan falmiiwwan qabiyyee gad-lakkisiisuu yoo jedhamu ammoo falmii beenyaa madaalawaa, adeemsa hordofamu qabu, qaamolee aangoo qaban, fi aangoo qaama qabiyyee gad-lakkisisuu ni dabalata waan ta'eef manni murtii dhimmoota beenyaan ala jiran irrattis aangoo qaba jechuun ibsu. Yaada barreessaa kana yeroo ilaallu akkuma muuxannoo biyyoota garagaraa keessatti ibsameen komiiwwan qabiyyee gad-lakkisiisuu waliin wal-qabatan hundi haala wal-fakkaataa ta'een biyyoota garagaraa keessummaa'aa hin jiru. Seera ifaan tumame jiru irratti hundaa'uun kan keessummaa'anii dha. Fakkeenyaaf, Afriikaa Kibbaa keessatti komii faayidaa uummataan wal-qabatu irratti gaheen mana murtii akka dhimmoota hanga, haala shallaggii fi yeroo kaffaltii beenyaa bal'aa miti. Biyya tokko tokkootti dhimma faayidaa uummataa jedhu irratti manni guutuummaan guutuutti akka hin ilaalle kan daangeessan yoo ta'u, bakka tokko tokkootti aammoo aangoo mana murtii keessa deebin ilaaluu duwwaa irratti daangessu. Kana malees, seerota akka biyya keenyaa qabiyyee gad-lakkisiisuu irratti tumaman yoo ilaallu falmii faayidaa uummataa akka falmiiwwan qabiyyee gad-lakkisiisuu kaan kan hin ilaalamne akka ta'e ni kaa'u. Fakkeenyaaf, labsii liizii lafa magaalaa lakk 721/2004 keewwata 29(3) jalatti komiin mana murtiitti dhiyaatu komii beenyaa duwwaa akka ta'e ni agarsiisa. Kanaaf, komiin faayidaa uummataa waliin wal-qabatu akka komiiwwaan birootti ol'iyyannoon mana murtii dhiyaachuun kan ilaalamu akka hin taane hubachuun ni danda'ama. Kanaaf, seerota biyyaa keenyaa irraa yeroo ilaallu dhimmi faayidaa uummataa jedhu dhimma mana murtiin ilaalamu akka hin taane hubachuun ni danda'ama. As irratti wanti hubatamuu qabu seerichi faayidaa uummataa murteessuu ilaalchisee aangoo bal'aa ta'e qaama bulchinsaaf kan kenne waan ta'eef, aangoon bal'aa kana gar-malee akka itti hin fayyadamne sirni itti gaafatamummaa cimaa diriiruu qaba.

Ijoo adeemsa qabiyyee gad-lakkisiisuu hordofuu dhabuu waliin wal-qabatee qaamoleen bulchinsaa yeroo qabiyyee gad-lakkisiisan adeemsa hordofu qaban seeraan tumamu qaba. Yoo qaamni bulchinsaa adeemsa seeraan taa'e hordofuu baate komiin qaamolee bulchinsaa yookiin mana murtii akkaataa seera irra taa'ee jiruun dhiyaachuu danda'a. Yeroo seerri komiin adeemsaa qaama bulchinsaa birratti dhagahamu akka qabu tumuttii; murtii qaama bulchinsaa sanarraa mana murtiitti kan iyyatamu ta'uufi dhiisuu isaa dabalatee kaa'uu qaba. Yoo seerichi kana kaa'u baate ol'iyyannoon mana murtiitti kan ilaalamu ta'uuf dhiisuu isaa murteessuuf seera bulchinsaa

haala waliigalaan waa'ee murtii qaamolee bulchinsaa irra deebiin ilaalu jedhuun kan ilaalamu ta'a. Yoo seerri bulchinsaa dhimma kana hoogganu hin jiru ta'e dhimmootni kanneen qajeeltoo waliigalaa seera bulchinsaan kan hogganaman ta'u. Seera qabiyyee gad-lakkisiisuu 455/97 yoo ilaalle dogoggoorri adeemsa qabiyyee gad-lakkisiisuu qaamolee bulchinsaa biratti jiru mana murtiin kan ilaalamu ta'uuf dhiisuu isaa waan agarsiisu hin qabu. Bakka seerri waa'ee dhimma kanaa tumu ifa hin taaneetti gahee mana murtii murteewwan qaamolee bulchinsaa irratti qabu seera bulchinsaan kan hogganamu ta'a, haa ta'u malee, akka biyya keenyatti seerri bulchinsaa qindaa'aan waan hin jirreef dhimmootni akkanaa qajeeltoo waliigalaa seera bulchinsaan kana ilaalaman ta'a. Akkuma armaan oliitti muuxannoo biyya afriikaa kibbaa keessatti ibsameen manneen murtii qaama bulchinsaan hojii isaa yeroo gaggeessuu adeemsa seeraa kan hordofe ta'uuf dhiisuu isaa ilaaluu kan danda'an ta'u ni kaa'a. Kana malees manneen murtii murtiiwwan qaamolee bulchinsaa irra deebiin ilaaluuf qajeeltowwan ittin hogganaman keessaa tokko qajeltoo qajeelummaa dhabuu adeemsaa/procedural irregularity/ dha. Kanaaf, akkaataa qajeeltoo seera bulchinsaatiin manni murtii dogoggora adeemsa qaamni bulchinsaa raawwate sirreessuu danda'a. Kanaaf, qabiyyee gad-lakkisiisuu waliin wal-qabatee dogoggoora adeemsa raawwatame akka sirraa'u yoo manni murtii ajaje qajeeltoo seera bulchinsaa keessaa kan hin baane akka ta'e hubatamuu qaba.

3.5. Namoota Qabiyyee Isaanii Gad-Lakkisan Irra Deebisanii Ijaaruu fi Gahee Qaamolee Adda Addaa

Namoota faayidaa uummataatiif qabiyyee isaanii gad-lakkisan irra deebisanii ijaaruun /rehabilitation/ hojii misooma adda addaa keessa akka galan hin taasifamu taanaan misooma kallattii hundaan hawaasa hunda hirmaachise gaggeessuun hin danda'amu waan ta'eef seerotni sadarkaa feedaraalaa fi naannootti tumaman dirqama namoota kan ijaaruu qaamolee adda addaarratti gaatanii jiru. Namoota qabiyyee isaanii gad-lakkisan akka of danda'an taasisuu jechuun beenyaa gahaa akka isaanii kaffalamu gochuu irra kan darbuu dha. Kana malees, namoota akka of danda'an gochuu jechuun madda galii biroo akka argatan taasisuu fi mana biroo akka argatan taasisuu kan dabalatuu dha. Qaamoleen dirqamni kun irratti gatamees bulchinsa

aanaa, bulchinsa magaalaa, biiroo lafaa fi eegumsa naannoo, Biiroo Industirii fi misooma magaalaa, koree invastimantii sadarkaa sadarkaan jiranii fi boordii invastimantii akka ta'an seeroota waa'ee kanaa sadarkaa feedaraalaa fi naannootti tumamaniirraa hubachuun ni danda'ama. Gaheen qaamolee kanaas maal akka ta'e akka armaan gadiitti ibsameera.

A) Gahee Bulchinsa Aanaa fi Magaalaa

Adeemsi qabiyyee gad-lakkisisuu adeemsa bal'inaan qaamolee raawwachiftuun gaggeeffamu waan ta'eef gaheen bulchinsa aanaa fi magaalaa guddaa akka ta'e tilmaamuun nama hin dhibu. Qabiyyee gad-lakkisisuun faayidaa uummataaf ta'uun isaa qaama olaanaa naannoo ykn feedaraalaatiin itti aamanamuun akka gad-lakkifamu yoo murtaa'e hojiin itti aanuu adda dureen kan raawwatamu qaama bulchinsaa aanaa ykn magaalaatiin ta'a.

Hojii qaama kanaa keessa inni duraa koree beenyaa tilmaamuu hundeessuu dha. Laftii gad-lakkifamuu aanaa keessatti kan argamu yoo ta'e bulchinsi aanaa namoota ogummaa naannoo sanarratti qaban shan karaa bulchinsa aanaan filatamu. Gama biroon lafti gad-lakkifamu magaala keessa kan jiru yoo ta'e bulchinsi magaalaa namoota ogummaa naannoo sanarratti qaba shan filachuun koree kana kan hundeessuu ta'u labsiin kun keewwata 10(2) jalatti tumeera. Akkataa koreen kun hojii isaa gaggeessuurratti qajeelfamni kan bahu ta'u labsiin kun ni ibsa. Gaheen hojii bulchinsa aanaa ykn magaalaa biroon ammoo namootni qabiyyee isaa akka gad-lakkisan taasifaman bu'uura labsii irra taa'een beenyaa kaffaluu ykn akka isaanii kaffalamu taasisuu dha.

Dabalataan bulchinsii aanaa fi magaalaa namoota qabiyyee isaa gad-lakkisan irra deebi'anii akka ijaaraman taasisuuf dirqama qaba. Qotee bultootni naannoo fi biyya keenyaas ta’an kan biroon irra caalaan isaanii hojii qonnaatiin jireenya isaanii kan gaggeessan waan ta’aniif ogummaa biraa hin qaban. Kanaaf, qotee bultootni ogummaa biroo jireenya isaanii ittiin deeggaruu danda’an akka horatan gochuun barbaachisaa dha. Kunis, hojiin namoota qabiyyee isaanii gad-lakkisan

ijaaruun beenyaa kaffaluu duwwaan kan dhaabbatu akka hin taane kan agarsiisuu dha. Kanaaf, dirqamni kun labsii qabiyyee gad-lakkisiisuu keessatti bulchinsa aanaa fi magaalaarratti gatameera.

B) Gahee Waajjira Lafaa fi Eegumsa Naannoo fi koreewwan Invastimantii

Seerri qabiyyee gad-lakkisisuu sadarkaa naannootti kan hin tumamne ta'uus labsiiwwan addaa addaa sadarkaa naannootti tumaman keessatti qaamoleen garagaraa qabiyyee gad-lakkisisuun wal-qabatee dirqama kan qaban ta'uu ni ibsu. Isaan keessa tokko labsii qaamolee raawwachiftuu mootummaa naannoo Oromiyaa Aangoo fi gahee hojii isaanii murteessuf bahe lakk. 163/2003 fooyyeessuuf bahee labsii lakk.170/2004 yoo ta'u labsiin kunis keew. 3(8) jalatti Biiroon bulchinsa lafa baadiyyaa fi eegumsa naannoo lafa baadiyyaa hojii misooma adda addaatiif barbaadame ilaalchise qaama dhimmi ilaaluu wajjiin shallaggii beenyaa akkaataa seeraatiin raawwachuu, kaffaltii beenyaa kanas osoo lafa isaanii gad-hin lakkisiin dura akka argatan, akkasumas namoota qabiyyee isaanii gad-lakkisan irra deebi'anii akka of-danda'an qaamolee dhimmi isaan ilaaluu waliin hojjachuu fi garagaaruu kan qabu ta'uu tumeera. Dabalataan, dambiin 151/2005 keewwata 6(5) jalatti "Namoota qabiyyee lafa isaanii irraa ka'anii beenyaan maallaqaan kaffalamuuf fedhii isaanii irratti hundaa'ee misooma barbaadan irratti akka bobba'aniif Biiroon qaama dhimmi ilaallatu waliin pirojeektiin qophaa'ee deebi'anii akka ijaaraman ni hordofa, ragaa ni qabata, raawwii isaa yeroo yeroon gabasa ni dhiyeessa." jechuun tumeera. Kunis yaada armaan oliitti ibsame kan cimsu dha. Haaluma wal-fakkaatuun labsiin eejansii misoomaafi maanajimantii lafa magaalaa lakk.179/2005 keewwata 8(15) jalatti dirqama namoota qabiyyee isaanii faayidaa uummataaf gad-lakkisan ijaaru qaama kanarratti gateera.

Kanaaf, tumaa seeraa armaan oliitti ibsamee kanarraa kan hubannu waajjiraalee lafaa fi eegumsa naannoo sadarkaa sadarkaan jiran namoota qabiyyee isaanii gad-lakkisan ijaaruu irratti gahee mataa isaanii bahuu kan qaban ta'uu isaanii ti.

Labsiin bulchinsa Invastimantii mootummaa naannoo Oromiyaa irra deebidhaan hundeessuuf bahee lakk.115/1998 fooyyeessee labsii bahe lakk. 138/2000 qabiyyee gad-lakkisiisuun wal-qabatee aangoo fi gahee hojii koree Invastimantii sadarkaa sadarkaan jiran kaa'ee jira. Koreen invastimantii kunis sadarkaa naannootti Boordii Invastimantii kan jedhamu yoo ta'u sadarkaa godinaa fi aanaatti koree invastimantii jedhamuun beekama. Koreewwan sadarkaa sadarkaan jiran hojii baay'ee kan hojjatan ta'uus kanneen keessaa kallattiin qabiyyee gad-lakkisiisuu waliin wal-qabatan akka kanaa gadiitti ibsamaniiru.

- Invastimantii ilaalchisee qajeelfama adda addaa baasuu.
- Beenyaan lafa invastimantii akkaataa seeraatiin akka kaffalamuu taasisuu fi haala raawwii isaas ni hordofu.
- Hanqinaaleen shallaggii fi kaffaltii beenyaa waliin wal-qabatanii jiran akka sirraa'an gochuu.

Kanaaf, akka waliigalaatti namootni qabiyyee isaanii faayidaa uummataaf jecha akka gad-lakkisan taasifaman beenyaa gahaa akka argatanii fi irra deebi'anii akka ijaaraman gochuuf, qaamoleen bulchinsa aanaa, bulchinsa magaalaa, biiroo bulchinsa lafaa fi eegumsa naannoo, koree invastimantii sadarkaa sadarkaan jiruu fi boordiin invastimantii dirqama kan qaban ta'uu hubachuun ni danda'ama.

Boqonnaa Sadii

Adeemsa Qabiyyee Lafaa Faayidaa Uummataaf Gad-lakkisiisuu: Xiinxala Daataa

Seensa

Boqonnaa lammaffaa keessatti adeemsa qabiyyee gad-lakkisiisuuf hordofamu qabu maal maal akka ta'e seerota garagaraa sakkatta'uun ibsameera. Adeemsi kunis qabiyyee lafaa faayidaa uummataaf gad-lakkisiisuu, sirna beeksisni itti kennamu, yeroo fi haala shallaggii beenyaa, Sirna keessummeessa komii fi namoota qabiyyee isaanii faayidaa uummataaf gad-lakkisan irra deebsanii ijaaruu kan of keessatti hammatuu dha. Adeemsa kana gaggeessuuf koreewwan adda addaa hundeeffamuu kan qaban ta'uu labsiin qabiyyee gad-lakkisiisuu fi labsiiwwan biroo sadarkaa naannootti tumaman ni ibsu.

Boqonnaa kana keessatti adeemsi qabiyyee gad-lakkisiisuuf seeraan taa'e jiru akka naannoo Oromiyaatti haala maaliin raawwatamaa akka jiru ni sakkata'ama. Kunis, daataawwan bifa af-gaaffii, bar-gaaffii fi sakatta'a galmeen argaman seerota dhimma kanaaf raawwatinsa qaban waliin waliitti fiduun kan gaggeeffamu ta'a. Bakka barbaachisaa ta'eettis xiinxalli taasifame gabateen kan ibsamu ta'a. Adeemsi qabiyyee gad-lakkisiisuu kanas bakka gurguddoo jahaatti qooduun kan xiinxalamu dha. Dabalataan, sakkata'insi taasifamu rakkoowwan adeemsa qabiyyee gad-lakkisiisuu waliin wal-qabatan kana adda baasuu dha.

1. Faayidaa Uummataa

Akkuma boqonnaa lammaffaa keessatti ibsameen qabiyyee gad-lakkisiisuuf akka ulaagaatti biyyoota garagaraa fi seerota biyya keenya keessatti ibsame keessaa inni duraa jecha *faayidaa*

uummataa jedhu dha. Jechi faayidaa uummataa jedhu jecha iftoomina hin qabnee fi haala garagaraan hikamaa kan jiru waan ta'eef qabatamaatti qabiyyeen gad-lakkifame faayidaa uummataaf gad-lakkifame moo? miti? jechuun murteessuuf rakkisaa dha. Haata'u malee, Seerota biyya keenyaa fi muuxannoowwan biyyoota garagaraa keessatti akkuma ibsameen hojiiwwan faayidaa uummataaf raawwatamaniidha jedhaman hojiiwwan invastimantii, babal'ina magaalootaa, karaa(daandii), hojii bishaan dhugaatii, manneen waliinii, manneen barnootaa, buufata fayyaa, hidha lagaa, sarara ibsaa fi kkf kan hammatu akka ta'e boqonnaa lammaffaa keessatti ilaalleerra. Murtiin kunis qaama bulchinsaan kan kennamuu dha. Kanaaf, qabiyyeen tokko faayidaa uummataaf kan gad-lakkifame ta'uu isaa madaaluun rakkisaa waan ta'eef qorannoo kanaaf qabiyyeen gad-lakkifame tokko faayidaa uummataaf kan gad-lakkifamee dha kan jedhamu yoo hojiiwwan armaan oliitti ibsamaniif gad-lakkifamee dha. Hojiin qabiyyee gad-lakkisiisuun kunneen gariin isaanii mootummaan kan gaggeeffaman (babal'ina magaalootaa, karaa, bishaan, manneen waliin manneen barnootaa, buufata fayyaa, hidha lagaa, sarara ibsaa) yoo ta'an kaan ammoo abbootii qabeenyaa dhuunfaan kan gaggeeffamanii(invastimanti) dha.

Haala qabatamaa naannoo Oromiyaatti namootni hojii maaliif qabiyyee isaanii gad-lakkisaa akka jiran baruuf gaaffiin: *Qabiyyee keessan hojii maaliif gad-lakkisatan?*jedhu namoota qabiyyee isaanii gad-lakkisaniif dhiyaateera. Namootni kunis hojiiwwan daandii, sababa babal'ina magaalaa irraa kan ka'e lafti isaanii maastar plaanii magaalaa jala waan galeef, ijaarsa hospitaalaa, keellaa fayyaa, bishaan dhugaatiif akka ta'e ibsaniiru. Kana malees qaamolee bulchinsaa qabiyyee gad-lakkisiisan hojiiwwan akkamiitiif qabiyyee gad-lakkisiisaa akka jiran gaafamanii hojiiwwan kan akka ijaarsa yuunivarsiitii, hospitaalaa, karaa, manneen barnootaa, warshaa adda addaa invastimantii fi kkf kan qabiyyee gad-lakkisiisaa jiran ta'uu ibsaniiru.

Hojiiwwan kana kallatti seerota dhimma kanaaf rogummaa qabaniin yoo ilaallee; akkuma boqonnaa lammaffaa keessatti ibsameen seerri keenya yaad-rimee faayidaa uummataa jedhu haala bal'aa ta'een kan kaa'e dha. Seerota sadarkaa feedaraalaa fi naannoo yeroo sakattaanu hojiiwwan invastimantii, babal'ina magaalootaa, karaa(daandii), hojii bishaan dhugaatii, manneen waliinii, manneen barnootaa, buufata fayyaa, hidha lagaa, sarara ibsaa hojii faayidaa uummataaf gaggeeffan akka ta'an hubachuun ni danda'ama. Qabatamaattis hojiiwwan qabiyyee

akka gad-lakkifamu itti taasifamanis kan armaan oliitti ibsamanii irraa adda waan hin taaneef kallattii kanaan rakkoo kan hin jirree ta'u hubachuun ni danda'ama.

Haa ta'u malee, raawwii isaa irratti hanqinaaleen tokko tokko kan jiran ta'uu xiinxala taasifameerraa hubachuun ni danda'ama. Kunis:

A) Lafa invastimantiif kenname yeroo jedhame keessatti hojii murtaa'eef oolchuu dhabuu

Faayidaa uummataa irratti akkaataa yaadaa jiran keessa seerotni biyya keenyas ta'an naannoo keenyaa akkaataa yaada bal'isanii hiikan/*maximalist/*kan hordoftu akka ta'e boqonnaa lammaffaa keessatti ibsameera. Akkaataa yaadaa kanaan qabiyyeen ykn qabeenyi gad-lakkifame tokko faayidaa uummataaf gad-lakkifame kan jedhamu yoo hojiin sun humna indastirii, oomishtummaa, carraa hojii fi kkf yoo uuma ta'e dha. Gama biroon yoo hojiin sun akkaataa yaadameen humna indastirii, oomishtummaa hin dabaluu ykn carraa hojii hin uumu ta'e raawwiin isaa hanqina kan qabu dha jechuu dha.

Xiinxala taasifameenis lafa invastimantiin kennaman wal-qabatee akka naannoo Oromiyaatti carraa invastimantii jiruun invastarootni biyya alaa fi biyya keessaa fayyadamaa jiru. Qabatamaatti af-gaaffii taasifameen piroojaktiin invastimantiin baay'een Oomishitummaa, humna indastirii dabaluun namoota baay'eef carraa hojii kan uumaa jiran ta'u hubatameera.Adeemsa kenninsa lafa invastimantii irratti fooyya'insi haa jiraatuyyuu malee ammallee abbootiin qabeenyaa tokko tokko haala oomishtummaa hin daballeen faayidaa dhuunfaa isaaniitiif lafa qabatanii kan jiran ta'uun isaa af-gaaffii taasifameen ibsameera. Af-gaaffii taasifameen dabalataan daataawwan Koomishinii Invastimantii Oromiyaa fi waajjiraalee invastimantii adda addaarraa funaanamees yaada armaan oliitti ibsame kan cimsuu dha. Fakkeenyaas, hanga bara 2004 ji'a caamsaatti abbootii qabeenyaa 533 ta'an irraa laftii 9863.24 kaaree meetirri akkaataa waliigaltee seenameen waan misoomsu hin dandeenyeef waliigalteen

akka addaan citu ta'eera. Akka magaalaa Dukamiitti abbootii qabeenyaa hojii invastimantiif lafa fudhatan 467 keessaa hanga bara 2005 tti abbootii qabeenyaa 49 ta'an akkaataa waliigaltee seenaniin lafa fudhatan misoomsuun oomishitummaa, dabaluu waan hin dandenyeef waliigalteen isaanii diigameera. Abbootiin qabeenyaa waliigalteen isaanii akka diigamu taasifaman baay'een isaanii humna osoo hin qabaatiin lafa qabachuun faayidaa hin mallee argachuuf kan socho'aa turani dha. Kana malees, abbootiin qabeenyaa tokko tokko bara 1997 irraa kaasee hanga ammaatti lafa qabatanii osoo irratti hin hojjatiin kan taa'an jiru. Lafa invastimantii faayidaa uummataaf qixa yaadameen hojiirra hin oollee gad-lakkisiisuu irratti hanqinni kan jiru ta'uun af-gaaffii taasifameerraa hubachuun ni danda'ama.

Seerota naannoo kanatti tumamanii jiran kallatti kanaan yoo ilaallee haala kiraa sassaabdummaa hambisuu danda'amuun kan tumamanii dha. Fakkeenyaaf, labsii liizii lafa magaalaa lakk.721/2004 keewwata 35(1(c)) jalatti qaamni akkaataa labsii kanaan tarkaanfii fudhatamu qabu fudhachuu dhabe irratti adabbiin yakkaa kan fudhatamu ta'uu kaa'eera. Tarkaanfii fudhatamu qaban keessaa tokko qaamni qabiyyee gad-lakkisiisuuf aangoo qabu abbaa qabiyyee akkaataa waliigaltee liizii seeneen lafa misoomsu hin dandeenye irratti tarkaanfii fudhachuu kan qabu ta'uu isaa akka ta'e tumaa keewwata 26(3) irraa hubachuun ni danda'ama. Dambiin sadarkaa naannoo oromiyaatti bahee lakk 155/2004 tarkaanfiin kun fudhatamu kan qabu ta'uu isaa tumeera. Akkuma xiinxala armaan olii irraa hubachuun danda'amuutti abbootiin qabeenyaa lafa duwwaa qabatanii kan jiran ta'uu hubatameera. Abbootii qabeenyaa kana irrattis muraasa isaanii irratti tarkaanfiin kan fudhatame ta'uus kanneen tarkaanfiin osoo irratti hin fudhatamne akka jiranis hubatameera. Kanaaf, bu'uura tumaalee kanaan abbootii qabeenyaas ta'e qaamolee tarkaanfii kana raawwachisuu qaban irratti tarkaanfii fudhachuun barbaachisaa dha.

Lafa baadiyyaa ilaalchisee akkaataa qaamni waliigaltee seene akkaataa waliigaltee seeneen yoo hojjachuu baate waliigalteen isaa itti diigamuu danda'u sirinii diriree jira. Akkaataa sirna diriree jiruun waliigalteen abbootii qabeenyaa hedduu akkaataa waliigaltee seenaniin hojjachuu hin dandeenye kan diigamee jiru ta'u ilaalleerra. Abbootiin qabeenyaa waliigalteen isaanii hin diigamnes kan jiran ta'uu af-gaaffii taasifameerraan hubachuun ni danda'ama. Kanaaf, abbootii

qabeenyaa akkaataa waliigaltee seenameen hojjachuu hin dandeenye akkaataa sirna diriiree jiruun waliigaltee isaanii akka addaan citu taasisuun barbaachisaa dha.

Kanaaf, daataawwan armaan oliitti ibsamanii fi af-gaaffii taasifameerraa akka hubatamu lafti piroojaktii invastimantiif akka gad-lakkifaman taasifaman keessaa kan omishitummaa dabalan, humna indastirii guddisan, akkasumas carraa hojii uuman kan jiran ta'uus akka waliigaltee seenaniin hojjachuun oomishitummaa, humna indastirii fi qabeenyaa dabaluu irratti hanqina kan qabanis jiru. Kunis, lafti hojii invastimantiif akka gad-lakkifamu taasifamu irratti rakkoon raawwii kan jiru ta'uu isaa agarsiisa.

2. Sirna Beeksisaa

Beeksisa kennuun qaama qabiyyee gad-lakkisuu qabeenya isaa akka kaafatuu fi komii adda addaa yoo qabaate akka dhiyeessu kan isa gargaaru waan ta'eef akka ulaagaatti labsii qabiyyee gad-lakkisisuu keessatti taa'era. Beeksisni kennamu hanga beenyaa kaffalamuu fi yeroo itti qabiyyee gad-lakkifamu kan agarsiisuu akka ta'u qabu boqonnaa lammaffaa keessatti ibsameera. Kanaaf, kutaa kana jalatti beeksisa ulaagaa seeraa guute yeroo jennu beeksisa hanga maallaqaa fi yeroo itti gad-lakkifamu kan ibsu jechuu dha.

Akka naannoo Oromiyaatti sirni beeksisni qabiyyee gad-lakkisisuu ulaagaa seeraa kan eeggate ta'uuf dhiisuu isaa adda baasuuf gaaffiin namoota qabiyyee isaanii gad-lakkisan, ogeessota seeraa(abbootii seeraa), ogeessota waajjira lafaa fi eegumsa naannoo, fi hoggantoota waajjiraalee dhimmichi isaan ilaalatuuf dhiyaateera. Bu'aan isaas akka armaan gadiitti xinxalameera.

Ogeessota seeraa fi ogeessota shallaggii irratti hojjataniif beeksisni kennamu hangam ulaagaa seeraa kan guute akka ta'e xiinxaluuf gaaffii: *Namoota qabiyyee isaanii akka gad-lakkisan*

*taasifamaniif beeksisni ulaagaa seeraa (yeroo itti gad-lakkisuu qabanii fi beenyaa) ibsuu yeroodhaan akka isaan qaqqabu taasisuun maal fakkaata?*jedhu dhiyaatee bu'aan argame akka armaan gadiitti gabateen ibsameera.

Gabatee Lakk.3.1. baay'ina namoota sirna beeksisa irratti gaafataman agarsiisu

Lakk.	Baay'ina namoota gaafataman	Baay'ina namoota deebii kennan	Qabxiin kenname	
			Yaraa	Gaarii
1	83	77	48(62.3%)	29(34.9%)

Gabatee armaan olii irraa akka hubannutti namoota yaada kennan keessaa irra caalaan isaanii ykn namootni 48(62.3%) sirna beeksisa ulaagaa seeraa guute kennuu irratti hanqinni kan jiru ta'uu yoo ibsan namootni 29(34.9%) ammoo haalli kenninsa beeksisaa gaarii dha jedhaniiru. Kanaaf, gabatee kanarraa kan hubatamu ogeessotni kunneen irra caalaan isaanii beeksisni kennamu ulaagaa seeraa kan hin eegne ta'uu isaatti kan amanan ta'uu agarsiisa. Hanqinaaleen kunis akka kanaa gadiitti xiinxalamaniiru.

A) Barreeffamaan Ta'uu Dhabuu Fi Bakka Barreeffamaan Kennameettis Yeroo Seerrara Taa'e Kabajuu Dhabuu

Beeksisni namoota qabiyyee isaanii gad-lakkisaniif kennamu barreeffamaan ta'uu akka qabu labsii qabiyyee gad-lakkisiisuu keessatti tumamee jira. Dhimma kanarratti namoota qabiyyee isaanii gad-lakkisaniif beeksisni barreeffamaa kan kennameef ta'uuf dhiisuu isaanii gaafatamanii baay'een isaanii kan hin kennamneef ta'uu ibsaniiru. Kanarraa kan hubatamuu namoota qabiyyee isaanii akka gad-lakkisan taasifamaniif beeksisa barreeffamaa kennuurratti hanqinni kan jiru ta'uu isaa ti. Kunis, ulaagaa seeraan tumame kabaju irratti hanqinni raawwii kan jiru ta'u agarsiisa.

Af-gaaffii hoggantoota waajjira lafaa sadarkaa adda addaa irra jiranii fi ogeessota naannoo kanarratti hojjatan waliin taasifameen beeksisni barreeffamaa kennurratti hanqinni kan jiruu fi beeksisa barreeffamaa kennamaa kan hin jirree ta'uu; garuu namoota qabiyyee gad-lakkisisuuf deeman waliin afaaniin mariin gaggeeffamaa kan jiru ta'uu isaa ibsaniiru. Hawaasa mariisisuun labsii qabiyyee gad-lakkisiisuu keessatti akka adeemsa tokkotti kan hammatame ta'uu baatuus seerri hariiroo hawaasaa keewwata 1465 keewwata xiqqaa 1 fi 2 jalatti hawaasa mariisisuun kan danda'amu ta'u ni ibsa. Kanaaf, marii gaggeessuun adeemsa deeggarsa seeraa qabuu fi sirrii dha. Haa ta'u malee, marii duwwaa gaggeessuun beeksisa barreeffamaa kennuu dhabuun sirna beeksisa guutuu hin taasisu waan ta'eef akka hanqinatti fudhatamuu danda'eera. Adeemsi afaaniin gaggeeffamu kunis bakka hundatti wal-fakkaataa miti. Bakka tokko tokkootti koree misooma magaalaa abbootii qabeenyaa fi jaarsoolii biyyaa qabachuun marii taasisuun kan gaggeeffamuu dha. Bakka tokko tokko kaabineen aanaa gandatti gad-bu'uun erga mariin taasifame booda namoota kana waliitti qabuun akka mallatteessan kan taasifamu dha. Adeemsi armaan oliitti ibsame sirna beeksisa keessatti hammatamuun isaa akka yaada qorataa kanatti rakkoo kan qabu miti. Haa ta'u malee, mariin erga taasifame booda akkaataa seerarra taa'ee jiruun beekisisni barreeffamaa hanga beenyaa fi yeroo itti gad-lakkisamuu qabu ibsu kennamuu dhabuun isaa qaamni sun komii isaa haala sirnaawaa ta’een akka hin dhiyeessine isa taasisa. Osoo beeksisni barreeffamaa hanga beenyaa agarsisuu isaaniif kennemeera ta’e yoo komii qabaatan qaama komii dhaggeeffatu biratti komii isaanii dhiyeefachuuf akka ragaatti itti fayyadamu danda’u.

Labsii qabiyyee gad-lakkisiisuu raawwachisuuf sadarkaa naannoo keenyatti dambiinii fi qajeelfamni bahee kan hin jirre ta’uus labsichi yeroo qabiyyee gad-lakkisiisuuf kennamu haala kamiinuu guyyaa 90 gad ta’uu akka hin qabne tumeera. Ta'uus yoo lafa gad-lakkifamurratti qabeenyi hin jiru ta'e guyyaa 30 keessatti akka gad-lakkifamu taasifamuu danda'a. Dambiin liizii fi qajeelfamni sadarkaa naannoo Oromiyaatti bahee jiru qaama beeksisni kennamuufii qabuu fi haala itti kennamuu qabu tumeera. Haa ta’u malee, bakka beeksisni barreeffamaa kennameetti akkaataa seerarra taa'een yeroo gahaa qabiyyee isaanii itti kaafatan kennu waliin wal-qabatees

hanqinni kan jiru ta'uun af-gaaffii taasifameerraa hubachuun ni danda'ama. Labsiin qabiyyee gad-lakkisiisuu keewwata 5 jalatti qaamni piroojaktii gaggeessuu qabiyyee isaaf barbaachisu waggaa tokkoon dursee bulchinsa magaalaa ykn aanaa beeksisuu kan qabu ta'u tumeera. Haa ta'u malee, piroojaktoota qaamolee mootummaa feederaalaatiin gaggeeffaman dursanii akka bulchinsa aanaa ykn magaalaatti kan hin beekamne waan ta'aniif beeksisa akkaataa seera irra taa'een kennuuf hanqinni yeroo kan mudatu ta'u af-gaaffii taasifameerraa hubachuun ni danda'ama. FKN, sarara ibsaa Aanaa Giraar Jaarsoo keessa diriirsuuf yeroo qabiyyeen gad-lakkifamu proojaktichi arifachisaa waan tureef beeksisni kenname yeroo seerarra taa'ee kan hin eegne akka ta'e ogeessi shallaggii keessatti hirmaate ibseera. Dabalataan sakatta'a beeksisa barreeffamaa namoota qabiyyee isaanii gad-lakkisaniif kenname keessattis hanqinni kun kan jiru ta'uun hubatameera. Fakkeenyaaf, xalayaan gaafa 03/06/2005 lakk.203/2005 jedhuun kara bulchinsa gandaan addee Asteer Siyuumiif barreeffame qabiyyee lafaa manni irra jiru ji'a lama gidduutti akka gad-lakkisan kan ajaju dha.

B) Beeksisni Kennamu Hanga Beenyaa Kan Hin Ibsine Ta'uu

Beeksisni kennamu hanga beenyaa kan ibsu yoo ta'e qaamni hanga beenyaa jedhameerratti komii qabu komii isaa dhiyeessuuf kan isa gargaaru waan ta'eef seerota biyya keenyaa fi biyya alaa keessatti beeksisni hanga beenyaa kan ibsu ta'u akka qabu tumameera. Haata'u malee, haala qabatamaa naannoo keenyaa yeroo ilaallu sirni beeksisaa iddoo baay'eetti hordofamaa jiru namoota qabiyyee isaanii gad-lakkisuuf jiran mariisisuun dhimmicha irratti yaada akka kennan gochuun kan raawwatamu dha. Adeemsi kunis shallaggiin dura kan gaggeeffamu waan ta'eef hanga beenyaa namoota kanaaf kaffalamu kan ibsu ta'uu hin danda'u.

Dabalataan bakka tokko tokkotti beeksisni barreeffamaan kennamu qaama seeraa qabiyyee gad-lakkisisuuf aangeeffame (bulchinsa aanaa ykn magaalaan) ala karaa bulchinsa gandaan kan kennamu waan ta'eef qaamni kun ammoo hanga beenyaa kaffalamu irratti hubannoo kan hin qabne waan ta'eef beeksisni kennamu hanga beenyaa kan hammate miti. Af-gaaffii taasifamanees

tilmaama beenyaa beeksisu irratti hanqinni akka jiru ibsameera. Sababani isaas xiyyeeffannaan kan kennamaa jiru sirna beeksisaaf osoo hin taane beenyaa kaffalamu irratti waan ta'eefi dha.

Kanaaf, xiinxala waliigalaa sirna beeksisa irratti taasifamerraa akka hubatamu adeemsa duraan turee guyyaa torba faa keessatti qabiyyee akka gad-lakkistan jechuun beeksisa kennamuurraa fooyya'insi kan jiru ta'uus ammallee ulaagaalee sirna kenninsa beeksisaatiif labsii qabiyyee gad-lakkisuuf bahee irratti tumame; kunis guyyoota 90'n dura barreeffamaan beeksisuu kan jedhuu fi hanga beenyaa kan ibsu ta'u jedhu hordofurratti hanqinni kan jiru ta'uu isaati. Dabalataan adeemsi beeksisu aanaalee adda addaa keessatti hordofamu garaagarummaa kan qabu ta'uu isaa ti.

3. Hanga fi Shallaggii Beenyaa

Qabiyyee gad-lakkisiisuu waliin wal-qabatee hojiiwwan hojjatamu qaban keessaa inni guddaan tilmaama beenyaa ti. Kanaaf, Heerri mootummaa RDFI beenyaan madaalawaa namoota qabiyyee isaanii gad-lakkisaniif kaffalamuu akka qabu tumeera. Seerotni tumaa heeraa irratti hundaa'uun bahan ammoo beenyaa namoota qabiyyee isaanii gad-lakkisaniif kaffalamuu qabu tumaniiru. Beenyaan kaffalmu kunis qabeenya abbaan qabiyyee laficharra qabuuf, fooyya'insa dhaabbataa abbaan qabiyyee lafaratti taasiseef, dhaabbiidhaan ykn yeroof gad-lakkisuuf, baasii qabeenya kaasuu, bakkaa bakkatti sochoosuuf, deebisanii dhaabuu akka haala isaatti kan hammatu akka ta'e boqonnaa darbe keessatti ibsameera.

A). Hangi Beenyaa Seeraan Tumamee jiru Gahaa Ta'uu Dhabuu

Akkuma armaan oliitti ibsamee heerri mootummaa RDFI beenyaan madaalawaa namoota qabiyyee isaanii faayidaa uummataaf gad-lakkisaniif kaffalamuu akka qabu tumeera. Seerotni bu'uura tumaa kanarratti hundaa'uun bahan labsiin qabiyyee gad-lakkisiisuu, dambiin qabiyyee gad-lakkisiisuu, labsiin bulchinsaa lafa baadiyyaa naannoo Oromiyaa 130/99, fi seerotni biroon waa'ee beenyaa kaffalamu qabu ibsa kennanii jiru.

Qorannoowwan naannoo kanarratti gaggeeffaman adda addaas hangi beenyaa seerota qabiyyee gad-lakkisiisuu keessatti tumaman mirga abbaan qabiyyee lafarratti qabu mirga umurii guutuu itti fayyadamuu, mirga dhaalaan dabarsuu, kireessuu fi kkf qabu waliin wal-bira qabamee yeroo ilaalamu hangi beenyaa seerota tumaa heera 40(8) irratti hundaa'uun bahan keessatti ibsame madaalawaa kan hin jedhamne akka ta'e ni ibsu. Af-gaaffii qorannoo kanaan gaggeeffameenis hangi beenyaa qabatamaatti kaffalamaa jiru namoota qabiyyee isaanii gad-lakkisanif gahaa akka hin taane ibsameera.

B) Ogummaa Shallaggii Qabaachuu

Hanga beenyaa armaan oliitti ibsame bira gahuuf mala baasii bakka bu'aatiin gatii gabaa yeroo ilaaluun shallagguun kan barbaachisu akka ta'e boqonnaa lammaffaa keessatti ilaalleerra. Shallaggiin kunis ogeessota qabiyyee gad-lakkisiisuun ogummaa mirkanaa'e/certified/ qabaniin gaggeeffamu akka qabu labsiin qabiyyee gad-lakkisiisuu keewwata 9(1) jalatti tumeera. Haata'u malee hanga ogeessotni akkanaa jiraataniitti shallaggiin koreen gaggeeffamu akka danda'u seerichi dabalataan tumeera. Qabatamaattis qaamoleen tilmaama beenyaa irratti ogummaa mirkanaa'e qaban waan hin jirreef akka naannoo Oromiyaatti shallaggiin koreen gaggeeffamaa jira. Hojiin shallaggiin kunis koreen tilmaama beenyaa sadarkaa magaalaa fi aanaatiin hundaa'uun kan gaggeeffamuu dha. Koreen shallaggii gaggeessu waan shallagamu irratti ogummaa gahaa ta'e hin qabu taanaan namootni qabiyyee isaanii akka gad-lakkisan taasifaman beenyaa sirrii akka hin arganne taasisa waan ta'eef labsiin qabiyyee gad-lakkisiisuu shallaggiin ogeessota ogummaa gahaa qabaniin akka gaggeeffamu tumeera.

Qabatamaatti koreewwan haala kanaan hundeeffaman ogummaa tilmaama irratti qabanii fi caaseeffamni isaanii maal akka fakkaatu baruuf gaaffiin bifa bar-gaaffii fi af-gaaffiin waliitti qabameera. Bu'aan ijoowwan lamaan kanarratti waliitti qabame akka armaan gadiitti xinxalameera. Akka naannoo Oromiyaatti koreen shallaggii gaggeessu ogummaa gahaa kan qabu ta'uuf dhiisuu qulqulleessuuf gaaffiin: *Koreen beenyaa shallaguu waan shallagamu irratti*

ogummaa gahaa qabaachu waliin wal-qabatee haalli jiru maal fakkaata? jedhu bifa bar-gaaffiin dhiyaateera. Deebiin ogeessota seeraa fi shallaggiin kenname akka armaan gadiitti gabateen ibsameera.

Gabate Lakk.3.2. Baay'ina namoota ogummaa shallaggii irratti deebii kennan agarsiisu

Lakk.	Baay'ina namoota gaafataman	Baay'ina namoota deebii kennan	Qabxiin kenname		
			Gad-aanaa	G/galeessa	Olaanaa
1	83	71	38(53.5%)	23(32.4%)	23(32.4%)

Akkuma gabatee armaan olii irraa hubatamuutti ogeessota gaaffii kana deebisan 71 keessaa 38(53.5%) kan ta'an ogummaan ogeessota shallaggii gaggeessan gad-aanaa dha yoo jedhan ogeessotni 23(32.4%) g/galeessa jechuun ibsaniiru akkasumas ogeessotni 23(32.4%) ammoo ogummaan isaanii olaanaa akka ta'e ibsaniiru. Namoota gaaffii kana deebisan irra caalaan isaanii ogeessotni shallaggii gaggeessan ogummaa gahaa kan hin qabne ta'uu ibsaniiru. Kanaaf, xinxala kanarraa kan hubatamu ogeessotni shallaggii gaggeessan akkaataa seerarra taa'een ogummaa gahaa hojii kana gaggeessuuf isaan dandeessisu qabaachuurratti hanqina kan qaban ta'uu isaa ti.

Akkaataa koreen kun hojii isaa itti gaggeessuu qabu irratti qajeelfamni bu'uura labsii qabiyyee gad-lakkisiisuu keessatti tumameen bahee hin jiru waan ta'eef hoj-maata koree kanaan wal-qabatee rakkoowwan adda addaa kan jiran ta'u isaa af-gaaffii ogeessota fi gaggeessitoota waajjira adda addaa waliin taasifameerraa hubachuun ni danda'ama. Rakkoowwan koree kanaan wal-qabatan akka armaan gadiitti xiinxalamaniiru.

- **Gahumsa fi Dandeettii**

Hojiin tilmaama qabeenyaa ogummaa shallaggii kan barbaadu waan ta'eef ogeessotni filataman ogummaa isaa kan qaban ta'uu qabu. Tumaalee labsii qabiyyee gad-lakkisiisuu yeroo xiinxalluu shallaggii gaggeessuuf ogummaan shallaggii kan barbaachisu ta'uu isaa hubachuun ni danda'ama. Af-gaaffii taasifameen namootni miseensa ta'uun hojjatan bakka baay'eetti namoota ogummaa qabanii fi waajjira adda addaa irraa bahan akka ta'an ibsameera. Haata'u malee, bakka tokko tokkotti bulchinsii aanaa ykn magaalaa namoota ogummaa shallaggii hin qabne koree kana keessatti akka galan yeroo itti taasisu ni jira. Dabalataan miseensootni koree yeroo yeroon kanjijjiraman waan ta'aniif ogummaa gahaa akka hin horanne kan isaan taasise akka ta'e af-gaaffii taasifameen ibsameera.

- **Rakkoo Naamusaa**

Miseensootni koree shallaggii bakka tokko tokkootti rakkoo naamusaa kan qaban ta'u af-gaaffii taasifameeraa hubachuun ni danda'ama. Fakkeenyaaf, ogeessotni shallaggii akka gaggeessan filataman namoota qabiyyee hin qabnee fi beenyaa argachuu hin mallee keessatti akka galan taasisuun shallaggii yeroo gaggeessan ni mul'ata. Kanarraa kan ka'e shallaggiin yeroo lama sadii irra deeddeebiin akka gaggeeffamu yeroo taasifamu jira. Namoota beenyaa argachuu qaban waan isaan argachuu malan keessaa 25% hir'isuun akka isaanii kaffalamuu taasisu. Mana tokko irratti shallaggiin nama sadiif yeroo itti gaggeeffamu kan jiru ta'uus af-gaaffii taasifame keessatti ibsameera. Nama tokko fayyaduuf shallaggiin yeroo gaggeeffamu kan jiru ta'uus ibsameera. Qabiyyee wal-fakkaataa irratti shallaggii adda addaa taasisuun ni jira.

Akka waliigalaatti bu'aa bar-gaaffii fi af-gaaffii waajjira adda addaa irraa waliitti qabameen koreewwan shallaggii bakka tokko tokkootti hanqina naamusaa fi gahumsa kan qaban waan ta'eef akkaataa labsii qabiyyee gad-lakkisiisuurra taa'een shallaggii beenyaa sirrii ta'e gaggeessuurratti hanqina kan qaban ta'u hubachuun ni danda'ama.

- **Tooftaa Wal-Fakkaataa Ta'een Shallaguu Dhabuu**

Akkuma boqonnaa darbe keessatti ibsameen tooftaan shallaggii manaas, ta'e ashaakiltii akkasumas baargamoo gatii gabaa yeroo irratti hundaa'uun gaggeeffamu kan qabu ta'u isaa labsii fi dambii qabiyyee gad-lakkisisuuf bahe keessatti kan tumamee jiru ta'uu ibsameera. Haata'u malee, af-gaaffii taasifameen gatii gabaa qabeenyaa murteessuuf adeemsi hordofamu iddoodhaa iddootti gargaagarummaa kan qabu ta'uun isaa ti. Fakkeenyaaf, bakka tokko tokkootti gabaa keessa dhaquun gatii gabaa gaafachuun kan hojjatamaa yoo ta'u, bakka tokko tokkootti ammoo nama qabiyyee gad-lakkisee fi namoota naannoo gaafachuun gaggeeffama. Kana malees, bakka tokko tokkootti hanga omishitummaa waajjira qonnaa, gatii gabaa Eejansii Gabaa irraa fudhachuun kan shallagan ta'u ibsaniiru. Kanaaf, tooftaa shallaggii irratti sitaandardiin wal-fakkaataan waan hin jirreef shallaggiin gaggeeffame yeroo lama sadii akka sirraa'uu taasifamaa tureera. Qabiyyee wal-fakkaataa ta'e irratti shallaggiin garagaraa kan gaggeeffamu ta'u sakatta'aa galmee taasifameerraa hubachuun ni danda'ama. Dabalataan yeroo shallaggiin taasifamu waan lafichi oomishuu danda'u(crop rotation) hunda ilaalcha keessa galchuu dhabuun ni mul'ata.

IV. Gosoota Beenyaa Kaffalamuu Qaban Hunda Shallagguu Dhabuu

Akkuma boqonnaa lammaffaa keessatti ibsameen beenyaan abbaa qabiyyee lafaa kaffalamuu qabu qabeenya lafichaarra jiru, fooyya'insa dhaabbataa lafichaarra taasifameef fi beenyaa buqqa'insaa kaffalamu akka qabu labsiin qabiyyee gad-lakkisiisuu fi dambiin labsicha raawwachisuuf bahe tumeera.

Haata'u malee, sakatta'aa galmee taasifameerraa akka hubatamuutti ogeessotni shallaggii gaggeessan waantoota shallagamu qaban hunda duguganii shallaguu irratti hanqina kana qaban ta'u hubachuun danda'ameera. Fakkeenyas, Nagaash Gammadaa(ol'iyyataa) fi Bulchinsa Magaala Galaan(D/kennaa) ,mmwo, Lak.G141409 ta'e irratti koreen shallaggii beenyaa gosa adda addaa erga shallaganii booda beenyaa buqqa'insaa osoo hin shallagiin waan bira darbaniif manni murtichaa akka irra deebi'ame shallagamu ajajeera.

C) Caaseeffama Koree

Koreen tilmaama beenyaa gaggeessu miseensota shan hin caallee of keessatti kan hammatuu fi isaanis waajjira bulchinsa aanaa ykn magaalaan filatamuu akka qaban labsiin qabiyyee gad-lakkisiisuu tumeera. Af-gaaffii miseensota koree shallaggii beenyaa magaalootaa fi aanaalee adda addaa keessatti argaman waliin taasifameen irraa akka hubatamuutti miseensootni koree bakka baay'eetti karaa bulchinsa aanaa fi magaalaatiin kan filataman ta'uus caaseeffama isaanii irrattti garaa garummaa kan qaban ta'uun hubatameera.

Aanaalee fi magaaloota baay'ee keessatti koreen tilmaama beenyaa gama bulchinsa aanaa fi magaalaatiin kan hundeeffamuu fi miseensoota shan ykn sanaa ol ta'an akkaataa haala isaatti(qabiyyee gad-lakkiffamu irratti hundaa'uun) waajjira garagaraa kan akka waajjira Qonnaa, Waajjira Lafaa fi Eegumsa Naannoo, Waajjira Eegumsa beyladaa, Albudaa fi Inarjii fi kkf kan of keessatti hammatuu dha. Fakkeenyaaf, Aanaa Amboo, Tokkee Kuttaayee, A/Arsii Nagallee, Magaalaa Sabbata, A/Aqaaqii, A/G/Jaarsoo fi kkf dha.

Haata'u malee, af-gaaffii taasifamaneen bakka tokko tokkootti shallaggiin namoota shanii ol ta'anii fi sanaa gad-ta'aniinis kan gaggeeffamaa jiru ta'uun hubatameera. Fkn, Sarara baaburaa waliin wal-qabatee koreen tilmaama beenyaa magaalaa Dukamiitti akka gaggeessuu filatame miseensoota 10 kan qabu ta'u isaa af-gaaffii taasifameerraa hubachuun ni danda'ama. Miseensootni koreen kunis baay'achuu kan danda'an miseensootni isaa feederaalaa fi naannoo irraa kan waliitti dhufan waan ta'aniifi dha. Dabalataan, qabiyyeen gad-lakkifamu yeroo xiqqaa ta'u shallaggiin koreen osoo hin ta'iin ogeessa Eejansii Manajimatii Lafaa tin kan taasifamaa jiru akka ta'e af-gaaffii taasifameerraa hubachuun ni danda'ama. Shallaggii beenyaa koree miseensoota hedduu qabuun gaggeessuun itti gaafatamummaa kan cimsu ta'uus hojichi yeroo gabaabaa keessatti akka hin raawwatamne taasisuun namootni qabiyyee gad-lakkisan yeroon beenyaan akka isaaniif hin kaffalamne kan taasisu akka ta'e af-gaaffiin ibsameera. Shallaggiin nama tokkoon akka gaggeeffamu taasisuun namni shallagguu sun haala barbaadeen shallaggii akka raawwatu kan godhu waan ta'eef itti gaafatamummaan cimaan akka hin jiraanne taasisa.

Sakatta'a galmee taasifameerraas akka hubatamu aanaaleen tokko tokko koree shallaggii akkaataa seerarra taa'een hundeessanii waan hin jirreef manni murtii shallaggiin koreen akka gaggeeffamu yeroo ajaju ni mul'ata. Fakkeenyaaf, falmii Iddooshee Indaargee fi Bulchiinsa Magaalaa Waayyuu gidduutti M.M.O.Godina Ho/Gu/Wallaggaatti taasifameen manni murtii bulchinsi magaalichaa koree shallagu kan hundeessan ta'uu gaafatee bulchinsi magaalichaas kan hin hundeessine ta'uu ibseera. Kanarraa kan ka'e waajjirrii lafaa fi waajjirri qonnaa koree hundeessuun shallaggii akka raawwatan ajajeera.

Labsiin qabiyyee gad-lakkisiisuu hojiin tilmaama beenyaa ogummaa kan barbaadu waan ta'eef ogeessota ogummaa qabaniin akka gaggeeffamu qabu ni ibsa. Kunis, hojichi nama ogummaa qabuun gaggeeffamuu akka qabu kan agarsiisuu dha. Akkaataa koreen kun hojii isaa itti gaggeessuu qabu irratti qajeelfamni akka bahuu danda'u labsiin qabiyyee gad-lakkisiisuu tumeera. Haata'u malee, qajeelfamni kunis hanga ammaatti kan hin baane waan ta'eef waliitti qabaan koree eenyuu ta'uu qaba kan jedhu irratti hoj-maatni wal-fakkaataan hin jiru. Bakka tokko tokkootti waliitti qabaan koree waajjira bulchinsa irraa yoo ta'u. Bakka tokko tokkootti waliitti qabaan qajelcha mana qopheessaarraa yeroo ta'u jira. Bakka tokko tokkootti ammoo Waajjira Lafaa fi Eegumsa Naanoo ykn Eejansii Maanajimantii lafaarra yeroo ta'u ni mul'ata.

Akka waliigalaatti af-gaaffii taasifameen qajeelfamni hoj-maata koree tilmaama beenyaa ifaan kaa'u dhabamuurraa kan ka'e caaseeffamnii koreewwan kanaa iddoodhaa iddootti garaagarummaa kan qabu dha.

4. **Yeroo Kaffaltii Beenyaa**

Kaffaltii beenyaa waliin wal-qabatee adeemsa heeraa fi labsii qabiyyee gad-lakkisiisuu keessatti tumame keessaa tokko beenyaan qabiyyee gad-lakkisisuun dura kaffalamu kan qabu ta'u isaati. Kaffaltiin kunis qarshiin ykn gosaan ta’u danda’a. Qabatamaatti beenyaan akka naannoo

Oromiyaatti yoom kaffalamaa akka jiru baruuf daataan namoota qabiyyee isaanii gad-lakkisanii fi ogeessota seeraa akkasuman ogeessota shallaggii irraa sassaabameera. Bu'aan isaas akka armaan gadiitti xiinxalameera.

Namoota qabiyyee isaanii akka gad-lakkisan taasifamaniif gaaffiin *beenyaan kan isaanii kaffalme qabiyyee gad-lakkisisuun dura moo booda*? jechuun gaafatamanii bu'aan argame akka armaan gadiitti gabateen ibsameera.

Gabatee Lakk. 3.3. baay'ina namoota qabiyyee isaanii gad-lakkisanii fi yeroo kaffaltii beenyaa irratti deebii kennan agarsiisu

Lakk.	Baay'ina namoota gaafataman	Baay'ina namoota qabiyyee gad-lakkisiisuun dura kaffalameef	Baay'ina namoota qabiyyee gad-lakkisiisuun booda kaffalameef
1	20	14(70%)	6(30%)

Gabatee kanarraa akkuma hubatamuun namoota gaafataman 20 keessaa namootni 14(70%) qabiyyee gad-lakksiisuun dura beenyaan qarshiinii ykn gosaan kan kaffalmeef ta'u yoo ibsan namootni 6(30%) ammoo qabiyyee gad-lakkisiisuun dura kan hin kaffalmneef ta'uu ibsaniiru. Kunis kan agarsiisuu yeroo ammaa beenyaa dursanii kaffaluu waliin wal-qabatee haalli jiru gaarii fi irra caalaan akkaataa seerarra taa'een kan raawwatamaa jiru ta'uu isaati. Haata'u malee, bakka tokko tokkootti bulchinsi aanaa sababa bajata dhabeef beenyaan yeroo tokkoon kaffalamuu qabu erga qabiyyeen gad-lakkifame booda yeroo adda addaa kan kaffalamaa ture ta'u isaa af-gaaffii namoota qabiyyee gad-lakkisan waliin taasifameerraa hubachuun ni danda'ama. Dabalataan, abbaa qabiyyummaa dursanii qulqulleessuu dhabuurraan kan ka'e beenyaan qabiyyee gad-lakkisisuun dura kaffalamuu dhabuun jira.

Af-gaaffii Ogeessota seeraa, shallaggii fi gaggeessitoota waajjira adda addaa waliin taasifameenis bara 2005 dura dursanii beenyaa kaffaluu waliin wal-qabatee hanqinni kan jiru ta'uu fi yeroo ammaa kana fooyya'aa kan jiru ta'uun isaa ibsameera. Dabalataan piroojaktiiwwan sadarkaa feedaraatin gaggeeffaman waliin wal-qabatee bakka tokko tokkootti yeroon jiru gabaabaa waan ta'uuf erga qabiyyeen gad-lakkifame booda beenyaan kan kaffalamaa ture ta'uu isaa ogeessotni shallaggii gaggeessa turan ibsaniiru. Dabalataan abbaa qabiyyuummaa yeroodhaan qulqulleessuu dhabuurraan kan ka'e beenyaa yeroo kaffalamu dhabuun ni jira. Yeroo tokko tokko piroojaktoota sadarkaa aanaatiin gaggeeffaman waliin wal-qabatee aanaan bajata beenyaa itti kaffalu dhabuurraan kan ka'e beenyaa guutuu al tokko kaffaluu irratti hanqinni kan jiru ta'u af-gaaffii taasifameen ibsameera.

Dabalataan sakatta'aa galmee taasifameerraa bakka tokko tokkotti beenyaa osoo hin kaffaliin ykn akkaawintii cufaatiin baankii hin galchiin qabiyyeen akka gad-lakkifamu yeroo ajajamu kan jiru ta'uun hubatameera. Fakkeenyaaf, Galmeewwan Inkooshee Galaalchaa(himattuu) fi Mana Barumsa Olumaa, MMA Diiggaa, Hiisaa Usmaan(himataa) fi Bulchiinsa magaalaa Haratoo fi Woorlid viizyinii damee Haratoo(himatamtoota), M.M.A.Jimmaa Gannatii, Haayiluu Galaachaa N-7(himattoota) fi Mana Qopheessaa Magaalaa Burraayyii fi Korphoreeshinii Humna ibsaa Itoophiyaa(himatamtoota), MMO Godina Adda/Finfinnee ta'an irratti beenyaan osoo hin kaffalamiin qabiyyee akka gad-lakkifamu waan ajajameef iyyatni mana murtiitti dhiyaatee manni murtiis qabiyyee gad-lakkisiisuun dura beenyaan gosaan ykn maallaqaan kaffalamuu akka qabu ibsuun murtii kenneera.

5. Sirna Keessummeessa Komii

Qabiyyee gad-lakkisisuun adeemsa waan ta'eef adeemsa kana keessatti komiiwwan gara garaa dhiyaachuu waan danda'aniif seerichi akkaataa komiin itti keessummaa'u tumee jira. Seerichis komiiwwan qabiyyee gad-lakkisiisuu waliin wal-qabatanii jiran qaamolee bulchinsaa komii dhaggeeffatanii fi mana murtii biratti keessummaa'u akka danda'u tumeera. Labsiin qabiyyee

gad-lakkisiisuu qaamni hanga beenyaa murtaa'eerratti komii qabu komii isaa qaama bulchinsaa komii dhaggeeffatuu fi mana murtiitti dhiyeessuu akka danda'an tumeera. Haa ta'u malee, ijoowwan hanga beenyaatii ala jiran kan akka faayidaa uummataaf kan barbaachisu ta'uu, adeemsa hordofamu qabu hordofuu fi kkf irratti komiin dhiyaachuu kan danda'u ta'uuf dhiisuu isaa labsiin kun waan ibsu hin qabu. Kanarraa kan ka'e ijoo hanga beenyaa ala jiran irratti qaamoleen kunneen aangoo kan qaban ta'uuf dhiisuu isaaniirratti ejjannoon wal-fakkaataan ogeessota bira kan hin jirree ta'uu boqonnaa lammaffaa keessatti ibsameera. Qabatamaatti kessummeessi komii qaamolee bulchinsaa fi mana murtii biratti maal akka fakkaatu baruuf daataan tooftaa garagaraan sassaabameera. Kunis akka armaan gadiitti xiinxalameera.

A) Keessummeessa Komii Qaama Bulchinsaa Komii Lafaan Wal-Qabatanii Ka'an Dhagahu Biratti

Labsiin qabiyyee gad-lakkisiisuu komiiwwan qabiyyee gad-lakkisiisuu waliin wal-qabatanii jiran sadarkaa magaalaatti jalqabaratti qaama kana biratti dhiyaachuu akka qabu tumeera. Qabatamaatti qaamni komii dhaggeeffatu kun bulchinsa magaalootaa hunda keessa hundeeffamee kan jiru ta'uuf dhiisuu isaa adda baasuuf xiinxala taasifameen. Qaamni kun bulchinsa magaalootaa qorannoo kanaaan ilaalaman 11(kudha tokko keessaa) bulchinsa magaala (2)lama duwwaa keessatti dhaabbiin hundeeffamanii kan jiran ta'uu af-gaaffii gaggeessitoota waajjira adda addaa waliin taasifameen hubachuun danda'ameera Af-gaaffii taasifameen qaamoleen kun dhaabbiidhaan kan hundeeffaman bulchinsa magaalaa bishooftuu fi bulchinsa magaalaa A/Nagallee keessaa duwwaa akka ta'e hubachuun ni danda'ama. Kanaaf, kanarraa kan hubannu qaamni kun akka naannoo Oromiyaatti akkaataa labsiirra taa'een magaaloota hunda irratti hundeeffamee kan hin jirre ta'u isaa ti. Kanarraa kan ka'e komii qaamolee bulchinsaa birratti dhagahu waliin wal-qabatee rakkoowwan adda addaa kan jiran ta'u af-gaaffii taasifameerraa hubachuun ni danda'ama. Rakkoowwan kunis:

- **Qaamni Komii Dhaggeeffatu Wal-Fakkaataan Kan Hin Jirre Ta'uu**

Akkuma xiinxala armaan olii irraa hubachuun danda'amuutti qaamni bulchinsaa komii dhaggeeffatu akkaataa labsiirra taa'een bulchinsa magaalootaa baay'ee keessatti hundeeffame hin jiru. Kanarraa kan ka'e komiiwwan qabiyyee gad-lakkisiisuu waliin wal-qabatan qaamolee adda addaaf dhiyaachaa jiru.

Qaamolee kana keessaa *'Adeemsa Iyyannoo fi Komii uummataa'* isa tokko dha. Af-gaaffii taasifaman magaalootaa fi aanaalee adda addaa keessatti komiin qabiyyee gad-lakkisiisuu waliin wal-qabatee jiru qaama kanatti kan dhiyaatu ta'uun isaa hubatameera. Qaamni kun komii bulchinsa gaarii waliin wal-qabatan hunda kan waajjiraalee mootummaa fi namoota dhuunfaarraa dhiyaatu kan dhaggeeffatu waan ta'eef xiyyeeffannaa barbaadamu namoota qabiyyee isaanii gad-lakkisaniif kan laatu miti. Qaama kana birattis komiiwwan hedduu dhiyaachaa kan jiran waan ta'aniif komii qabiyyee gad-lakkisiisuu waliin wal-qabatanii ka'aniif yeroo gabaabaa keessatti furmaata akka argatan kan taasisu miti. Kanarra darbee ajaja ogeessotni qaama kanaa kennan qaamolee biroo biratti fudhatamaa kan hin jirree ta'u af-gaaffii taasifame keessatti ibsameera. Kanaaf, akka waliigalaatti qaamni armaan olitti ibsame kun qaama labsiin qabiyyee gad-lakkisiisuun komii akka dhaggeeffatu hundeeffame ta'u baatuus qabatamaatti adeemsi kun komiiwwan qabiyyee gad-lakkisiisuu waliin wal-qabatan keessummeessaa jira. Ajajni koree kanaan kennamu bakka tokko tokkootti kan raawwatamuu fi bu'a qabeessa kan ta'aa jiru ta'uus, bakka baay'eetti ajajni koree kanaan kennaman raawwatamaa kan hin jirree ta'uun af-gaaffii taasifameerraa hubachuun ni danda'ama. Kanaaf, qaamni kun komiiwwan qabiyyee gad-lakkisiisuu waliin wal-qabatan keessummeessuurratti bu'a qabeessa ta'eera jechuun hin danda'amu.

Bakka tokko tokkotti ammoo yeroo komiin baay'atu qofa *koreen yeroo/ad hoc committee/* hundeeffamuun komiiwwan dhiyaatan yeroo keessummeessu ni mul'ata. Fakkeenyaaf, Aanaa Sabbata Hawaasii fi Magaalaa Sabbataa keessatti hojii sarara baaburaatiin wal-qabatee komiiwwan ka'an keessummeessuuf koreen yeroo miseensoota namoota shan qabu waliitti

qabaan isaa itti gaafatamaa mana qopheessaa ta'e miseensoota afur waajjiraalee biroo irraa of keessatti hammate hundeeffame komiiwwan dhiyaatan keessummeessaa tureera. Aanaa Diggaa keessatti piroojaktiin bishanii Intarprayizii Bishaanii Oromiyaatiin gaggeeffamuurratti namootni 65 komii waan kaasaniif koreen yeroo waajjira adda addaarraa bahee hundeeffame dhimma isaanii akka ilaalu taasifameera. Aanaa Shaashamannee keessatti komii qabiyyee lafaa gad-lakkisiisuu waliin wal-qabate ka'e akka ilaalu koreen yeroo tokko hundeeffame kan turee fi koreen sunis komiiwwan dhiyaatan ragaawwan jiran waliin walitti fiduun ilaaluun murtee kan kenne ta'uu af-gaaffii taasifameen ibsameera. Koreen yeroo haala kanaan hundeeffamu mirgi *namoota baay'ee* akka kabajamu yoo taasisees qabatamaatti koreen kun hundeeffamaa kan jiru yeroo proojaktootni gurguddoon gaggeeffamanii fi komii heddu jiraatu malee komii nama muraasaaf hojiirra olaa hin jiru waan ta'eef sadarkaa barbaadamuun komii namoota qabiyyee isaanii gad-lakkisan hunda kan kabachisu miti.

Kanaaf, akka waliigalaa xiinxala armaan olii irraa kan hubannu akkaataa labsii qabiyyee gad-lakkisiisuu irratti tumameen qaamni komii lafaan wal-qabatee ka'u dhagahuu dhaabbiin hundeeffamee kan hin jirree waan ta'eef komiiwwan dhiyaatan sirnaan keessummaa'aa kan hin jirree ta'uun hubatameera.

- **Adeemsa Wal-Fakkaataa Hordofuu Dhabuu**

Akka naannoo keenyatti qajeelfamni adeemsi komiin itti dhagahamu maal ta'uu qaba jedhu tumame hin jiru. Haata'u malee, akkuma boqonnaa darbe keessatti ibsameen sirni komii qaamoleen bulchinsaa/administrative tribunal/ itti dhagahan akkuma manneen murtii falmii gaggeessuun ragaa dhagahuun murtii kennuu kan qaban ta'uu boqonnaa darbe keessatti ibsameera. Haata'u malee, haala qabatamaa yeroo ilaallu adeemsi sirni komii itti dhagahamu akkuma caaseeffamni koree garaagarummaa qabuutti aanaa tokkorra aanaa birootti garaagarummaa kan qabu dha. Fakkeenyaaf, Aanaa Sabbata Hawaasa keessatti koreen yeroo komii akka dhaggeeffatu hundeeffame akkataa armaan gadiin komiiwwan dhiyaatan keessummeessaa jira.

- Jalqabarratti qaamni komii qabu komii isaa barreeffamaan waliitti qabaa koree ykn itti gaafatamaa waajjira mana qopheessaa biratti dhiyeessa.
- Waliitti qabaan miseensoota koree waamuun dhimmicha sanadoota koreen shallaggii shallaggii itti gaggeesse waliin ni sakatta'a.
- Dabalataan qaamaan qabiyyee komii kaasee bira dhaquun ni ilaalu.
- Adeemsa kana keeessa erga darbe booda koreen komii dhaggeeffatu murtii ni kenna.

Bulchinsa Magaalaa Bishooftuutti adeemsi hordofamu kanuma magaalaa Sabbataa ta'ee koreen komii dhaggeeffatu hojii ogummaa keessa osoo hin galiin dogoggoora seeraa jiru kan ilaalu dha.

Bakka tokko tokkotti ammoo komii ka'e sirrii ta'u isaa erga mirkanaa'e booda qaama komii kaasee fi qaama komatame walitti fiduun yaada isaanii akka kennan taasisuun tarkaanfiin sirreeffamaa akka fudhatamu kan godhaniis jiru. Kana malees bakka tokko tokkootti koreen komii akka dhaggeeffatu hundeeffame komii dhiyaate qulqulleessuuf hawaasatti gad-bu'uun maddi komii maal akka ta'e adda baasuun komii dhiyaate irratti murtii kan kennaa turan ta'uun isaa af-gaaffii taasifameerraa ni hubatama.Bakka tokko tokkootti dhimmichi kallattiin waajjira bulchinsatti kan dhiyaatu yoo ta'u waajjirri bulchinsaa dhimmicha koree addaan osoo hin ilaalchisin komiin dhiyaate sirriidha jedhe yoo amane qaama dhimmichi isa ilaallatuutti (fkn koree tilmaama beenyaa) tti ni erga.

Kanaaf, haala qabatamaa adeemsa keessummeessa komii qabiyyee gad-lakkisiisuu aanaalee fi magaaloota yeroo ilaallu adeemsa wal-fakkaataan kan raawwatamaa hin jirree fi iddoo dhaa iddootti garaagarummaa kan qabu ta'uu isaati. Murtiin koreen kennaman bakka tokko tokkootti barreeffamaan waan hin taaneef ol'iyyannoo irratti yeroo rakkisu ni mul'ata.

B) Keessummeessa Komii Mana Murtii Biratti

Labsii qabiyyyee gad-lakkisiisuu kessatti gaheen mana murtii ifaan kan kaa'ame ta'uu baatuus manni murtii komii hanga beenyaa irratti dhiyaatu bakka qaamni bulchinsaa komii dhaggaffeetu hin jirreetti kallattiin akkasumas bakka qaamni bulchinsaa komii dhaggeeffatu jiruutti ammoo ol'iyyannoon keessummeessuu kan danda'an ta'uu tumeera. Qabatamaatti himannaawwan mana murtiitti dhiyaatan kallattiin kan banamanii? moo? bifa ol'iyyannoon kan dhiyaatanii dha kan jedhu qulqulleessuun galmeen sakatta'ameera bu'aan isaas akka armaan gadiitti gabateen ibsameera.

Gabatee lakk.3.4. Baay'ina galmee qaama komii dhaggeeffatuun osoo hin ilaalamiin kallattiin mana murtiitti dhiyaatan agarsiisu

Baay'ina galmee xinxalame	Baay'ina galmeewwan koreen osoo hin ilaalamiin MM dhiyaatan	Baay'ina galmee koreen ilaalame mana murtiitti kan dhiyaate
36	36(100%)	0(0%)

Akkuma gabatee armaan olii kanarraa hubatamuutti galmeewwan xiinxalaman 36 keessaa galmeen hundii 36(100%) qaama bulchinsaa komii dhaggeeffatu biratti osoo hin ilaalamiin kallattiin mana murtiitti dhiyaatanii dha.

Sakkata'aa galmee fi af-gaaffii taasifameerraa mana murtiitti komiiwwan qabiyyee gad-lakkisiisuu waliin wal-qabatanii jiran keessummeessuu waliin wal-qabatee rakkoowwan addaa addaa kan jiran ta'uun isaa hubatameera. Kunis akka armaan gadiitti xiinxalameera.

- **Dhimmootni Qaama Bulchinsaa Komii Dhaggeeffatuun Akka Ilaalaman Ajajuu**

Akkuma xiinxala armaan oliirraa hubatamuutti akka naannoo Oromiyaatti qaamni bulchinsaa komii dhaggeeffatu bulchinsa magaalootaa baay'ee keessatti hundeeffamanii kan hin jirre waan ta'eef himannaawwan qabiyyee gad-lakkisiisuu waliin wal-qabatanii jiranis 100% kallattiin mana murtii dhiyaachaa kan jiran ta'uun ibsameera. Gama biroon ammoo Manni Murtii Waliigala Feedaraalaa Dhaddachii Ijibbaataa falmii , iyyataa Abbaa Taayitaa Daandiwwan Itoophiyaa fi Waamamaa Jadaa Birruu gidduu Lakk. G 57271 ta'e irratti ilaalee murtii kenneen komiin beenyaa waliin wal-qabatuu qaama bulchinsaa komii dhaggeeffatu biratti osoo hin dhiyaatiin mana murtiitti dhiyaachuu akka hin qabne ibseera. Dabalataan dhimmoota qabiyyee gad-lakkisiisuun wal-qabatan qaamolee bulchinsaan osoo hin ilaalamiin manneen murtii fudhanii keessummeessuun isaanii sirrii miti jechuun murtii manneen murtii jalaa diigeera. Murtii mana murtii waliigala feederaalaa dhaddacha ijjibbaataan kennuu hordofuun dirqama manneen murtii naannoos ta'e feedaraalaa waan ta'eef xiyyeeffannoon irratti kennamuu qaba.

Sakatta'a galmee taasifameen manneen murtii naannoo keenyaa tokko tokko falmiiwwan qabiyyee gad-lakkisiisuun wal-qabatan dursanii qaamolee bulchinsaa komii dhaggeeffatan biratti osoo hin dhiyaatin mana murtiitti dhiyaachuu hin qaban jechuun galmee cufaa jiru. Haala kanaan galmeen akka cufamu taasisuun deeggarsa seeraa kan qabu ta'uus bakka qaamoleen bulchinsaa komii dhaggeeffatan hundeeffamanii hin jirreetti ajaja gosa kanaa kennuun mirgi namoota qabiyyee isaanii gad-lakkisan akka hin kabajamne kan taasisu dha. Kanaaf, bulchinsi magaalaa mirgi namoota qabiyyee isaanii faayidaa uummataaf gad-lakkisan akka hin miidhamne gochuuf qaama komii dhaggeeffatu bulchinsa magaalaa hunda irratti hundeessuu qaba.

- **Hoj-maatni Wal-Fakkaataan Manneen Murtii Keessatti Dhabamuu**

Akkuma armaan oliitti ibsameen labsiin qabiyyee gad-lakkisiisuu aangoo mana murtii dhimmoota hanga beenyaan wal-qabataniin ala jiran irratti iftoomina kan hin qabne ta'uun isaa ibsameera. Kanarraa kan ka'ee manneen murtii naannoo Oromiyaa keessatti hoj-maatni wal-fakkaataan akka hin jiraanne taasiseera.

Sakatta'a galmee taasifameen manneen murtii tokko tokkoo falmiiwwan hanga beenyaatii ala jiran fakkeenyaaf, adeemsa seeraa kan hin hordofne ta'uu fi dhiisuu isaa xiinxaluun murtii kennaa jiru. Fakkeenyaaf, falmii Mangistuu Maammoo(himataa) fi Waajji. lafaa fi Eegumsa naannoo(himatamaa), MMAAdaamaa, Inkooshee Galaalchaa(himattuu) fi Mana Barumsa Olumaa, MMA Diiggaa, Lakk.G 0718 jedhan irrattii qaamni bulchinsaa dursee beenyaa osoo hin kaffaliin qabiyyee akka gad-lakkifamu taasisuun isaanii sirrii waan hin taaneef akka jeequmsa dhaabu jechuun murtii kennaniiru.

Manneen murtiin tokko tokko ammoo manni murtii falmii beenyaan natti xiqqaate jedhu malee falmiiwwan beenyaan naaf hin kaffalmne, laftii bakka bu'uummaan naaf hin kennamne jedhan ilaaluu akka hin dandeenye ibsuun galmee cufaa jiru.

Kanaaf, labsiin qabiyyee gad-lakkisiisuu aangoo manneen murtii ifaan kaa'uu dhabuu isaarraan kan ka'e hoj-maatni wal-fakkaataan manneen murtii keessatti akka hin jiraanne kan taasise ta'uun hubachuun ni danda'ama. Hoj-maatni wal-fakkaataan manneen murtii keessatti dhabamuun ammoo mirgi namoota qabiyyee isaanii gad-lakkisan haala wal-fakkaataan murtii akka hin arganne taasisa kun ammoo amantaa uummatni sirna haqaa naannichaa irratti qabu akka gadi bu'uu taasisa.

Hoj-maatni garagaraa manneen murtii keessatti akka jiraatu kan taasisan tokko qaamni bulchinsaa komii qabiyyee gad-lakkisiisuu waliin wal-qabatan dhagahu dhabamuu fi seerichis aangoo mana murtii haala ifa ta'een kaa'u dhabuu isaa ti. Qaamoleen bulchinsaa komii qabiyyee gad-lakkisiisuu waliin wal-qabatanii ka'an dhagahan akkaataa seerarra jiruun osoo hundaa'aniiru ta'e namni komii qabu mana murtii dhaquu osoo isa hin barbaachisiin komii isaa qaama kana biratti dhiyeessuun akka fala argatu taasisu ni danda'a. Kanaaf, qaamni kun hundeeffamu dhabuun isaanii dhimmootni haala salphaan qaamolee kana biratti ilaalamuun furmaata argachuu danda'am mana murtii akka deeman taasisaa jira.

Hoj-maata manneen murtii dhimmoota qabiyyee gad-lakkisiisuu bifa jeequmsaatiin dhiyaatan keessummeessan yeroo xiinxallu mirgi qabeenyaa mirga heeraan tumamee jiru waan ta'eef mirga heeraan tumaama kana kabajuun dirqama qaamolee hundaa ti. Haa ta'u malee, mirgi kun akka addaan citu taasifamuu kan danda'uu akkaataa adeemsa seerarra taa'een duwwaa ta'uu qaba. Adeemsi seeraan tumame kunis kabajamuu qaba. Yoo adeemsi kun kabajamuu baate akka kabajamu taasisuuf dhimmoota qaamolee murtii kennuu danda'aniin ilaalamu danda'an qaama kanatti dhiyaachuu akka qaban heerri RDFI keewwata 37(1) jalatti tumeera. Qaamoleen bulchinsaa hojii isaanii adeemsa seeraa hordofanii raawwatan moo? miti ?kan jedhu qaama bulchinsaa komii dhaggeeffatu biratti (fakkeenyaa akka muuxannoo chaayinaa boqonnaa lammaffaa keessatti ibsame) ykn mana murtii (akka muuxannoo Afriikaa Kibbaa) ilaalamu qaba. Haata'u malee, akka naannoo Oromiyaatti akkaataa seerarra taa'een qaamni bulchinsaa komii dhaggeeffatu magaaloota baay'ee keessatti hundeeffamee hin jiru. Kanaaf, kun ammoo namootni qabiyyee isaanii gad-lakkisan komii isaanii qaama kana biratti akka hin dhiyeessine danqaa itti ta'aa jira. Kanaaf, mirga namoota qabiyyee isaanii gad-lakkisan kabachisuuf jecha dhimmootni adeemsa qabiyyee gad-lakkisiisuu waliin wal-qabatan hanga qaamni komii dhaggeeffatuun akka keessummaa'uu taasifamuuttii fi seerichi haala ifa ta'een aangoo mana murtii kaa'utti manneen murtii keessummeessuun isaanii dogoggoora kan jedhamu miti.

- **Adeemsa Dhiyeessa Komii Irratti Hubannoon Namoota Qabiyyee Isaanii Gad-Lakkisan Laafaa Ta'uu**

Komiin qabiyyee gad-lakkisiisuu waliin wal-qabatee jiru akka komiiwwan biroo kallattiin mana murtiitti kan dhiyaatu osoo hin ta'anii dursee qaama dhimma kanaaf hundeeffame bira ilaalamu akka qabuu fi koree kanarraas bifa ol'iyyannoon mana murtiitti kan iyyatamu akka ta'e labsiin qabiyyee gad-lakkisiisuu tumeera.

Af-gaaffii namoota qabiyyee isaanii gad-lakkisan waliin taasifamanees komii isaanii qaamolee adda addaatti kan akka bulchinsa aanaa fi magaalaatti, mana qopheessaatti fi gooxiitti afaaniin dhiyeessaa kan turan ta'u ibsaniiru. Namootni komii isaanii mana murtiittis kan dhiyeessan kan

jiran ta'u af-gaaffii taasifameerraa hubachuun danda'ameera. Komiin qabiyyee gad-lakkisiisuu koree dhimma kanaaf hundeeffame biratti dhiyaachuu kan qabu ta'u isaa irratti namootni qabiyyee gad-lakkisan hubannoo gahaa kan hin qabne ta'u isaanii af-gaaffii taasifame keessatti kaasaniiru.

Sakatta'aa galmee taasifameenis namootni qabiyyee isaanii gad-lakkisan adeemsa komii itti dhiyaatu hubachuu dhabuurraan kan ka'e komii isaanii kallattii mana murtiitti kan dhiyeessaa jiranii fi manni murtiis dhimmicha kallattiin ilaaluuf aangoo kan hin qabne ta'u ibsuun galmee kan irratti cufaa jiru ta'u hubachuun danda'ameera. Kanarra darbee namootni qabiyyee akka gad-lakkisan taasifaman komii isaanii hanga sadarkaa Dhaabbata Abbagaar Feederaalaatti komii isaanii dhiyeessaa kan jiran ta'u sakatta'a galmee taasifameeraa hubachuun ni danda'ama.

Af-gaaffii pirezidaantoota mana murtii fi abbootii seeraa waliin taasifamanees namootni kunneen akkaataa komii itti dhiyaachu qabu sababa hin beekneef kallattiin bifa jeequmsaatiin himannaa mana murtiitti kan dhiyeessan ta'u ibsaniiru. Galmeewwan sakkata'an keessattis falmii qabiyyee gad-lakkisiisuu waliin wal-qabatu jeequmsa jechuun mana murtiitti kan dhiyaatan ta'u hubatameera. Fakkeenyaaf, Mangistuu Maammoo(himataa) fi Waajji. lafaa fi Eegumsa naannoo(himatamaa), MMAAdaamaa ta'e irratti himataan himannaa dhiyeesseen himatamaan qabiyyee lafaa ani qabadhee jiruuf bakka bu'aa osoo naaf hin kennin qabiyyee lafaa koo fudhachu hin qabu jechuun akka jeequmsi irraa dhaabbatu gaafateera. Manni murtis qaamni bulchinsaa beenyaa ykn lafa bakka bu'aa osoo hin kennin qabiyyee lafaa gad-lakkisiisuun isaanii sirrii miti jechuun akka jeequmsa dhaaban murteessera.

- **Ragaawwan Sirnaan Qabachuu Dhabuu**

Sirna keessummeessa komii sadarkaa bulchinsaattis ta'e mana murtii keessatti rakkoo kan ta'e inni biroo ragaawwan shallaggii fi kaffaltiin itti raawwatame sirnaan qabachu dhabuu dha. Qaamni shallaggii gaggeessuu fi qabiyyeen akka gad-lakkifamu taasisu ragaawwan qaabeenya qabiyyee gad-lakkifamarree ture, namoota beenyaan kaffalameef, hanga maallaqa kaffalameef fi kkf kan agarsiisu qabachu qaba. Kunis komii qabiyyee gad-lakkisiisuu waliin wal-qabatee sadarkaa qaamolee bulchinsaa fi mana murtiitti dhiyaatuuf furmaata kennuuf kan gargaaru dha. Haa ta'u malee ragaawwan kana sirnaan qabachu irratti hanqinni kan jiru ta'u hubatameera.

Qaama bulchinsaa biratti komiin yeroo dhiyaatuu fi qaamni komii kaase sun kanaan dura beenyaan kan kaffalameef ta'uuf dhiisuu isaa mirkaneessuuf yeroon ragaan dhabamu kan jiru ta'u isaa af-gaaffii taasifameen ibsameera.

Af-gaaffii taasifameen mana murtii keessatti komiiwwan beenyaa yeroo dhiyaatuu fi dhimmicha keessummeessuuf yeroo jedhuutti qaamolee dhimmichi ilaallaturraa ragaawwan barbaachisoo yeroo dhabu ni mul'ata.

6. Namoota Qabiyyee Isaanii Gad-lakkisan Akka Of-danda'an Taasisu

Kaayyoon qabiyyee gad-lakkisiisuu guddina hawaas-dinagdee itti fufinsa qabu fidu akka ta'e tumaa labsii qabiyyee gad-lakkisiisuu keewwata 2(5) jalatti tumameera. Guddina hawaas-dinagdee itti fufiinsa qabuu fiduuf ammoo namoota qabiyyee isaanii gad-lakkisan ijaaruun misooma adda addaa keessa akka galan taasisuun kaayyoo kana galmaan gahuuf tooftaa fayyadu dha.

Hojiiwwan qabiyyee gad-lakkisiisuu waliin wal-qabatee hojjatamu qaban keessaa tokko hojii namoota qabiyyee isaanii akka gad-lakkisan taasifaman irra deebisanii ijaaruu dha. Hojiin irra deebisanii ijaaruun dirqama qaamolee adda addaa akka ta'e seeroota garagaraa keessatti kan tumame ta'u isaa boqonnaa darbe keessatti ibsameera. Waajjiraaleenii fi koreewwan dirqaman kana qaban kan akka bulchinsa aanaa, magaalaa fi waajjira lafaa fi eegumsa naannoo, Eejansii maanajimantii lafaa fi koreewwan invastimantii sadarkaa sadarkaan jiran dirqama irra deebisanii ijaaruu hangam bahaa jiru kan jedhu qulqulleessuuf gaaffiin: *namoota qabiyyee isaanii akka gad-lakkisan taasifaman irra deebisanii ijaaruun sadarkaa maal irra jira*? jedhu bifa bar-gaaffiin qaamolee adda addaaf dhiyaateera. Bu'aan argamees akka armaan gadiitti gabateen ibsameera.

Gabatee lakk.3.5 Baaya'ina daataa hojii irra deebisanii ijaaruu irratti funaaname agarsiisu.

Baay'ina namoota gaafataman	Qabxii kenname		
	G/aanaa	G/galeessa	Olaanaa
83	51(61.5%)	15(18.1%)	4(4.8%)

Akkuma gabatee kanarraa hubatamu namoota gaaffii gaafataman 83 keessaa namootni 51(61.5%)gad aanaa yoo jedhan, namootni 15(18.1%) ta'an gidduu galeessa jedhaniiru, namootni 4(4.8%)ta'an ammoo olaanaa jedhaniiru. Kunis waajjiraaleen mootummaa dhimmichi isaan ilaallatuu fi koreewwan invastimantii namoota qabiyyee isaanii gad-lakkisan ijaaruu irratti laafina kan qaban ta'u agarsiisa. Af-gaaffiin gaggeeffamees yaaduma bar-gaaffii kan cimsuu dha.

Af-gaaffii taasifameen naannoo bara 2003 keessatti sochiin gaarii kan turee fi yeroo ammaa kan namoota irra deebisanii ijaaruu irratti hojiin hojjatamaa jiru laafaa ta'uun isaa ibsameera. Hojiiwwan kanaan wal-qabatanii hojjatamaa turan keessaa qotee bultootni horii horsiisuu keessatti akka hirmaatan gochuuf muxannoo godina biroo irraa akka fudhatan taasisu. Qotee bultootni qabiyyee gad-lakkisan misooma jallisiitiin akka fayyadaman taasisu. Namoota qabiyyee akka gad-lakkisan taasifaman omisha shankoora keessa akka galan taasisu. Kanaaf, waggoottan muraasa dura namoota qabiyyee isaanii gad-lakkisan ijaaruuf sochiin kan taasifamaa ture ta'uus sadarkaa eegamuun bu'a qabeessa ta'uu hin dandeenye. Kanarraa kan ka'e yeroo ammaa hojiin kun laafee kan jiru ta'u hubachuun ni danda'ama. Sababootni hojiin irra deebisanii ijaaruun akka laafuu taasisan keessaa isaan gurguddoon akka armaan gadiitti ibsamaniiru.

- **Fedhiin Namoota Qabiyyee Gad-Lakkisan Laafaa Ta'uu**

Af-gaaffii qaamolee namoota qabiyyee gad-lakkisan ijaaruuf dirqama qaban waliin taasifamaneen qotee bultootni beenyaa kaffalamu fudhatanii rakkoo yeroo sana isaan mudate ittin furuu waan barbaadaniif ijaaramuuf fedhii kan hin qabne ta'uu ibsaniiru. Dabalataan, Waliin hojjachu irratti ilaalchi hawaasaa baay'ee laafaa waan ta'eef namoota qabiyyee isaanii gad-lakkisan ijaaruun rakkisaa ta'eera.

- **Xiyyeeffannaan Qaamoleen Dhimmichi Isaan Ilaallattu Kennan Laafaa Ta'uu**

Akkuma boqonnaa darbe keessatti ibsameen namoota qabiyyee isaanii akka gad-lakkisan taasifaman akka ijaaraman taasisuun dirqama waajjiraalee mootummaa adda addaa ti. Kanneen keessaa waajjirrii Bulchinsii magaalaa fi aanaa, Waajjirri laafaa fi eegumsa naannoo, Eejansii maanajimantii lafa magaalaa, Koreewwan Invastimatii sadarkaa sadarkaan jiran adda dureen kan eeramuu danda'anii dha.

Af-gaaffii taasifameen namoota qabiyyee isaanii akka gad-lakkisan taasifaman irra deebi'anii akka ijaaraman taasisuuf yeroo ammaa kana xiyyeeffannaan qaamolee dhimmichi isaan ilaallatuun kennamu laafaa akka ta'e ibsameera. Yeroo piroojaktootni gurguddoon gaggeeffamanii fi namootni hedduun qabiyyee isaanii akka gad-lakkisan taasifaman xiyyeeffannaa guddaa kan kennamuu fi sadarkaa naannoo irraa kaasee namoota ijaaruuf kan socha'amu ta'uun ibsameera. Haata'u malee, yeroo piroojaktiin gaggeeffamu namoota muraasa kaasu xiyyeeffannaan gahaan laatamaa hin jiru. Qaamoleeen dhimmichi isaan ilaallatu dirqama kana kan qaban ta'uu isaa irratti hubannoon qaban laafaa dha. Haa ta'uu malee, aanaalee fi magaaloota tokko tokko keessatti koree irra deebisanii ijaaruu hundeessuun sochiin kan taasifamaa jiru ta'uun isaas ibsameera.

III. Qaama Addaa Namoota Qabiyyee Isaanii Faayidaa Uummataaf Gad-lakkisan Akka Ijaaraman Taasisuu Dhabamuu

Akkuma Boqonnaa lammaffaa keessatti ibsameen seerota sadarkaa feedaraalaatiin tumamanis ta'e sadarkaa naannootti tumamanii jiran dirqama namoota qabiyyee isaanii faayidaa uummataaf gad-lakkisan ijaaruu qaamolee adda addaarratti gataniiru. Haata'u malee, qaamoleen kanneen adeemsa maaliin namoota kan akka of-danda'an akka taasisu akka qaban ilaalchise sirni diriiree jiru hin jiru.

Af-gaaffii taasifameenis qaamni addaa dhimma kan hogganuu dhabuu isaa irraa kan ka'e hojiin namoota qabiyyee isaanii faayidaa uummataaf gad-lakkisan ijaaruun laafaa waan ta'eef qaamni addaa of-hundeeffame yaadni jedhu ka'eera.

Boqonnaa Afur

Yaada Gudunfaa fi Furmaataa

I. Yaada Guduunfaa

Akkuma boqonnaawwan darban keessaatti ibsameen qabiyyee gad-lakkisiisuun adeemsa garagaraa keessa kan darbu dha. Adeemsi hordofamu qabu kunis biyyoota adda addaa keessatti seeraan tumame jira. Akka biyya keenyattis qabiyyee gad-lakkisiisuuf adeemsa hordofamu qabu labsiin qabiyyee gad-lakkisiisuu fi seerota biroo keessatti tumame jira. Labsiin qabiyyee gad-lakkisiisuu fi seerotni sadarkaa feederaalaatti dhimma kanaan wal-qabatanii tumaman naannoo Oromiyaa irratti raawwatinsa ni qabaatu. Kana malees, seerotni sadarkaa naannoo Oromiyaatti haala bittinaa'aa ta'een dhimma kanaan wal-qabatanii bahaanis raawwatamummaa ni qabaatu. Qorannoon kunis adeemsi labsii qabiyyee gad-lakkisiisuu fi seerota biroo keessatti tumamanii jiran hanga hojiirra ooleera jedhu sakatta'uuf daataa bifa garagaraa waliitti qabame mala qorannoo akkamtaan/qualitatively/ fi hammamtaan/quantitatively/ seera waliin xiinxaleera. Argannoowwan qorannichaas akka armaan gadiitti ibsamaniiru.

1. Faayidaa Uummataa

Seera qabiyyee gad-lakkisiisuu keessatti akka ulaagaatti dhimmoota taa'an keessaa tokko qabiyyeen gad-lakkifamu faayidaa uummataaf ooluu kan qabu ta'u isaa ti. Jechi faayidaa uummataa jedhu jecha iftoomina hin qabnee fi haala garagaraan hiikkamaa kan jiru ta'uus Seeroota biyya keenyaa fi muxannoowwan biyyoota garagaraa keessatti hojiiwwan faayidaa uummataaf raawwatamaniidha jedhaman kalattiinii fi al-kallattiin ibsamaniiru. Hojiiwwan kunis hojii invastimantii, babal'ina magaalootaa, karaa(daandii), hojii bishaan dhugaatii, manneen waliinii, manneen barnootaa, buufata fayyaa, hidha lagaa, sarara ibsaa fi kkf ni dha.

Xiinxala taasifameen qabiyyee gad-lakkifaman hojiiwwan armaan oliitti ibsamaniif kan gad-lakkifaman waan ta'aniif kallattii kanaan rakkoon bal'aan hin jiru. Haa ta'u malee, raawwii irratti qabiyyee gad-lakkifame hojii jedhameef yeroo jedhamee keessatti oolchuu irratti hanqinni jira. Lafa haala jedhameen hojii keessa hin gallee irratti tarkaanfiin fudhatamaa kan jiru ta'uus ammallee hanqinni jira.

2. Sirna Beeksisaa

Beeksisni qabiyyee gad-lakkisiisuu qaamni qabiyyee gad-lakkisu qabeenya isaa akka kaafatuu fi komii yoo qabaate akka dhiyeessu kan isa gargaaru dha. Kunis, hanga beenyaa kaffalamuu fi yeroo itti qabiyyee gad-lakkifamu agarsiisuu akka qabu labsiin kun tumeera.

Akka naannoo Oromiyaatti sirni beeksisni qabiyyee gad-lakkisiisuu ulaagaa seeraa kan eeggate ta'uuf dhiisuu isaa adda baasuuf daataan namoota qabiyyee gad-lakkisanii, ogeessotaa shallaggii fi seeraa akkasumas gaggeessitoota waajjiraalee adda addaarraa waliitti qabameera. Bu'aan argamees akka agarsiisuu haala duraanii irraa fooyya'insa kan qabu ta'uus ammallee ulaagaa seeraan taa'ee guutu irratti hanqinni kan jiru ta'uu hubatameera. Hanqinaaleen mul'atanis:

- Beeksisni kennamubarreeffamaan ta'uu dhabuu
- Bakka beeksisni barreeffamaa kennamutti yeroon seeraan taa'e gad ta'uu
- Beeksisni kennamu hanga beenyaa kan hin ibsine ta'uu
- Beeksisni kennamus bakka tokko tokkotti karaa qaama gad-lakkisiisuuf aangoo qabuun osoo hin taane karaa bulchinsa gandaan kan kennamu ta’uu kan jedhanii dha.

3. Hanga fi Shallaggii Beenyaa

Heerri mootummaa RDFI namoota qabiyyee isaanii faayidaa uummataaf gad-lakkisaniif beenyaan madaalawaa ta'e akka kaffalamuufii qabu tumeera. Labsiin qabiyyee gad-lakkisiisuuf bahaanii fi dambiiwwan labsiiwwan kan rawwachisuuf bahanis tumaa heeraa beenyaa madaalawaa jedhu irratti hundaa'uun hanga beenyaa namoota qabiyyee isaanii gad-lakkisaniif kaffalamu qabuu fi haala itti shallagamu qabu tumaniiru. Sirna shallaggii ilaalchisee bakka tokko tokkootti akkaataa seeraatiin shallaggiin kan raawwatamu ta'uus hanqinaalee kan jiran ta'uun isaa qorannoo kanaan hubatameera. hanqinaaleen kunis:

- Hangi beenyaa seera qabiyyee gad-lakkisiisuu fi dambii isa raawwachisuuf bahee keessatti kaawwame mirga namootni qabiyyee isaanii faayidaa uummataaf gad-lakkisan waliin kan wal-gitu ta'uu dhabuu
- Miseensootni koree yeroo yeroon kan jijjiiramanii fi namoota waa'ee hojii shallaggii irratti hubannoo hin qabne miseensa koree taasisuun filachuu
- Miseensootni koree tokko tokko hanqina naamusaa qabaachuu fi sirni itti gaafatamummaa cimaan jiraachuu dhabamuu
- Tooftaa wal-fakkaataa ta'een shallaggii gaggeessuu dhabuu
- Caaseeffamni koree aanaalee fi magaaloota keessatti wal-fakkaataa ta'u dhabuu
- Gosota beenyaa Shallagamuu Qaban hunda Shallagguu dhabuu

4. Yeroo Kaffaltii Beenyaa

Bu'uura heeraa fi labsii qabiyyee gad-lakkisiisuu keessatti tumameen beenyaan qabiyyee gad-lakkisisuun dura qarshiin ykn gosaan kaffalamuu qaba. Qabatamaatti beenyaan akka naannoo Oromiyaatti yoom kaffalamaa akka jiru baruuf daataan namoota qabiyyee isaanii gad-lakkisan, ogeessota seeraa, ogeessota shallaggii fi galmeewwan irraa sassaabameera. Bu’aan argamees akka waliigalaatti kan agarsiisu bara 2005 dura dursanii beenyaa kaffaluu waliin wal-qabatee

hanqinni kan jiru ta’uu fi yeroo ammaa kana fooyya’aa jira. Haata'uu malee ammallee beenyaa dursanii kaffaluu waliin wal-qabatee hanqinaaleen tokko tokko jiru. Isaaniis:

- Piroojaktoota gaggeeffaman tokko tokkoo irratti sababa aanaan ykn magaalli bajata gahaa dhabeef beenyaan yeroon kaffalamuu dhabuu
- Piroojaktootni sadarkaa mootummaa feederaalatti gaggeeffaman tokko tokko dursanii sadarkaa aanaa fi magaalaatti kan hin beekamne waan ta'aniif beenyaa qabiyyee gad-lakkisiisuun dura kaffaluuf rakkisaa yeroo itti ta'uu ni mul’ata.
- Abbaa qabiyyuummaa yeroodhaan qulqulleessuu dhabuurraan kan ka’e beenyaa yeroo kaffalamu dhabuu

5. Sirna Keessummeessa Komii

Qabiyyee gad-lakkisiisuun adeemsa waan ta’eef adeemsa kana keessatti komiiwwan gara garaa dhiyaachuu waan danda’aniif seerichi akkaataa komiin itti keessummaa’u tumee jira. Komiiwwan dhiyaatan kunis mana murtii fi qaamolee bulchinsaa komii dhagahuuf hundeeffaman biratti keessummaa'uu akka danda'an tumeera. Sirni keessummeessa komii qaamolee lamaan kana biratti maala akka fakkaatu baruuf daataan gosa garagaraa kan waliitti qabame yoo ta'u bu'aan isaas keessummeessii komii qaamolee lamaan biratti hanqina tokko tokko kan qabu ta’uu agarsiiseera. Hanqinaaleen kunis:

Qaama bulchinsaa komii lafaan wal-qabatanii ka'an dhagahan biratti:

- Akkaataa labsii qabiyyee gad-lakkisiisuu keessatti taa'een sadarkaa bulchinsa maagaalaa fi aanaatti qaamni komii qabiyyee gad-lakkisiisuu waliin wal-qabatanii ka’an dhaggeeffatu hundeeffamee kan hin jirre ta'uu
- Adeemsa wal-fakkaataanii fi sirnaawaa ta’een komii keessummeessuu dhabuu

Keessummeessa komii mana murtii biratti:

- Hoj-maatni wal-fakkaataan manneen murtii keessatti dhabamu. Kunis manneen murtii tokko dhimmoota hanga beenyaa ti ala jiran fudhanii yeroo keessummeessan manneen murtii tokko tokko ammoo aangoo hin qabnu jechuun galmee kan cufan ta'uu
- Sirna dhiyeessa komii irratti hubannoon namoota qabiyyee isaanii gad-lakkisan laafaa ta'uu
- Waa'ee qabiyyee gad-lakkifame odeeffannoo gahaa ta'e dhabamuu

6. Namoota Qabiyyee Isaanii Faayidaa Uummataaf Gad-lakkisan Akka Of-danda'an Taasisu

Qabiyyee gad-lakkisiisuun kan barbaachise guddina hawaas-dinagdee itti fufinsa qabu fiduuf akka ta'e tumaalee heera RDFI fi labsii qabiyyee gad-lakkisiisuu irraa hubachuun ni danda'ama. Guddina hawaas-dinagdee itti fufiinsa qabuu fiduuf ammoo namoota qabiyyee isaanii gad-lakkisan ijaaruun misooma adda addaa keessa akka galan taasisuun barbaachisaa dha. Kun yoo ta'u baate guddinni dhufu hunda-galeessa ta'u hin danda'u. Kunis, nagaa fi tasgabbii hawaasaa irratti dhiibbaa kan fidu ta'a. Kanarraa kan ka'e seerootni sadarkaa feedaraatti tumaman akkusumas sadarkaa naannootti tumaman qaamolee adda addaaf dirqama kana laataniiru. Waajjiraaleenii fi koreewwan dirqaman kana qaban bulchinsa aanaa, magaalaa fi waajjira lafaa fi eegumsa naannoo, Eejansii misomaa fi maanajimantii lafaa akkasumas koreewwan invastimantii sadarkaa sadarkaan jiran akka ta'an labsiiwwan sadarkaa feederaalaa fi naannootti tumaman irraa hubachuun ni danda'ama. Xiinxala taasifameenis waajjiraaleen mootummaa dhimmichi isaan ilaallatuu fi koreewwan irra deebisanii ijaaruu namoota qabiyyee isaanii gad-lakkisan ijaaruu irratti hanqina kan qaban ta'u agarsiisa. Hanqinaaleen hojii kanaan wal-qabatanii mul'atan:

- Fedhiin ijaaramuu namoota qabiyyee gad-lakkisan laafaa ta'uu
- Xiyyeeffannaan qaamoleen dhimmichi isaan ilaallattu kennan laafaa ta'uu
- Qaamni addaa hojii kana hogganuu kan hin jirree ta'uu

Yaada Furmaataa

Hanqinaalee armaan oliitti ibsaman kana furuuf yaadni furmaataa armaan gadii kennameera.

1. Faayidaa Uummataa

Seerotni sadarkaa feedaraalaattis ta'e naannootti tumamanii jiraniin abbaan qabeenyaa lafa hojii adda addaatiif fudhate akkaataa waliigaltee seeneen yoo hojjachuu baate haala tarkaanfiin irratti fudhatamuu danda'uu tumameera. Qaamni mootummaa qabiyyee gad-lakkisiisuus tarkaanfii kana fudhachuu akka qabu tumeera. Yoo tarkaanfii fudhachuu baatan ammoo isaan irrattis tarkaanfiin yakkaallee kan fudhatamu ta'uu seeraan tumamee jira.

- Kanaaf, qaamni qabiyyee gad-lakkisiisuu abbootii qabeenyaa akkaataa waliigalteen hin raawwannee irratti tarkaanfii akkaataa sirna diriree jiruun fudhachuu qaba.

2. Sirna Beeksisaa

Beeksisa ilaalchisee labsiin qabiyyee gad-lakkisiisuu keewwata 4(2) jalatti qajeelfamni bahuu akka qabu tumeera. Kanaaf, Bulchinsii Mootummaa Naannoo Oromiyaa qajeelfama kan baasuu qaba. Dabalataan, waa'ee barbaachisummaa beeksisaa fi akkaataa itti kennamu qabu irratti qaamolee qabiyyee gad-lakkisisaniif leenjiin akka kennamu taasisuu qaba.

3. Hanga fi Shallaggii Beenyaa

Hanga beenyaa ilaalchisee bu'uura qorannoowwan adda addaa agarsiisanii, xiinxalli kun kaa'uuttii fi muuxannoo biyyoota irraa akka hubatamu beenyaan labsii qabiyyee gad-lakkisiisuu keessatti taa'ee fi dambii isa raawwachisuuf bahee keessatti tumamee mirga abbaan qabiyyeen

dhabuu hunda akka haguuguu taasisuun labsii qabiyyee gad-lakkisiisuu fi dambii isa raawwachisuuf bahee fooyyeessuun barbaachisaa dha.

Haala shallaggii beenyaa ilaalchisee labsiin qabiyyee gad-lakkisiisuu keewwata 14(2) jalatti naannoolee labsii kana raawwachisuuf qajeelfama baasuu kan danda'an ta'uu ni ibsa. Kanaaf, bulchinsi mootummaa naannoo Oromiyaa qajeelfama sirna shallaggii, akkataa koreen shallaggii hojii isaa gaggeessuu, itti gaafatamummaa koree ibsu akka baasu taasisu.

4. Yeroo Kaffaltii Beenyaa

Mirgi beenyaa qabiyyee gad-lakkisiisuun dura kaffalmuu qaba jedhu mirga sadarkaa heera feedaraalaatti beekamtii argate waan ta'eef xiyyeeffanna gudda kan barbaadu dha. Kanaaf,

- Bulchinsi aanaa fi magaalaa qabiyyee gad-lakkisiisuun dura bajata gahaa beenyaa kaffaluuf isaan dandeessisu qabaachuu mirkaneessuu qabu.
- Piroojaktootni qaamolee mootummaa feedaraalaan gaggeeffaman bu'uura labsii qabiyyee gad-lakkisiisuu keewwata 5 tiin waggaa tokkoon dura sadarkaa aanaa fi magaalaatti akka beekaman gochuuf waliitti dhufeenya qaamolee kana gama odeeffannoon cimsuu
- Akkuma muuxannoo biyya Afriikaa Kibbaa koreen shallaggii ykn koree addaa biroo shallaggiin raawwatamuun dura abbaa qabeenyummaa fi qabiyyummaa akka qulqulleessan taasisu.

5. Sirna Keessummeessa Komii

Komiiwwan sadarkaa qaamolee bulchinsaatii fi mana murtiitti keessummeessuu waliin wal-qabatee hanqinaalee ka'aniif yaadni furmaataa armaan gadii kennameera.

- Bulchinsi mootummaa naannoo Oromiyaa labsii 455/99 keewwata 11(3) irratti hundaa'uun qajeelfama sirna keessummeessa komii qaamolee bulchinsaa komii lafaan wal-qabatee ka'u dhagahan biratti hordofamu qabu akka Kanaadaa haala ifa ta'een akka tumamu taasisu qaba.

- Bulchinsi magaalaa fi aanaa qaama bulchinsaa komii qabiyyee gad-lakkisiisuu waliin wal-qabatanii ka'an dhagahuu akka hundeessan taasisu.

- Labsiin qabiyyee gad-lakkisiisuu bu'uura keewwata 13(2) bulchinsi aanaa fi magaalli dirqama ragaa qabiyyee gad-lakkifameerra jiru qabachu kan qabu ta'u tumeera. Dabalataan, sirna qabinsa ragaa ilaalchise qajeelfamni bahuu kan danda'u ta'u keewwatni armaan olii ni ibsa. Kanaaf, bulchinsi mootummaa naannoo Oromiyaa qajeelfamni kun akka bahu taasisu qaba.

- Labsiin qabiyyee gad-lakkisiisuu haala ifa ta'een aangoo mana murtii fi qaamolee bulchinsaa falmiiwwan hanga beenyaan ala jiru irratti qaban tumuu qaba. Akkuma muuxannoo biyyoota biroo keessatti ibsameen yoo aangoon qaamolee bulchinsaa komii dhaggeeffataniif kenname haala hojiin isaanii itti too'atamuus waliin tumamuu qaba.

- Hanga seerichi fooyya'uutti hoj-maatni wal-fakkaataan manneen murtii keessatti akka jiraatu gochuuf ILOQHQSO leenjii irratti kennuu qaba.

6. Namoota Qabiyyee Isaanii Faayidaa Uummataaf Gad-lakkisan Akka Of-danda'an Taasisu

Namoota qabiyyee isaanii faayidaa uummataaf gad-lakkisan akka of-danda'an xiyyeeffannaa gahaa akka argatan gochuuf qaamni addaa itti gaafatamummaa kana fudhatu akka hundeeffamuu fi sirna hojii isaa itti gaggeessu akka diriiruu taasisu.

MIILTOOWWAN

Wabiiwwan

Seerota

- Heera Mootummaa Feedaraalaa Itoophiyaa lakk. 1/1995
- A Proclamation to Provide for The Expropriation of Land Holdings for Public Purposes and Payment of Compensation
- labsiinwaliigaltee liiziin qabannaa lafa magaalaa lakk.721/2004

Kitaabolee

- Muradu Abdo, Ethiopian Propert Law School of Law, Addis Abeba University
- Girmaa Kassa Kumsaa, qorannoo Issues of expropriation: The law and the Practice in oromiya
- George S. Guilic & Robert T.Kimbrough, American Jurisprudence Vol.26(1966)
- Dani'el Wolde Gebiriel Ambaye,*Land Valuation for Expropriation in Ethiopia: Valuation methods and aduquecy of compensation fuula 3.,http://www.fig.net/pub/vietnam/papers/ts04c/ts04c_ambaye_3753.pdf*
- Hennry, C, Black's Law Dictionary 5th edition
- South Africa Expropriation Bill, www.ghostdigest.co.za/articles/the-new-expropriation-bill-/54379.gaafa 24/06/06
- South African Administrative Justice Act No. 20853,
- Xuenzi Zhong, Expropriating landfor Public Purpose: What Can China Leanrn from Canada

Af-gaaffii

Unkaa 1

Af-gaaffii namoota qabiyyee isaanii akka gad-lakkisan taasifamaniif qophaa'e

- Qabiyyeen keessan hojii maaliif akka fudhatame beektuu?

- Beeksifnii dursee isiinii kennameeraa? Beeksifnii isiinii kennamee maal maal of-keessatti kan hammatee dha? Yeroo hangam keessatti qabiyyee lafaa gadhisaa jedhamtanii? Qabiyyeen keessan ashaakltii waantoota garagaraa qaba moo? hin qabu?

- Beenyaan yoom isiinii kaffalamee? osoo qabiyyeen hin gadhiisinii moo? Erga gadhiftanii booda dhaa?

- Beenyaan isinii kaffalame hojii biroon akka of-dandeessan kan isiin taasiseera?

- Komii qabiyyee gad-lakkisiisuu irratti qabdan haala maaliin dhiyeessitan?

- Bulchinsii Aanaa ykn Magaalaa beenyaan gahaan akka isiinii kaffalamuu fi irra deebitanii akka of dandeessan/re-establishiment/ deeggarsa maalii isinif taasisani?

Unkaa 2

Af-gaaffii Gaggeessitoota Bulchinsa Aanaa, Magaalaa, Koree Invastimantii, Bordii Invastimanti, Pireezidaantoota Mana Murtii, Miseensoota Koree Shallaggii beenyaa tiif qophaa'e Itti-gaafatamtootabulchinsa lafaa fi Eegumsa Naannoo, Itti-gaafatamtoota Koomishinii Farra Malaamaltummaa

- Qabiyyeen lafaa Hojiiwwan akkamiitiif gad-lakkifamaa jira?

- Namoota qabiyyee isaanii akka gad-lakkisan taasifamaa jiraniif beeksinii kennamu maal fakkaataa? Yoom kennamaa? Qabiyyeen isaa hoo maalii?

- Haala qabatamaa amma jiruun namoota qabiyyee isaanii akka gad-lakkisan taasifaniif beenyaan kaffalamaa kan jiru yoomii?

- Haalli shallaggii beenyaa maal fakkaata? Eenyuun shallagamaa jira? Haala maaliin shallaggama.

- Beenyaan kaffalamaa jiru namootni qabiyyee isaanii gad-lakkisan hojii biroo jireenya isaanii ittiin utuubu danda'a keessatti akka seenan kan taasisu dha?

- Namootni qabiyyee isaanii akka gad-lakkisan taasifaman beenyaa gahaa akka argatan sochiin gama koree invastimantii sadarkaa sadarkaan jiran, bulchinsii Aanaa, bulchinsii Magaalaan taasifamu maal fakkaata?

- Namoota qabiyyee isaanii gad-lakkisan akka irra deebi'anii akka hundaa'aan/re-establishment/ deeggarsa barbaachisaa taasisuuf bulchinsi magaalaa ykn Aanaan dirqama kan qaban ta'u seerri kaa'ee jira. Bu'uuruma kanaan deeggarsii gama bulchinsa Aanaa fi magaalaa taasifamaa jiru maal fakkaataa?

- Rakkoowwan mirga namoota qabiyyee isaanii akka gad-lakkisan taasifaman mirkaneessuu keessatti jiran maal fa'ii dha?

Bar-gaaffii

Unka 3

Bar-gaaffii Abbootii Seeraa, Abbootii Alangaa Koomishinii Naamusaa fi Farra Malaamaltummaa, Ogeessota Waajjira bulchinsa Lafaa fi Egumsa naannoo, Namoota qabiyyee isaanii akka gad-lakkisan taasifaman

Seensa

Toorawwan xiyyeeffannoo Inistiitiyuutii keenyaa keessaa tokko dhimmoota seeraa fi sirna haqaan walqabatan irratti qorannoo gaggeessuun yaadota furmaataa burqisiisuu dha. Yeroo ammaas, mata-duree "***Rakkoowwan* qabiyyee gad-lakkisiisuu waliin wal-qabatanii jiran*: Haala Qabatamaa Naannoo Oromiyaa"*** jedhu irratti qorannoo geggeessuu irratti argama. Rakkoo jiru adda baasuun furmaata sirrii ta'e akeekuuf ammoo, dursa odeeffannoo qulqullina qabu mala adda addaatiin guuruu barbaachisa. Malawwan qorannoon kun itti adeemsifamu keessaa tokko, bar-gaaffiitti(Questionnaire) fayyadamuun qaamolee kallattiinis ta'e alkallattiin dhimmichi isaan ilaallatu irraa guuruun barbaachisaa dha

Kanaafuu, isinis kanuma hubachuun, xiyyeeffannoo guddaadhaan gaaffii kana akka nuuf guuttan isin gaafachaa, gargaarsa nuu gootaniif dursinee isin galateeffannaa.

- Namoota qabiyyee isaanii akka gad-lakkisan taasifamaniif beeksisnii yeroo itti gad-lakkisuu qabanii fi hanga beenyaa ibsuu yeroodhaan akka isaan qaqqabu taasisu. Gad-Aanaa □ Giddu-galeessa □ Ol'aanaa□

  Sababni keessan maalii _____

  _____

  _____

- Koreen beenyaa shallaguu waan shallagamu irratti ogummaa gahaa qabaachu Gad-Aanaa □ Giddu-galeessa □ Ol'aanaa□

  Sababni keessan maalii _____

  _____

  _____

- Komiin kaffalti beenyaa qaamolee bulchinsaa /administarative tribunal/ biratti haalli itti keessummeeffamaa jiru

  Gad-Aanaa □Giddu-galeessa □ Ol'aanaa□

  Sababni keessan maalii _____

  _____

  _____

- Bulchinsii Aanaa fi magaalaa namootni qabiyyee isaanii akka gad-lakkisan taasifaman irra deebi'anii akka hundeeffaman/re-establishment/taasisu irratti. Gad-Aanaa □ Giddu-galeessa □ Ol'aanaa□

  Sababni keessan maalii _____

  _____

  _____

Namoota Af-gaaffii Taasifamana

1) Iteenash Dammissee, H/dhuunfaa M/Fichee fi Nama Qabiyyeen gad-lakkifame, gaafa 01/04/2006.
2) Abbabaa Balaachaw, H/dhuunfaa M/Fichee fi Nama Qabiyyeen gad-lakkifame, gaafa 01/04/2006.
3) Baayyuush Fayyee,H/dhuunfaa M/Fichee fi Nama Qabiyyeen gad-lakkifame, gaafa 01/04/2006.
4) Shoorqee mashashaa,H/dhuunfaa M/Fichee fi Nama Qabiyyeen gad-lakkifame, gaafa 01/04/2006.
5) Ahimad kadir, Q/bulaa A/Shaashamannee fi nama qabiyyee gad-lakkise, gaafa 23/03/2006.
6) Taaddalach Dhaabasaa, daldaltu Magaalaa Nagallee fi nama qabiyyee gad-lakkise, gaafa 24/03/2006.
7) Mahaammad Alii, Daldalaa M/nagallee, nama qabiyyee gad-lakkise, gaafa 24/03/2006.
8) Asteer Siyyuum, daldaltuu M/Nagallee, nama qabiyyee gad-lakkise, gaafa 24/03/2006.
9) Shifarraa Garramuu, Daldalaa M/Nagallee, nama qabiyyee gad-lakkise, gaafa 24/03/2006.
10) Waajjiraa baay'isaa, Q/bulaa A/Diggaa, nama qabiyyee gad-lakkise, gaafa 17/04/2006.
11) Tasfaayee Tolaa,Q/bulaa A/DIggaa , nama qabiyyee gad-lakkise, gaafa 17/04/2006.
12) Geetaahuun fufaaQ/bulaa A/Diggaa, nama qabiyyee gad-lakkise, gaafa 17/04/2006.
13) Firrisaa Nurfasaa,Q/bulaa A/Diggaa, nama qabiyyee gad-lakkise, gaafa 17/04/2006.
14) Balaaynash Tarreessaa,Q/bulaa A/Diggaa, nama qabiyyee gad-lakkise, gaafa 17/04/2006.
15) Eda'oo Bajjii,Q/bulaa A/Aaaqii, nama qabiyyee gad-lakkise, gaafa 14/05/2006.
16) Addunyaa Mangistee, M/Sabattaa ganda 04 nama qabiyyee gad-lakkise,20/03/2006.
17) Hordofaa baalchaa, M/Sabattaa ganda 04 nama qabiyyee gad-lakkise,20/03/2006.
18) Tashoomaa Maammoo M/Sabattaa ganda 04 nama qabiyyee gad-lakkise, 20/03/2006.
19) Mul'isaa Bookkaa M/Sabattaa ganda 05 nama qabiyyee gad-lakkise, 20/03/2006.
20) Adaree Bayyanaa M/Sabattaa ganda 05 nama qabiyyee gad-lakkise, 20/03/2006.
21) Kaasaa Yaadatee, A/seeraa MMO G/Sh/Kaabaa, gaafa 01/03/2006.
22) Tarrafa Assaffaa A/A olaanaa fi Gorsaa Komishinaraa K/N/F/M Oromiyaa,12/03/2006.
23) Girmaa Abbaba,Pri/M/M/A/Aqaaqii, gaafa 18/03/2005.
24) Tashoomaa Gabbisaa,Pri/M/M/A/Giraar Jaarsoo, gaafa 30/03/2006.
25) Taayyee Dibaabaa, Itt/G/Waj/Bulchinsaa Go/Sha/Kaabaa, 01/04/2006.
26) Taaddala Lammaa, Itti/Aanaa/Gaf/Waj/Laf/Eegu/Na/Go/Sha/Kaabaa, gaafa 01/04/2006.

27) Siyyuum Mangashaa,Raw/Hoj/Tofi Hor/itt/Fay/Lafaa/Go/Sha/Kaabaagaafa 01/04/2006.
28) Balaay Zannaba, Og/Qo/LafaaWaj/Laf/Eegu/Na/Go/Sha/Kaabaa, gaafa 01/04/2006.
29) DhaqqabaaTasammaa, Ade/Hoj/Eeg/NaannooGo/Sha/Kaabaa, gaafa 01/04/2006.
30) Girmaa Adam/Itti/Aanaa/Kantibaa/Mag/Fichee, gaafa 01/04/2006.
31) Eephreem Abbaba,Miseensa Koree shallaggii beenyaa Aanaa G/Jaarsoo fi Raw/Ad/Ho/Ijo/Hor/fi Ra/Gab/Mootummaa/M/Fichee, gaafa 01/04/2006.
32) Masifin Makonnin, Itti/Gaf/Waj/Bulch/Aanaa/G/Jaarsoo,gaafa 01/04/2006.
33) Masifin Tafarraa, Itti/Gaf/Desk/Inv/Ma/Ga/Gurraacha/gaafa 02/04/2006
34) Baqqalaa Asraat Itti/gaf/Bul/La/Eegu/Na/A/Kuyyuu, gaafa 02/04/2006.
35) Laggasa Anbassee, Ab/Ad/Hoji/Itti/lafaaWaj/La/Eegu/Na/A/Kuyyuu, gaafa 02/04/2006.
36) Dhufeeraa Maammoo/ Ab/ ad/ Hoj/ Kom/ Ummataa/ Waj/ Bulchinsa/ Aan/ Kuyyuu,gaafa 02/04/2006.
37) Daamxoo Zammana, Hor/De/Qo/Dhimma Ummataa/ Waj/ Bulchinsa/ Aan /Kuyyuu,gaafa 02/04/2006.
38) Nigussee Bayyanaa, kantibaa M/Garba Gurraacha,gaafa 02/04/2006.
39) Abdataa Hordofaa,Pri/M/M/A/Kuyyuu, gaafa 02/04/2006.
40) Guddataa Dinqaa, Bulch/A/Amboo, gaafa 07/04/2004.
41) Kaasaa Uukkaa, Ab/ad/Hoj/Kom/Ummataa/Waj/Bulchinsa/Aan/Amboo/gaafa 07/04/2006.
42) Masarat Daadhii, Dhimma/Bulch/Iyya/Komii uummataa, Waj/Bulchinsa/Aan/Amboo/gaafa 07/04/2006.
43) Amsaaluu Olaanii, Pri/M/M/O/Sh/Lixaa, gaafa 08/04/2006.
44) Asfaawuu Nagaraa, , Pri/M/M/A/Amboo, gaafa 08/04/2006.
45) Abbaba Leensaa, Itti/Gaf/Qaj/fi Bul/Mag/Amboo, gaafa 08/04/2006.
46) Rundasaa Dinqaa, Kore/Shall/Beenyaa/Magaa/Amboo, gaafa 08/04/2006.
47) Shaawul Mangashaa, Bul/ Wal/ Keessu/ Komii/ Ol/ Maam/ Waj/ Inv/ God/ Sha/ Lixaa, gaafa 08/04/2006.
48) Tashoomaa Bayyanaa, Bul/Iyya/fiKom/Umm/God/Sha/Lixaa,gaafa 08/04/2006.
49) Alamaayyoo Hirphaa, Itti/Gaf/Ejansii/Bul/Lafa/Mag/Amboo, gaafa 08/04/2006.
50) Wadaaj Kumsaa, , Pri/M/M/A/Tokkee Kuttaayee, gaafa 09/04/2006.
51) Ballaxa Tafarraa, Waliitti qabaa Koree Tilmaama Beenyaa, A/Tokkee Kuttaayee, gaafa 09/04/2006.
52) Sanaayit Geetaachoo,Koree Tilmaama Beenyaa, A/Tokkee Kuttaayee, gaafa 09/04/2006.

53) Dureessaa Dabalaa, To'annaa fi hordoffii/Ija/Se/Al/M/Gudar, gaafa 09/04/2006.
54) Baqqalaa Nagawoo, Itti/Gaf/Wal'Laf/Eegu/Naan/G/Shawaa Lixaa, gaafa 09/04/2006.
55) Magarsaa Fayyeeraa, Itti/Gaf /Waj/Inv/Go/Sh/Lixaa, gaafa 09/04/2006.
56) Fufaa Teessoo, Itti/Gaf/Waj/Bul/God/Sh/Lixaa, 09/04/2006.
57) Dhibbaa Danuu, Koree Shallaggii Beenyaa Aanaa Amboo, gaafa 09/04/2006.
58) YashiiWarqi Mosiisaa, Iyyannoo fi komii Ummataa God/Ad/O/N/Finfinnee, gaafa 11/04/2006.
59) Fufaa Laggasa, Gorsaa Seeraa/Biiroo/Laf/Eegu/Naa/Or/, gaafa 11/03/2006.
60) LammeessaaJibbeessaa, Itt.gaf/Qa/Laf/Eeg/Nan/G/A/O/A/Fin, gaafa 12/03/2006.
61) Haayiluu Magarsaa, Og/Seeraa/Qa/Laf/Eeg/Nan/G/A/O/A/Fin, gaafa 12/03/2006.
62) Dhugumaa Namarraa, Pirez/M/M/O/G/A/O/N/Finfinnee, gaafa 12/03/2006.
63) Katamaa Nigussee, A/A/Kom/Nam/Far/Mal/Oro, 16/03/2006.
64) Asaffaa Dagaffaa,A/A/Kom/Nam/Far/Mal/Oro, 16/03/2006.
65) Gammachuu Gabree,A/A/Kom/Nam/Far/Mal/Oro, 16/03/2006.
66) Mosiisaa ,Ab/S/M/M/O/ G/A/O/N/Finfinnee, gaafa 16/03/2006.
67) Xirunaa Rafeeraa, Ab/Ad/Ho/G/Ha/hawasaa/G/A/O/N/Finfinnee, gaafa 16/03/2006.
68) Xaabushee Dabalee, Gag/Ad/Hoj/Deeg/Bul/wal/hor/fi To'a/Waj/Inv/G/A/O/N/Finfinnee, gaafa 16/03/2006.
69) Addisuu Makonnin, xin/Deeg/fi/hor/proWaj/Inv/G/A/O/N/Finfinnee, gaafa 16/03/2006.
70) Alamaayyoo Uumaa, Pri/M/M/O/M/M/A/S/Hawaas, gaafa 17/03/2006.
71) Komjiit kabbada, Raw/Hoj/Beenyaa fi Deb/Dhaabuu/Waj/Laf/Eegu/Naa/A/Sabbata Hawaas, gaafa 17/03/2006.
72) Kookeet Mosiisaa, Miseensa koree shallaggii beenyaa, M/Sabbataa, gaafa 20/03/2006.
73) Tulluu Tasammaa, Itt/Aanaa/Itt/Gaf/Waj/Bul/Laf/Eegu/Nan/Aanaa Aqaaqii, gaafa 17/03/2006.
74) Balaaynash Eebbaa B/B/Itti/Waj/Inva/M/Dukam, gaafa 18/03/2006.
75) Inniyawu Adaree, Qon/Deg/Hor/Waj/Inva/M/Dukam, gaafa 18/03/2006.
76) Qananii Dhaabaa/Miseensa Koree Shallaggii BeenyaaMagaalaa Dukam, gaafa 18/03/2006.
77) Hirphoo Irreensoo, Pir/M/M/A/Shaashammanee, gaafa 23/03/2006.
78) Taajuu A/Kaayyoo, Pir/M/M/O/G/Arsi/Lixaa, gaafa 23/03/2006.
79) Gazzahaany Zannabaa, itti/Aa/Bul/Laf/Eeg/Naan/G/A/Lixaa, gaafa 23/03/2006.
80) Taammiraat Takkaa, itti/Gaf/Waj/Inv/God/Ar/Lixaa, gaafa 23/03/2006.
81) Huseen Ijjiguu, Gag/Gar/Har/Haw/M/M/O/G/Arsii Lixaa, gaafa 23/03/2006.
82) Ida'oo Abdii, Itti/Gaf/Waj/Laf/Eeg/Naannoo/A/Shaashamanne, gaafa 24/03/2005.

83) Badhaasoo Maannaa, Ogeessa shallaggii beenyaa, Waj/Laf/Eeg/Naannoo/A/Shaashamanne, gaafa 24/03/2005.
84) Yashii Geexuu, Ogeessa shallaggii beenyaa, Waj/Laf/Eeg/Naannoo/A/Shaashamanne, gaafa 24/03/2005.
85) Kabbada tasammaa, , Pir/M/M/A/Arsii Nagallee, gaafa 24/03/2006.
86) Dajanee Ergee, Dub/Fix/Bul/M/A/Nagallee, gaafa 24/03/2006.
87) Nagawoo Eliyaas, B/B/Eej/Mis/Man/Laf/Mag/Arsi/Nagallee, gaafa 24/03/2006.
88) Liul Wibishat, Shallagaa Beenyaa fi qin/Ragaa/Eja/Mis/Man/Laf/Maga, 24/03/2006.
89) Adam Waayyuu, Ab/Ad/Hoj/Itt/Fay/Laf/Eej/Man/Lafa/A/Arsi/Nagallee, gaafa 25/03/2006.
90) Waarisoo Hirphaa, Miseensa Koree Tilmaama beenyaa Aanaa Arsii Nagallee gaafa 25/03/2006.
91) Kadiir Huseen, Ab/Ad/Hoj/Bul/Dhiye/fi Gabaa lafa mag/Shaashamannee, gaafa 26/03/2006.
92) Taayyee haayiluu, Ab/Ad/Hoj/Itt/Laf/A/Giraar Jaarsoo, gaafa 30/03/2006.
93) Taarikuu Asaffaa, Qo/Potential/Invastimantii/G/Sh/Kaabaa, gaafa 30/03/2006.
94) Zalaalam Birhaanuu, Eja/Man/Lafa/Mag/Fichee, gaafa 01/04/2006.
95) faasiil Alamaayyoo, Miseensa Shallaggii beenyaa mag/Fichee, gaafa 01/04/2006.
96) Kamaal Sirboo, Pri/M/M/O/Shawaa kaabaa, gaafa 03/04/2006.
97) Heenook Saamu'eel, Qin/Garee/Wal/Invast/Ko/Inv/Or, gaafa 10/04/2006.
98) Kabaa Hundee, Komishinara/Komi/Inv/Orom,gaafa 10/04/2006.
99) Addisuu Xilaahuun, B/B itt/Gaf/Waj/Inv/Go/Wal/Bahaa, gaafa 14/04/2006.
100) Lammeessaa Bayyana, Pir/M/M/A/Guutoo Giddaa, gaafa 14/04/2006.
101) Dirribaa Damee, Itti/Waj/Bul/Aan/Guutoo Giddaa, gaafa14/04/2006.
102) Dassaalany Dhibbisaa, Ab/Ad/Ho/Iyy/Komii Uummataa, Aan/Guutoo Giddaa, gaafa14/04/2006.
103) Shimalis Mitikkuu, Itti/Waj/Bul/Kantibaa, Mag/Naqqamtee, 15/04/2006.
104) Daani'eel Beekaa, Og/Kee/Iyyannoo fi komii Uummataa, Bul/Mag/Naqqamtee, gaafa 15/04/2006.
105) Damissoo Balaay, Itti/Aan/W/L/Eg/Na/Mag/Naq, gaafa 15/04/2006
106) Taaddasa Wandaafraash, Itti/Gaf/Waj/Inv/Mag/Naqqamtee, gaafa 16/04/2006.
107) Waaqtolaa Shifarraaw,Itt/Gaf/ Waj/Laf/Eeg/Naan/A/Diggaa, gaafa 16/04/2006.
108) Saamu'eel Mulugeetaa, Itti/Waj/Bul/Aan/Diggaa, gaafa 16/04/2006
109) Tamasgeen Tolaa, Ab/Ad/Ho/Iyy/Komii Uummataa, Aan/Diggaa, gaafa 16/04/2006
110) Mindaayee Mosisaa,Itti/Aan/W/L/Eg/Na/Aanaa Guutoo Giddaa, gaafa 16/04/2006.

111) Taklee Deebiis, Raw/Wal/Diddaa/Qabiyyee lafaa, fi ogeessa shallaggiiA/Guutoo Giddaa, gaafa 16/04/2006.

112) Tashooma Abdiisaa, Itti/gaf/Waj/Inv/Aan/Guutoo Giddaa, gaafa 17/04/2006.

113) Masarat Maannaa, B/B Pir/M/M/A/Diggaa, gaafa 17/04/2006.

114) Alamaayyoo Gaaddisaa, Pir/M/M/O/Wallaga Bahaa, gaafa, 17/04/2006.

115) Gulummaa Taaddasa, Gag/G/H/H/M/M/O/Wallaga Bahaa, gaafa, 17/04/2006.

116) Kidaane Amboo, Itti/Aan/W/L/Eg/Na/God/Wallaga Bahaa, gaafa 18/04/2006.

117) Tasfaayee Ashannaafii, Og/Iyy/Komii Uummataa God/Wallagga Bahaa, 18/04/2006.

118) Addunyaa Gobanaa, Ab/Ad/Ho/Iyy/Komii Uummataa God/Wallagga Bahaa, 18/04/2006.

119) Abarraa Yaadataa, Qon/Bul/Wal/Kes/Komii fi Ol'iyyannoo/Waj/Inv/God/Wallaga Bahaa, 18/04/2006.

120) Aashaa Amiinee, Pir/M/M/O/G/Ad/Adaamaa, gaafa 22/04/2006.

121) Qalbeessaa Gabree, Gag/Ga/H/H/M/M/O/G/Sh/Bahaa, gaafa 23/04/2006.

122) Lammeessaa Jabeessaa, Itti/Waj/Inv/God/Shawaa Bahaa, 06/05/2006.

123) Jabeessaa Damee, Bul/W/Kessu/Komii/ Waj/Inv/God/Sha/Bahaa, 06/05/2006.

124) Kaasaahun Kaffaaloo, Qon/Degg/Hor/Waj/Inv/God/Sha/Bahaa, gaafa 06/05/2006.

125) Tashooma Gizaawuu, , Ab/Ad/Ho/Iyy/Komii Uummataa Magaalaa Adaamaa, gaafa 06/05/2006.

126) Maccaa Kadiir, /W/L/Eg/Na/God/ShawaaBahaa fi ogeessa shallaggii, gaafa07/05/2006.

127) Tsaggaayee, Itti/Gaf/Waj/Bul/Mag/Adaamaa, 08/05/2006.

128) Xaahaa Mi'eessoo, B/B/Pir/M/M/A/Adaamaa, 09/05/2006.

129) Girmaa G/Hiwoota, , Ogeessa Shallaggii/W/L/Eg/Na/Mag/Bishooftuu,12/05/2006.

130) Taganee Taayyee, B/B/Pir/M/M/A/Bishooftuu, 12/05/2006.

131) Gazzahany Geetaachoo, Itt/Waj/Bul/Mag/Bishooftuu,13/05/2006.

132) Shuramuu Haayilee, IttEej/Man/Laf/Mag/Bishooftuu,13/05/2006.

133) Dajanee Taklee, Miseensa Koree SHallaggii Beenyaa, Mag/Bishooftuu,13/05/2006.

134) Guddataa Biraanee, Miseensa Koree SHallaggii Beenyaa, Mag/Bishooftuu,13/05/2006.

135) Kaasaahuun Baacaa, Miseensa Koree SHallaggii Beenyaa, Mag/Bishooftuu,13/05/2006.

136) Yirdaawuu Daadhii, Miseensa Koree SHallaggii Beenyaa, Mag/Bishooftuu, 13/05/2006.

137) Takiluu Nigussee, , Itti/Gaf/Waj/Bul/Mag/Bishooftuu,13/05/2006.

138) Girmaa Amaanuu, Kut/Taj/seeraa fi Iyy/Komii Uummataa ,14/05/2006.

139) Daani'eel Bashiir, Ab/Ad/Ho/Iyy/Komii Uummataa Magaalaa Bishooftuu, 14/05/2006.

Tarree Galmeewwan

1. Gaashaaw bazzaa(himataa) fi Waajjira mana Qopheessaa Magaalaa matahaaraa,MMMOGSHB, lakk.G 35364, gaafa 15/04/2006.
2. Waldaa Amantaa Hiwoot Birhaan(himataa) fi Abbaa Taayitaa Daandiiwwan Itoophiyaa, MMOSHB, Lakk.G 33410,gaafa28/06/2005
3. Baacaa Dagaagaa (himataa) fi Koorphoreeshinii Baabura Lafaa Itoophiyaa N-2, MMOSH B,Lakk.G 33432,gaafa 08/08/2005 murtii argate yoo ta'u
4. Asfaawuu Kabbada fi Eejansii lafaa bulchiinsa magaalaa Haaroomaayaa N-2, MMA Haaromaayaa, gaafa 16/10/2006.
5. Yazabnash Bikis(himattuu) fi Koorphoreeshinii baabura Lafaa Itoophiyaa (Himatamaa), MMOGSHB, Lakk.G,32765, gaafa 01/05/2005
6. Dhaabbata Bosona Finfinnee(himataa) fi Abarraa Hundee(himatamaa) MMA Sululta, Lakk.G.09835, gaafa 20/02/2002
7. Makonnin Gazzahaany(himataa) Ejansii Misoomaa fi Bulchinsa lafa Magaalaa Adaamaa, MMA Adaamaa, Lakk.G 70561, gaafa 12/03/2006
8. Mangistuu Maammoo(himataa) fi Waajji. lafaa fi Eegumsa naannoo(himatamaa), MMAAdaamaa, Lakk.G. 58425 gaafa 26/11/2004 murtii
9. Ifaa Abdoo(himataa) fi Waajjira Lafaa fi Eegumsa Naannoo magaalaa Adaamaa, Lakk.G 57823, gaafa 01/09/2004
10. Taaddasa Raggaasaa(himataa) fi Masaay Girmaa(himatamaa), Lakk.G. 20128, gaafa 20/12/2005.

11. Haayiluu Galaachaa N-7(himattoota) fi Mana QOpheessaa Magaalaa Burraayyii fi Korphoreeshinii Humna ibsaa Itoophiyaa(himatamtoota) lakk.G. 20999, gaafa 12/03/2006.
12. Nagaash Gammadaa(ol'iyyataa) fi Bulchinsa Magaala Galaan(D/kennaa) ,mmwo, Lak.G141409, gaafa 23/12/2005. murtii
13. Nagaash gammadaa(himataa) fi Mana Qopheessaa Bulchinsa Magaalaa Galaan(himatamaa), MMOGA NF, Lakk.G 08918, 05/08/2005
14. Baasaa Xaasoo fi Dhaabbata Warshaa Isti Siminti Damee Ganda Shanoo(himatamaa), MMOSHK, lakk.G.34970, gaafa 03/05/2005.
15. Ahimmad Kadiir(himataa) fi Mana Qopheessaa M/Sh(himatamaa), Lakk.G . 40947, gaafa 23/03/2006.
16. Hayiluu Galataa(himataa) fi Bulchinsa Aanaa Guutoo Giddaa(himatamaa), MMAGG, lakk.G 10039, gaafa 28/02/2001.
17. Inkooshee Galaalchaa(himattuu) fi Mana Barumsa Olumaa, MMA Diiggaa, Lakk.G 07188,gaafa 01/08/2005.
18. Inkooshee Galaalchaa(himattuu) fi Mana Barumsa Olumaa, MMA Diiggaa, lakk.G 07821, gaafa 04/03/2006.
19. Waj. Biiroo Bishaanii fi Albuudaa fi Inarjii Oromiyaa(himataa) fi Dhangiyaa Akkumaa N-16(himatamtoota), Lakk.G 09661, gaafa 04/11/2005
20. EebbisaaGalataa N-2(himattoota) fi Waajjira Lafaa fi Eegumsa Naannoo (himatamaa) Lakk.G.19114, gaafa 30/02/2004.
21. AraggaaWaasee(himataa) fi Waj/Man/Qopheessaa M/Adaamaa, MMAAdaamaa,lakk.G.63756, gaafa 11/03/2005. murtii argate
22. Muuluu Shawaa Zannaba(himataa) fi Waj/Bul/M/Adaamaa. Lakk.G 63423, gaafa 12/04/2005.
23. lakk G 20186, jeequmsa
24. Mallasa Yimaam(himataa) fi Waj.Inv. Go/Wal/Bahaa. (himatamaa) Lakk.G 24598, gaafa 08/04/2006. murtii argate

25. Himataa Galataa Teessoo fi himatamaa Bulchiinsa Magaalaa Naqamtee. M.M.O.Godina W/Bahaa :galmee lakk. 24838
26. Himataa bulchiinsa magaalaa Naqamtee fi himatamaa Haayiluu Galataa . M.M.A.Guutoo Giddaa:galmee lakk. 20186,
27. Himataa Hiisaa Usmaan fi himatamtoota,Bulchiinsa magaalaa Haratoo fi Woorlid viizyinii damee Haratoo. M.M.A.Jimmaa Gannatii:galmee lakk.03810,
28. Oliyyataa Bulchiinsa Magaalaa Haratoo fi D/kennaa Hiisaa Usmaan. M.M.O.Godina Ho/Gu/Wallaggaa :galmee lakk. 04539 ,
29. Iyyataa Abbaa Taayitaa Daandiwwan Itoophiyaa fi Waamamaa Tulee Abdoo. Dh.Ij.M.M.W.F: galmee lakk.63352,
30. Himattuu Iddooshee Indaargee fi himatamaa Bulchiinsa Magaalaa Waayyuu. M.M.O.Godina Ho/Gu/Wallaggaa : galmee lakk.08535 ,
31. Iyyataa Abbaa Taayitaa Daandiwwan Itoophiyaa fi Waamamaa Jadaa Birruu. Dh.Ij.M.M.W.F:galmee lakk.57271,
32. Himattuu Kadijjaa Ahimad fi himatamtoota 1,kolleejjii Barsiisota Ciroo 2,Waajjira Lafaa fi Eegumsa Naannoo Aanaa Ciroo. M.M.O.Godina Harargee Lixaa: galmee lakk. 23572 ,
33. Himataa Lammaa Ayyaalewu fi himatamtoota,Korporeeshinii humna Ibsaa Itoophiyaa fi Bulchiinsa Magaalaa Galaan . M.M.O.Godina Adda Naannawaa Finfinne galmee lakk.05694,
34. Himattoota Zamzam Aliyyuufaa(n-9) fi himatamtoota,Bulchiinsa magaalaa Haratoo fi Woorlid viizyinii damee Haratoo. M.M.O Godina HO/GU/Wallaggaa:galmee lakk.09918,
35. Himataa Hayiluu Dammasaa fi himatamaa,Korporeeshinii Humna Ibsaa Itoophiyaa . M.M.O Godina Adda Naannawaa Finfinnee:galmee lakk.05731.
36. Taajuu Abdallaa Ol'iyyataa fi Fariiyaa Mahaammada N-2(deebii kennittota), MMOG Harargee Bahaa, Lakka G. 44386.